

MOOJULII 1FFAA SEERA MAATII: GAA'ELAA FI HIIKKAA JEDHU IRRATTI LHI'f FOOYYA'EE DHIYAATE

QOPHEESSAAN: JAMAAL QUMBII

FOOYYESSITOONNI: MILIYOON TARRAFAA

ADDUNYAA AHIMAD

GULAALTOONNI:

1. **Obbo Ayyaanaa Toolinaa**
2. **Obbo Tafarii H/maariyam**

BARA 2014, ADAAMAA

Baafata

Fuula

SABABA MOOJULICHA FOOYYESSUUN BARBAACHISEEF 3

Seensa Waliigalaa 6

BOQONNAA TOKKO 8

1. TIKA (EEGUMSA) HEERRI GAA'ELAAF TAASISEE FI RAAWWII ISAA 8

Seensa 8

1.1. Maalummaa Gaa'elaa fi Eegumsa Heeraa 9

1.2. Sirna Gaa'elli Seera Qabeessa Ta'e Ittiin Raawwatamu 14

1.2.1. Akkaataa gaa'elli seera qabeessa ittiin raawwatamu 15

1.2.2. Ulaagaalee bu'uuraa guutamuu qaban(minimum legal conditions) 28

1.2.3. Hir'achuun ulaagaalee bu'uuraa bu'aa hordofsiisan 35

BOQONNAA LAMA 41

2. WALITTI DHUFEENYA GAA'ELLI HARIIROOWWAN BIROO WALIIN QABU 41

Seensa 41

2.1. Gaa'elaa fi Hariirowwawan Biroo Bu'uura Seera Maatiitiin Beekumtii Qaban 42

2.1.1. Gaa'ela fi kaadhimummaa 43

2.1.2. Gaa'elaa fi gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu 49

2.2. Gaa'elli jiraachuu mirkaneessu 59

2.2.1. Waraqaa ragaa Gaa'elaa 60

2.2.2. Ragaa Gahaa fi Amansiisaa 62

BOQONNAA SADII 76

3. DIIGGAA GAA'ELAA 76

Seensa 76

3.1. Sababoota Gaa'elli ittiin Diigamu 76

3.2. Bifoota Hiikkaa Gaa'elaa 83

3.2.1. Waliigalteen Walhiikuu 84

3.2.2. Hiikkaa Gaaffii Walfuutotaan Raawwatamu 85

3.2.3. Gaa'ila Dhiisanii Deemuu fi Bu'aa Inni Hordofsiisu 86

MADDA 98

SABABA MOOJULICHA FOOYYESSUUN BARBAACHISEEF

Ammaan dura moojuliin seera maatii bifa bareedaa ta'een kan qophaa'e ta'u illee, moojuliin duraanii akkaataa beenyaan qabeenyaa waliinii wal fuutootaa irraa abbaa hiikkaadhaaf sababa ta'e fi miidhaa qaqqabeef gahee isaa irraa bifa beenyaatiin akka garee isa miidhameef itti murtaa'uun wal qabatee qabatamaan rakkoon gama kanaan jiru hin hammachiifamne, dhimmoota qabatamaan manneen murtii keessatti murtaa'a jiru faana kaasanii ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef;

Erga moojuliin duraanii barreeffamee asitti waantoota hiikoo Mana Maree Federeshiniin kenname keessattuu diiggaa gaa'ilaa seerri Maatii sababa sadii kaahee jiruun alatti 4ffaa qabatamaan gaa'ila Mana Murtiin ala hiikkaan diigamu (de facto divorce) MMWF Dh/Ij hiikoo dirqisiisaa kennee ture raawwatinsa akka hin qabaanne murtii dabarse faana dhimmoota moojuliin duraa kallattii hiikoo MMWF tiin guduunfaan itti taasifame haala qabatamaa ammaa waliin ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef;

Darbinsa yeroo qooddii qabeenyaa gaa'illi qabatamaan Mana murtiin alatti yeroo diigamutti yeroo hangamii keessatti dhiyaachuu qaba gaaffii jedhuufis moojuliin duraanii murtiidhuma dirqisiisoo amma raawwatinsa dhabeera jedhame kana kan hordofe waan ta'eef haala qabatamaa amma jijjiiramee jiru faana akkamiin hojiirra oolchuu qabna kan jedhu hammachiisuu fi fooyyessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Dabalataan qooddii qabeenya dhirsaa fi niitii gaa'illi hiikkaadhaan yeroo diigamutti sirna bu'aa hiikkaan hordofsiisu murteessuun wal qabatee keessattuu gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatametti hiikkaadhaan ykn du'aan gaa'illi yeroo diigamutti rakkoo raawwii qabeenya abbaa manaa fi haadha manaa qulqulleessuun murteessuu faana hiikoo MMWF Dh.Ij. yeroo dhaa gara yerootti kennaa dhufeen haala wal simuun moojilicha fooyyessuu fi dhimma qabatamaan deeggaruun caalaatti moojulii duraanii gabbisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Qabiiyyee lafa baadiyyaa abbaa manaa fi haadha manaa yeroo gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamee jirutti bu'aan hiikkaa gaa'ila kanaan wal qabatee murtaa'u ilaalchisee moojuliin duraa haala qabatama amma jiru fi dhimmooota qabatamaa yeroo ammaa murtii argachaa jiran faana haala guutuu ta'een hin ibsu waan ta'eef;

Hiikoo heeraa Mana Maree Federeeshiniitiin gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamee jiru waliin wal qabatee akkaataa bu'aan hiikkaa itti murtaa'uu fi qajeeltoo wal qixxummaa Heera Mootummaatiin beekumtii argate fi mirga dubartootaa Heeera Mootummaatiin eegumsa argatee jiru irratti hundaa'uun hiikoo Heeraa kenneen wal qabatee murtiiwwan kennaman hammachiisuun moojulii duraanii caalaatti dhimmoota akkasiitiin gabbisuuf moojulicha fooyyessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Idaa waliinii ilaalchisee haatiwarraa fi abbaanwarraa qabeenyaa dhuunfaa ykn gamtaa akkuma waliin qaban, idaanis kan gamtaas ta'e kan dhuunfaa jiraachuun isaa waan hin oolle dha. Seerichis kanumarraa ka'uun idaan dhuunfaa ykn idaa waliiniitti fudhataman idaawwan akkamiiti haala kamiin kanfalamu kan jedhu sirna diriiree jiruun wal qabatee rakkoon raawwii waan jiruuf Moojuliin duraanii dhimma akkasii of keessatti waan hin qabaanneef dhimmoota akkasii hammachiisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Moojuliin jalqabaa abbummaa murteessuu irratti walitti bu'insa seeraa jiraatu SMO kwt 163 Tumaalee seeraa abbaa mucaa murteessuuf seeraan taa'an keessaa mucaan tokkoo abbaa tokkoo olitti ni qaba yoo jedhame haala kamiin abbummaan mucichaa murtii argata kan jedhu of keessatti hin qabanne waan ta'eef;

Kana Malees Ulaagaa himannaa abbummaa haaluu itti dhiyaatuu, deemsa isaa, eenyuun himannaan haaluu akka dhiyaatu fi darbinsa yeroo himannaan haaluu itti dhiyaatu ykn himanni haaluu eenyuun, akkamitti fi yoom akka dhiyaatu hin hammachiifamne waan ta'eef moojulii kanaan fooyyessuu fi dhimmoota qabatamaa kana ilaallatan barsiisoo ta'an hammachiisuun waan barbaachiseef;

Haala qabatama amma jijjiirama labsiilee adda addaatiin jiru faana yoo ilaalames fkn'f, labsiin mana murtii Federaalaa hundeessuuf bahe labsiin 25/88 labsii haarawaa lakk **1234/2013tiin** kan bakka buufame waan ta'eef labsichi fooyya'uun dura yeroo seerri Federaalawaa fi kan Naannoo yoo walitti bu'an manneen murtii federalaawaa seera federaalawaa fudhachuu akka qabanis labsamee ture labsii ammaatiin hafuun isaatiin wal qabatee hiikkoowwan ammaan dura MMWF Dh.Ij dhimma naannoo oromiyaa irraa ka'e tokkoof hiikkoon kenne qixa labsii amma fooyya'ee baheen xinxaluun barbaachisaa waan

ta’eef qabxiiwwan akkasii moojulicha keessatti hammachisuun barbaachisaa waan ta’eef moojulii 1ffaa fi 2ffaa jedhamee adda bahee fooyya’eera.

Seensa Waliigalaa

Jiruu hawaasummaa ilma namaa keessatti hariiroowwan ykn walqunnamtiiwwan uumaman keessaa inni tokko maatii yammuu ta'u walqunnamtiiwwan maatii uuman keessaa immoo fuudhaa fi heerumni ykn gaa'illi isa bu'uuraati. Tasgabbii fi guddina dinagdee siyaasaa, nageenyaa, aadaa fi hariiroo hawaasummaa biyya tokkootiif tasgabbii fi nageenyi maatii murteessaa yoo ta'u, kun immoo hundeen isaa fuudhaa fi heeruma ykn gaa'ila waan ta'eef eegumsi heeraa fi seeraa akkasumas mootummaa fi hawaasa ball'aan taasifamuufii akka qabu wal nama hin gaafachiisu. Bu'uuruma kanaan eegumsa seerrii fi heerri maatiif taasise haala kamiin hojiitti hiikamuu qaba kan jedhu irratti akkaataa seerri Maatii Naannoo keenyaa hojiitti hiikamuu qabu irratti moojuliin kun kan qophaa'ee jiru dha. Moojulichis ball'ina isaarraan kan ka'e **moojulii 1ffaa fi 2ffaa** jedhamee qoodameera. Moojuliin 1ffaa kun boqonnaa sadii akka of keessaa qabu ta'ee caaseffameera.

Boqonnaa 1ffaa keessatti maalummaa gaa'ilaa, gosoota raawwii gaa'ilaa fi eegumsa heerri gaa'elaaf taasisee fi raawwii isaa kan ilaallu yoo ta'u qabxiin as keessatti ilaalamu, Heerii Mootummaa Ripaabliika Dimookraatawaa Federaala Itoophiyaas ta'e akka naannootti kan mootummaa Naannoo Oromiyaa walqunnamtii maatii hundeessuu keessatti fuudhaa fi heeruma ykn gaa'ilaaf eegumsi kan taasifamuuf ta'ee tumaalee bu'uuraa kaa'aanii jiru. Gaa'illi hundeeffama isaarraa eegalee jiruu isaa keessatti fi diigama isaa keessatti gama seeraan, mootummaa fi hawaasaan, akkaataa walqixxummaa saalaa mirkaneessuun, mirgaa fi dantaa ijoolleeykn daa'immanii kabajuunii fi guddina dinagdee fi hawaasummaa utubuun eegumsi barbaachisaa ta'e hundi taasifamuufii akka qabu heeraan kan akeekame dha. Haala wal fakkaatuun sanadoota Idil Addunyaa Itoophiyaan mallatteessitee fi ofitti fudhatte keessattuu mirgaa fi dantaa daa'immaniin wal qabatee Konveenshinii Mirga Daa'immanii fi sanadoota rogummaa qabana kanneen birootiin eegumsi taasifameef akeekamee kan jiru dha.

Kanumarraa ka'uudhaan labsiileen seera maatii sadarkaa Federaalaa fi Naannoleettis kan labsaman ta'uu tumaalee HMRDFI irraa kan hubatamu yoo ta'u, bu'uuruma kanaan Seerri Maatii Federaalawaa fi kan naannolee bahee hojiirra oolaa kan jiru dha. Akka Naannoo Oromiyaattis, Seerri Maatii Oromiyaa bara 1995 bahee kan bara 1996 fooyya'e hojiirra oolaa kan jiru dha.

Seeroonni maatii kunniin, akkaataa haala qabatama hawaasa naannoo isaaniif akkaatuma daangaa raawwii isaaniitiin garaagarummaa qabaachuu yoo malanis, eegumsa Heera Mootummaa keessatti gaa'ilaaf taasifame sana galmaan gahuu irratti kaayyoo wal fakkaataa akka qaban tilmaamuun ni danda'ama.

Boqonnaa 2ffaa keessatti walitti dhufeenya gaa'elli hariiroowwan biroo waliin qabu kan ilaallu yoo ta'u qabxiiwwan gurguddoo as keessatti ilaallus: akkaataa gaa'illi seera qabeessa ittiin hundaa'uu qabu, akkaataa wal qunnamtiiwwan biroo (gaa'illi osoo hin raawwatamiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti waliin jiraachuu jedhu) seeraan beekumtii qaban itti hundaa'anii fi garaagarummaa isaanii, akkasumas akkaataa gaa'illi ragga'e jiraachuu itti mirkanaa'uu fi wal qunnamtiiwwan biroo seerichaan eegumsi taasifameef itti mirkanaa'an kan ilaallu ta'a.

Boqonnaa 3ffaa keessatti diiggaa gaa'ilaa mata duree jedhu jalatti, sababoota diiggaa gaa'ilaa, bifoota hiikkaa gaa'ilaa kan akka hiikkaa gaaffii walfuutotaan raawwatamu, waliigaltee wal fuutootaan Walhiiku fi hiikkaa mana murtiin ala taasifamu beekumtiin inni seera biratti qabu jiraachuu fi dhabuu isaa kaasnee qabxiiwwan ilaallu ta'a.

BOQONNAA TOKKO

1. TIKA (EEGUMSA) HEERRI GAA'ELAAF TAASISEE FI RAAWWII ISAA

Seensa

Boqonnaan kun tumaalee heerri mootummaa biyyattii fi naannichaa hundeeffama gaa'ela tasgabbaa'aa fi akka waliigalaattis argama maatii hawaasa nagayaa fi oomishaawa ta'e uumuu dandeessisu ijaaruu fi eegumsa heeraa fi seeraan godhamuufi mirkaneessan gabaabinaan kan addeessu ta'ee, walitti dhufeenyi tumaalee heeraa kanneeniifi labsiilee maatii keessatti tumaalee maalummaa fi akkaataa raawwii gaa'elaa diriirsan gidduu jiru qabatama hojii irratti maal akka fakkaatu kan xiinxalu dha. Keessattu, bu'uura heeraa fi seeraa ilaaluutiin maalummaan gaa'elaa maal akka ta'e, akkaataa gaa'elli seera qabeessa ta'e ittiin raawwatuu fi bu'aalee gaa'elli seera fuulduratti hordofsiisu haala qabatama hojii manneen murtii keessatti mul'atuun walbira qabuudhaan rakkoowwaan gama kanaan jiran boqonnaan kun haala ifaafi hubannoof salphaa ta'een kan sakatta'uudha. Kana malees, ulaagaa bu'uuraa gaa'elli guutuu qabuu maal akka tahee fi ulaagaawwa kun utuu hin guutin yoo hafan bu'aa seeraa inni hordofsisu maal akka tahe kaasnee kan ilaallu ta'a.

Bu'uruma kanaan, xumura boqonnaa kanaa irrattis leenjifamtoonni:

- Tumalee heeraa fi seera maatii walitti fiduudhaan eegumsi heerri gaa'elaaf godhuuf diriirfamni tumalee seera maatii keessatti gaa'ela ilaallatan haala ittin walsimanii hojii irra ittiin oolan ni ibsu, hubannoos ni gabbifatu.
- Tumaalee seera maatii gaa'ela ilaallatan heera mootummaatiin deeggaranii ittiin hojjachuufi murtii kennuu irratti rakkoolee qabatamaan mul'atan adda baasanii ni argu, kallattii furmaataa irrattis hubannoo ni bal'ifatu.
- Akkaataa Gaa'elli Seera Qabeessa ta'e ittiin raawwatamu, sirnoota gaa'elli seera qabeessa ittiin raawwatamu, ulaagaalee bu'uuraa (minimum legal conditions) fi hir'achuun ulaagaalee bu'uuraa bu'aa hordofsiisan irratti hubannoo isaanii gabbifatu.

1.1. Maalummaa Gaa'elaa fi Eegumsa Heeraa

Hiikoon gaa'ilaaf kenname seera maatii Oromiyaatiinis ta'e Seera Maatii Federaalaan baheen hiikoon kenname jiraachuu baatu illee, tumaalee adda addaa seera maatii irraa hubannoo waliigalaatiin hubachuu dandeenya. Seera maatii Naannoo Oromiyaatiin boqonnaa 3ffaa mata duree akkaataa raawwannaa gaa'ilaa jedhu jalatti gaa'illi maali kan jedhu hiikoo itti kennuun hin eegalle. Biyyoonni tokko tokko seera maatii isaaniitiin gaa'illi maal akka ta'e hiikoo itti kennuun jalqabu. Fkn biyyi Indonesia seera maatii ishee kwt 1 jalatti gaa'ila jechuun dhiira tokkoo fi dubartii tokko gidduutti tokkummaa lubbuu (afuura) fi qabeenya uumuun hayyama rabbiitiin (waaqaan) maatii gammadoo fi hin raafamne hundeessuuf tokkummaa isaan gidduutti taasifamu dha jechuun hiikoo kenna. Biyyoonni kaanis hiikkoo gaa'ilaaf kennuun jalqaban jiru.[1]

Biyya keenyattis wixnee seera maatii Ministeera Haqaatiin bara ____qophaa'ee ture irrattis hiikoo kennuun jalqabuuf yaalee ture. Wixneen kun yoo hiikoo kennu: gaa'illi dhiirri tokkoo fi dubartiin tokko wal qixxummaa fi fedhii isaaniitiin maatii hundeessuuf tokkummaa isaan uumani dha jechuun hiikuuf yaalee turu illee, hiikoon kun gaa'illi dhaabbiin kan taasifamu ta'uu isaa ibsuu irratti hirr'ina qabaachuu isaa tumaa wixnee kwt 31 irraa kan hubatamu dha.

Qabatama biyya keenyaanis gaa'ilaaf hiikoon qabiiyyee isaa haala guutuu ta'een ibsuun rakkisuu waan danda'uuf hiikoo kennuu irraa tumaalee seerichaa adda addaa irraa hubannoo waliigalaa fudhachuu wayya yaada jedhuun osoo hiikoon hin kennamiin kan hafe ta'uu isaa haayyoonni dhimma kana irratti barreessan ni kaasu.[2]

Argamaa fi ijaarsa maatii tasgabbii fi nagaya qabuus ta'ee hawaasa oomishawwaa gama siyaasaanis ta'ee diinagdeetin misooma ariifataa fi ittifuufinsa qabu fiduudhan guddina biyya tokko jijjiiruu danda'u horachuu keessatti gaa'elli dhagaa bu'uuraa akka ta'e beektonni seera maatii fi tumaaleen heeraa fi seeraatis afaan tokkoon ibsu. Waan ta'eefis

[1]Mehaarii Redaa'I (1995) Seera Maatii Federaalaa Fooyya'e irratti barreeffama dhiyaate,jildii 1ffaa F.11
[2]Miil jalee Olii

hundeeffama gaa'elaa kessatti jalqabaa eegalee hanga dhumaatti (raawwii hanga hiikkaattii) hariroon gaa'ela walfuutota manicha hundeessanii fi maatii achi keessatti uumamu qofaa kan ilaallatu osoo hintaane gaarummaafi yarummaa hawaasa bal'aas midhuufi fayyaduu keessattti shoorri qabu daraan ol'aanaa waan ta'eef dhimmichi walfuutota gaa'elicha hundeessaniif qofaa kan dhiifamu akka hintaane ogeessonni seera maatii fi qaamoleen mootummaa tarsiimoo/poolisii hawaasaa biyya tokko qajeelchanis itti waliigalu[3].

Egaa sababoota olitti ibsame irraa ka'uudhaan haala waliigalteewwan biroo irraa adda ta'een uumamni Gaa'elaa hundeeffama irraa eegalee hanga hiikkaatti, darbees hiikkaa boodas, walfuutota irra darbee dantaa daa'immanii fi akkasumas hawaasa bal'aa haala ilaalcha keessa galchuun eegumsi seeraa yemmuu godhamuuf argama. Akka biyyaa Itiyoophiyaattis, kanumarraa ka'uudhaan Heerri Mootummaa Rippablika Dimokraatawa Federaalawa Itiyoophiyaa (HMRDFI), akka Oromiyaattis, Heerii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 (HMBNO) akkuma walduraa duuba isaaniitiin maatiin argama hawaasaatiif bu'uura ta'uu fi hawaasichaa fi mootummaa irraayis eegumsa argachuuf mirga akka qabu kwt 34(3) jalatti tumanii jiru.

Kanaafis, gaa'elli dhagaa isa bu'uuraa waan ta'eef bu'uura seeraatiin dhiibbaa fi qoqqooddaa tokko malee fedhii walfuutotaa qofaan bilisaan kan itti seenamu akka ta'es heeronni olitti ibsaman kunniin kwt 34(1 fi 2) jalatti kaa'aniiru. Bu'uruma kanaan dhaaba Gaa'elaa itti seenanii hundeessuu irraa jalqabee hanga diiggaa isaa fi bu'aawwan isaa gahutti walfuutonni lameen mirgaa fi dirqama qixa ta'e kan qabaatan ta'uu heerri mirkaneessee jira.

Ibsa gabaabaa fi tumalee heeraa olitti tuqaman irraa ka'uudhaan yoo xiinxalamu gaa'elli :1^{ffaa}, fedhii dhiibbaa fi qoqqoodda bifa kamuu irraa bilisa ta'een dhiiraa fi dubara umriin isaanii waggaa kudha saddeet (18) fi isaa ol ta'een kan hundeeeffamu dhaaba beekumtii fi eegumsa seeraa qabu; 2^{ffaa}, dhaaba kana bulchuu fi hoogganuus ta'ee hiikka isaa fi bu'aalee isaa irratti murteessuu keessatti walfuutonni lameen mirgaa fi dirqama qixa ta'e kan irratti qaban; 3^{ffaa}, hawaasa bala'as ta'ee mootummaan eegumsa barbaachisu gochuudhaaf

[3]HMRDFI,1987,kwt.34(1 fi 2): Barruu murtiilee mana murtii waliigalaa federaalawaa lakk.5,fuula 188-191.

dirqama heeraa kan ittii qabanii fi; 4ffaa, wantoota bu'aa gaa'elaa ta'an keessaa daa'immaniif xiyyeeffannaa fi eegumsa addaa kennuudhaaf dhaaba seeraa ittigaafatamummaa ol'aanaa hordofsiisuu[4] akka ta'e beekuun maalummaa fi ulfina heerri mootummaa Federaalaa fi naannichaa gaa'elaaf kennan hubachiisa.

Gama biraatiin hundeeffama sirna Mootummaa Federalawa Itiyophiyaa amma dura seerri hariiroo hawaasaa bara 1960 ALA bahee fi duudhaaleen aadaa sabaa fi sablamiiwwan biyyattiin hariiroon maatii fi gaa'elaa bitamaa kan ture ta'uu seenaan kan hubachiisuudha. Haata'u malee guddinaa fi jijjiirama uumama hawaasaa, dagaaginaa fi babal'ina "teknoolojii" ammayyaa, ammayyoomina sirna diinagdeefi siyaasaa akkasumas guddina warraaqsa qabso mirga namoomaa (keessattuu mirga dubartootaa fi daa'immanii) sadarkaa guutoo adunyaatti xiyyeeffannaa addaa argataa dhufeen walqabatee, dhiibba sirna "giloobaalayizashini" dabalatee jijjiiramni yeroo gara yerootti dhufe maalummaa fi hundeeffama dhaaba gaa'elaa irrattis jijjiirama bu'uuraa fiduun isaa hin oolle.

Haaluma kana bu'ureeffachuun seerri maatii MRDFI heera irratti hundaa'ee, gaa'ela fedhii bilisa walfuutootaa bu'uura godhate uumuuf kan dandeessisu, walqixxummaa walfuutotaa hundeeffama gaa'elaa irraa kaasee hanga hiikkaatti kan mirkanessu, mirga fi dantaa daa'immanii akkaataa heeraa fi waliigalteewwan addunyaa keessa taa'een dursaa fi eegumsa kennuuf kan dandeessisu seeraa maatii ammayyaawaa kan labse ta'uu isaa seensa labsi lakk. 213/2000 ALAtti bahe irratti ibsameera.

Akka naannoo Oromiyaattis, seerri maatii Oromiyaa labsii lakk.69/95 bahe seensa isaa irratti kaayyoowwan olitti ibsaman kanneen kan kaahe yoo ta'u, milkaa'ina kaayyoowwan kanaafis motummaaleen naannoleetis haala qabatama naannoo isaanii irratti hundaa'uudhaan seera maatii mataa isaanii labsachuuf kan isaan dandeessisu mirga heeran mirkanaa'eef irratti hundaa'uudhaan seera maatii Oromiyaa labsiin lakk. olittii ibsame labsamuu isaa lafa kaahee jira.

[4]HMRDFI,kwt.34(1-5); SMO,Lab.lakk.69/1995,kutaa seensaa keessatti kaayyoo seerichaa ibsame.Mahaari Raddaa,SMF kan fooyya'e hubachuudhaaf kan gargaaran qabxiiwwan tokko tokko,Jiildii 1ffaa,1995,Fuula 1-10.

Walumaagalatti, labsiilee maatii olitti ibsaman kan Federaalawaa fi kan Oromiyaa keessattis seeroonni maatii kunniin tumaalee heera mootummaa keessatti tumaman irratti hundaa'uudhaan akka waliigalaattii maatii, kallattiinis dhaaba gaa'elaa tasgabbaa'aa, fedhii guutuu fi bilisummaa walfuutotan hundaa'e raawwii isaatii eegalee hanga hiikkaatti wilqixxummaan walfuultotaa kan keessatti mirkanaa'ee fi eegumsi mirgaa fi dantaa daa'immanii xiyyeeffannaa dursaa argachuun kan itti mirkanaa'e dhaabbata beekumtii fi deeggarsa seeraa qabu hundeessuuf kan labsaman akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Tarkaanfiiwwan daa'imman ilaalan, dhaabbattoota Mootummaa yookiin dhaabbattoota gochaa gaarii dhuunfaa, manneen murtiitiin, abbootii taayitaa bulchiinsaatiin, yookiin qaamota seera baasaniin ennaa fudhataman, nageenyummaan daa'immanii dursumaan itti yaadamuu akka qabu Heera Mootummaa Naannoo oromiyaa kwt 36(2) jalatti eegumsi taasifameeraaf. Mirga heeraan eegumsi taasifameef kana hojiirra oolchuun akkaataa danda'amuun Seera Maatii Naannoo Oromiyaa keessaytti diriiree kan jiru dha. Waan ta'eefis, qabatama hojiirra oolmaa seera maatii keessattis manneen murtii tumaalee seeraa yemmuu hiikan akkaataa kaayyoowwan bu'uuraa olitti ibsaman kanneen dhugu'oomsuu danda'uun tumaalee heeraatin walsimsiisanii hojjachuu aadaa godhachuun murtilee heera, seeraa fi haqa irratti hundaa'an kennuun hedduu gorfamaadha.

Qabatama hojii irratti rakkoon gama kanaan jiru maal akka fakkaatu hubachuuf dhimma tokko asitti kaasuun gaarii ta'a. Dhimma siviilii M/M/W/F/ dhaddacha ijibbaataatti[5] ilaalame tokkoon iyyattuun D/re Tsadaala Damissee fi D/kennaan Obboo Kiflee Damissee kan walfalman yoo ta'u,D/kennaan kun Mootummaa Naannoo Sabaa, Sablammiiwwanii fi Ummatoota Kibbaa keessatti himannaa M/M/Aanaa irratti dhiheesseen inni abbaa daa'ima haati irraa duutee waan ta'eef aanngoo guddiftummaa daa'imaa M/M akka mirkaneessuuf Gaafata. Iyyattuun ammaa garuu D/kennaan abbaa daa'imichaa ta'us yeroo haati daa'imaa duutee kaasee waggoota kudhanii oliif daa'imni eessa akka jiru kan hinbeekneefi gargaarsa/kunuunsa tokkos kan hintaasisiniif akka ta'e; ishiin immoo daa'ima kana yeroo du'a haadha isaa irraa kaasee hanga ammaatti kunuunsitee guddisaa kan jirtu ta'uu

[5]Dubree Tsadaala Damissee.v. Obboo Kiflee Damissee,Galmee ijibbaataa Lakk.23632,M/M/W/F/ (2000). Walfuutota keessaa tokko yoo du'e inni lubbuun jiru daa'imman maatichaa guddisuudhaaf angoon seeraan kan kennaneef ta'uu M/M kun hubachuu isaa ibsuudhaan kwt.seerichaa (fkn SMO kwt.237) garuu heera, waliigaltee mirga daa'immanii fi kaayyoo seeraa waliigalaa waliin walsimee hiikamuu akka qabu qajeelchee jira.

ibsuudhaan D/kennaan garuu diqama maatiin daa'immaniif bahuu qabu tokkos osoo hinbahin faaydaa dhuufaa mataa isaa yaaduun himanni dhiyeesse faallaa mirgaa fi dantaa daa'imaa waanta'eef fudhatama kan qabuu miti jechuun mormitee jirti.

M/M/Aanichaa murtii kenneen D/kennaan kun daa'ima jedhame guddisuu yoobaates Iyyattuun daa'ima abbaa qabu irratti mormiin dhiyeessite fudhatama hinqabu jechuun guddistummaa D/kennaan gaafate mirkaneessee jira.Iyyattuun ammaatis murtii kana komachuudhaan ol'iyyannoon hanga M/M/W/Naannichaa yoo deemtes manneen murtii naannichaa garuu*"walfuutota keessaa tokko yoo du'e inni hafe daa'imman jiran guddisuudhaaf angoo kan qabu ta'u seerri ifaan tumee waan jiruuf D/kennaan guddisaa daa'imaa ta'uu murtiin kenname dogongoraa miti."* jechuun ol'iyyannoo dhiyaate kufaa godhanii jiru.

M/M/W/F/ dhaddachi ijibbaataa immoo dhimmicha ilaalee murtii kenneen dhimma falmii maatii keessatti yeroo kamuu mirgii fi dantaan daa'immanii xiyyeeffannaa dursaa argachuu akka qabu seerri kan kaayyeffate ta'uu ibsuun HMRDFI kwt.9 fi kwt.36(2) akkasumas Conveenshiinii mirga daa'immanii adunyaa kwt.3 tumaalee seera maatii rogummaa qabaniin walsimsiisee caqasuudhaan murtii M/M/Naannichaa diigee Iyyattuun ammaa mirgaa fi dantaa daa'imichaatiif guddiftuu akka taate angoo mirkaneesseefi jira.M/M kun murtii kenne keessatti yaada xiinxalaa ibseen *"M/M/ jalaa tumaalee seera maatii heeraa fi sanadoota mirga daa'immanii kan adunyaa akkasumas kaayyoo seera maatii waliigalaa waliin walsimsiisuun hiikuu osoo qaban tumaa seeraa tokko qofa gubba gubbaa ilaaluun murtiin kennan dogongora seeraa kan qabuudha."*[6]Jechuun qeeqee jira.

Egaa ibsa maalummaa gaa'elaa gabaabaa kanaan qabxilee marii armaan gadii eega ilaalle booda gara mata duree itti aanuutti dabarra.

Qabxiilee Marii

[6]Galmee Ijibbaataa armaan olitti miiljelee lakk.3 irratti caqasame:A/e Zawdituu Geetachoo.v.Obboo Tamasgen Dassaalenyi, Galmee Ijibbaataa Lakk.31946, M/M/W/F,(2000).Dhimma kan irrattis dhaddachi ijibbaataa walqixxummaa walfuutonni gaa'ela keessatti qaban ilaalchisee hiikkaan seera maatiif tumaa HMRDFI kwt.35(mirga dubartootaa) walsimsiisuun kenne ilaaluun nidanda'ama.

1. Gaa’elii dhaaba seeraa dhiira tokkoo fi dubartii tokko kan umurii seeraan kaahame guutaniin dhiibbaa fi qoqqooddaa tokko malee fedhii gutuu fi bilisaan hundeeffamuu fi akkasumas hundeffamaa eegalee hanga hiikkaa isaatti walfuutonni lameen mirgaa fi dirqama qixa ta’e kan keessatti qabaniidha. Kana yoo ta’e gaa’elli dhimma walfuutota lameen qofaaf dhiifamuu miti? Hawaasaa fi mootummaan dantaa maal irraa qabu?
2. Dirqamni hawaasaa fi mootummaan eegumsa gaa’elaa ykn maatiif gochuuf qaban maaliidha? Akkamitti ibsama?
3. Uumamni waliigaltee gaa’elaa waliigalteewwan biroo irraa adda godhee maaliidha?
4. Akkaataa tumaalee heera mootummaa biyya keenyaa keewwata 34 jalatti ibsamaniitti hariiroon dhiirri tokko fi dubarri tokko fuudhaa fi heeruma osoo hin raawwatin calluma jedhanii akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraatan tumaalee heerichaa kana keessatti ni hammatamaa? Eegumsi heerichi gaa’elaaf taasisu hoo hariiroo akkasii kana ilaallataa? Maaliif?
5. Walitti dhufeenyi heera mootummaa fi seera maatii gidduu jiru akkamitti ibsama? Tumaalee seera maatii hojitti hiikuu keessatti tumaalee heeraa caqasuun murtii kennuun manneen murtii keessatti hagam jira? Qabatama jiru ibsa!
6. Xiinxala dhimma ijibbaataa olitti dhiyaate keessatti murtii M/M/Naannoo S/S/U/Kibbaatiin kennamee fi kan M/M/W/F/ dhaddachi ijibbaataa kenne akkamitti ilaaltu

1.2. Sirna Gaa’elli Seera Qabeessa Ta’e Ittiin Raawwatamu

Hariiroowwan walqunnamtii saalaa giddu-galeessa gochuudhaan dhiiraa tokkoo fi dubara tokko giddutti uumaman keessaa gaa’elli isa tokkodha. Walqunnamtii saalaa giddu galeessa gochuun isaa gaa’ela hariiroowwan biroo haala kanaan hundaa’aniin kan isa walfakkeessu yoo ta’es raawwii isaa ilaalchisee garuu hariiroon tokko seera duratti ga’ela jedhamee bu’aa seeraa hordofsiisuudhaaf walqunnamtii saalaan alattis wantoota ittiin ibsamutu jira.

Kunis, sirna raawwii isaa irratti, karaa kamiiyyuu raawwatamus, ulaagaalee humna seeraa dirqisiisoo ta’an kan guutamuu qabanii fi bu’aalee hir’achuun ulaagalee kanneenii hordofsiisan qabxilee gurguddoo xiyyeeffannaan ilaalamuu qabaniidha. Kanaaf, mata

dureewwan xixiqqoo armaan gadii sadi jalatti qabxiilee raawwii gaa'ela seera qabeessaa tokko mirkaneessuu keessatti gaa'ela hariiroowwan biroo irraa adda godhan dabaree dabareen ilaalla.

1.2.1. Akkaataa gaa'elli seera qabeessa ittiin raawwatamu

Boqonnaa kana kutaa jalqabaa keessatti maalummaan gaa'elaa fi walitti dhufeenyi tumaalee heera moootummaa dhimma maatii ilaallatanii fi seerota maatii gidduu jiru akka waliigalatti gabaabinaan kan ibsame yoo ta'u, xiinxallii fi ibsi bal'aan maalummaa dhaabbata gaa'elaa immoo qabxiilee kutaa mata duree xiqqaa kana jalatti kan kennamu akka ta'e eeramuun isaa ni yaadatama.

Kunis, amaloota gaa'ela hariiroo biraa irraa adda godhan keessaa sirnoonni raawwii isaa tokko ta'uudhaan maalummaa gaa'elaa ibsuu keessatti gahee ol'aanaa qaban. Haaluma kanaan sirnoonni kunis seerota maatii keessatti labsamanii waan jiraniif hubannoof akka tolutti Seera Maatii Oromiyaa(SMO) lab.lakk. 65/95 fi 83/96 keessatti tumaalee ilaallatan hanga tokko bal'inaan ilaaluun gaarii ta'a. Haaluma kanaan, labsiileen maatii olitti ibsaman gaa'elli seera qabeessa ta'e tokko sirnoota adda addaa beekumtii seeraa qaban keessaa tokkoon raawwachuu akka danda'u tumaniiti jiru[7]. Sirnoonni kunniinis:

- sirna raawwii gaa'elaa Ittigaafatamaa Galmeessa haala Hawaasummaa biratti
- sirna raawwii gaa'elaa amantaa fi
- sirna raawwii gaa'elaa aadaa kan jedhamaniidha.

Bu'uura kanaanis, gaa'elli akkaataa sirna siviliin kan raawwatamu qondaala galmee kabajaa duratti dhiira tokkoo fi dubara tokko kan walfuudhuudhaaf fedhii bilisaa fi guutuu ta'e qabanii fi haaluma kana qondaala ittigaafatamummaa qabu biratti dhiyaatanii ibsuun innis kanuma yoo irraa fuudhe dha.[8] Bu'uura labsii galmeessa taateewwan haala

[7]Seera Maatii Oromiyaa, Magaalata Oromiyaa, Lab.Lakk.69/1995 fi Lab.Lakk.83/1996,kwt.19-24 jalatti sirnoota raawwii gaa'elaa sadii (sivilii, amantaa fi,aadaa)f beekumtiin seeraa kennameera.Karaa sadeen kanaan alatti gaa'elli sirna biroon Naannoo Oromiyaan ala raawwatame akkuma haala isaa fi safuu ummata naannichaatti beekumtii argachuu kan dand'u yoo ta'u,kanaan ala gaa'elli raawwatamu kamiiyyuu SMO duratti bu,aa seeraa hinqabu.

[8]SMO, kwt.20, IGHH –qaama raawwii gaa'elaa, dhalachuu namaa, du'a namaa fi haallan hawaasummaa kkf galmeessuudhaaf seeraan aangeffame yoo ta'u hanga ammaatti garuu seeraan hundeeffamee

hawaasummaa lakk 760/2004 fi qajeelfama Raawwii Galmeessa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Lakk—7/2010tiin haal dureewwan guutamuu qabu yoo guutani dha. Gaa'illi sirna kanaan raawwatamuu isaatiif qondaalli galmeessi kabajaa akkaataa qajeelfamichaa kwt 91 jalatti haal dureewwan tarreeffaman guutamuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

Akkasumas, gaa'elli akkaataa sirna amantiitiin raawwatamu isaa fi isheen walfuudhuuf waliigalan bu'uura amantaa isaan lameeniitiin ykn isaan keessaa amantaa isa tokkootiin ulaagaa gaafatamu guutuudhaan yoo raawwateedha.[9]Gama kanaan amantii kamii maaliif akka filatan kan murteeffatu walfuutota mataa isaanii ta'uu fi seerichi immoo akkaataa amantii walfuutonni filataniitiin gaa'elichi raawwatamuu isaa malee dhimma amantii irraa haajaa kan hin qabne ta'uun isaa qabxii hubatamuu qabuudha[10].

Kana malees, gaa'elli sirna aadaan raawwatamu immoo raawwiin isaa akkaataa aadaa hawaasicha naannoo walfuutonni keessa jiraataniin ykn aadaa isaan lameeniitiin ykn kan isaan lameenii keessaa aadaa isa tokkootiin wantoota/ulaagaalee gaafataman guutuun geggeeffameedha[11].

Sirnoonni kunniin karaalee adda addaa gaa'elli Naannoo Oromiyaatti bu'uura SMOn raawwatamu kan waliigalaa ta'anis, haala addaatiinis karaan inni afraffaan seera kana duratti fudhatama argatuunis ni jira. Innis, gaa'elli biyya Itiyoophiyaan ala akkaataa seera iddoo sanaatti raawwatame ykn gaa'ela naannoo Oromiyaan alatti raawwatame ta'ee garuu Oromiyaa keessatti bu'uura seera maatiin beekumtiin kennamuufiidha (SMO kwt.23). Haata'u malee, gaa'elli gosa kanaa kun SMO duratti fudhatama argachuu kan danda'u safuu ummata naannichaan kan wal hin faallessine yoo ta'e qofaadha. Haala kanaan

---

hinjiru.Waanta'eefis yeroo ammaa angoo kanaan kan hojjachaa jiru magaalota keessatti qaama bulchiinsaa magaalotaati.

[9]SMO, kwt.21.Asirratti amantaa isaan lameenii kan jedhu walfuutonni lameenuu amantaa tokko kan hordofan yoo ta'eedha.Amantii garaagaraa kan hordofan yoo ta'e garuu gaa'elli tokko sirna lamaan waan hinraawwanneef walfuutonni amantiiwwan lameen keessaa tokkoon gaa'elicha raawwachuuf walii galu jechuudha.Seerichi walfuutonni amantii isaanii ykn kan isa tokkoo akka filatan waan tilmaameef malee amantii isaaniin ala kan biroonis gaa'ela yoo raawwatan hindhoorkamu.

[10]Mahaarii Raddaa, armaan olitti miil-jelee lakk.2 jalatti kan caqfame,fuula 14.

[11]SMO,kwt.22.asirrattis walfuutonni yoo fedhan aadaa hawaasa naannoo keessa jiraatanii,ykn immoo adaa biroo isaan lameeniifuu tokko ta'e,ykn lameenuu aadaa adda addaa kan qaban yoo ta'e aadaa kan isa tokkoo filachuu danda'an.

beekumtiin kan kennamuuf yoo ta'ellee bara waliin jireenya isaanii naannoo Oromiyaa keessatti namoota jiraatan gidduu gaa'elicha irratti falmiin yoo ka'e dhimmichi kan ilaalamu bu'uura seera iddoo raawwii gaa'elichaatiin osoo hintaane bu'uura seera maatii iddoo jiraataniitiin(SMO) ta'a. Haat'uutii, walfuutonni kun waliigaltee dhiyeeffachuudhaan dhimmi isaanii akkaataa seera, aadaa ykn amantii gaa'elichi isaanii ittiin raawwateetiin akka ilaalamuuf gochuu nidanda'u.[12]

Egaa akka waliigalaatti sirnoonni raawwii gaa'elaa bu'uura SMOn beekumtii qaban kan olitti ibsaman yoo ta'u, gaa'elli tokko akka sirnoota kanaatti raawwatame kan jedhamu yoom akka ta'e ilaaluun qabxii xiyyeeffannaa barbaadu dha. Bu'uura kanaan, gaa'elli tokko akkaataa sirna siiviliitti raawwateera kan jedhamu dhiirrii fi dubartiin tokko walta'anii fuudhaafi heeruma raawwachuudhaaf qondaala galmeessa kabajaa bira dhufanii fedhii isaanii kan ibsaniifi qondaaltichis haaluma kana yoo fudhate akka ta'e qajeelfama galmeessa Raawwii Galmeessa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa kwt 91 jalatti tumamee jira.

Asirratti, raawwiin gaa'ilichaa kan guutamu walfuutonni dhiiraafi dubartii (saala garaagaraa) yoo ta'an, waliigaltee kan qaban yoo ta'e kaayyoon waliigaltichaa gaa'ela raawwachuuf yoo ta'e, kanaafis walfuutonni lameenu qondaala galmeessa kabajaa duratti qaamaan dhiyaatanii fedhii isaanii yoo ibsanii fi ittigaafatamichis kanuma mirkaneessuun yoo irraa fudhate qofaadha. Kana booda gaa'elli kun akkaataa sirna siiviliiitti raawwatameera jedhamee tilmaamni seeraa kennamaaf. Gaa'ela sirna amantii ykn aadaatiin raawwatamus haaluma kanaan ulaagaa amantichi ykn aadaan ittiin raawwatamu gaafatu guutuu qaba.

Sirnoota raawwii gaa'elaa yemmuu ilaallu wanti haalaan hubatamuu qabu tokko, gaa'elichi sirna kamiinuu haaraawwatamuu garuu sirni ittiin raawwatamu sun ulaagaan gaafatu (fkn aadaan ykn amantaan) ulaagaalee madaallii isa gadi'aanaa seerichi kaa'e/kan gara fuulduraatti ilaalluu/ irraa gadi bu'uu kan hin qabne ta'uu isaati. Akkasumas, sirni raawwii

[12]SMO, kwt.23.Waliigalteen jedhe kun seera ykn aadaa ykn amantii gaa'elli isaanii ittiin raawwatameen dhimmi isaanii akka ilaalamuuf walfuutonni lameenuu fedhii kan qaban ykn kan barbaadan ta'uu ibsuudhaan kanuma m/murtii dhimmicha ilaaluuf kan dhiyeeffatan yoo ta'u, m/murtichaatis akkaatuma waliigaltee isaaniitiin kan ilaaluuf ta'a.Garuu walfuutota keessaa inni tokko fedhii akkasii yoo hinqabne ykn yoo morme dhimmichi bu'uura SMOn ilaalama.

gaa'elaa gargara ta'uu yoo danda'es sirnoonni sadanuu seera duratti beekumtii fi eegumsa walqixa ta'e akka qabanii fi gaa'eloonni sirnoota kanneeniin raawwatamanis bu'aa seeraa tokko ta'e akka hordofsiisan hubatamuu qaba.

Waan ta'eefis, gaa'elli seera qabeessa jedhamee seera maatii biratti fudhatamummaa argatu akkaataa sirnoota sadeen olitti ibsaman kanneen keessaa isa tokkootti kan raawwatame qofa yoo ta'u, kanaan alatti hariiroon gaa'elaa seerota kanaan beekumtiin kennameef gaa'ela naannoo biraatti raawwatame ta'ee haalli raawwii isaa safuu ummata naannoo Oromiyaatiin kan walitti hin buune kan ta'eedha.

Ammas sirnoota raawwii gaa'elaan walqabatee qabxiileen xiinxala barbaadan ni jiru.Kunis, gaa'elli tokko akkaataa sirna siivilii ykn amantii ykn aadaatti raawwateera jechuun seericha haala waraqaa irratti taa'een adda baasanii ibsuun nama hindhibu ta'a. Qabatama hojii keessatti garuu rakkisaadha. Keessattuu, walqunnamtichi raawwatame gaa'ela moo hariiroo biraati? Kan raawwatame hoo yoom, gaaffilee jedhan mirkaneessuu keessatti ragaan raawwii gaa'elaa irratti dhiyaatu sirna raawwii gaa'elichaan kan walqabatu waanta'eef rakkoon uumu salphaa miti. Fakkeenyaaf, qabatama jireenya hawaasummaa keessatti namoonni osoo gaa'ela hin raawwatin dhimmoota adda addaa jiraachuu hariiroo gaa'elaa gaafatan milkeeffachuuf jecha ragaa gaa'elaa baafatan hedduudha.[13] Kana malees,walfuutonni adda addaa gareedhaan ta'uudhaan affeerraa adda addaa qopheeffachuun hiriyyoota isaanii waamatanii bakka jaarsi sirna ykn abbaan amantii hinjirretti gaa'ela isaanii yemmuu raawwatan nimul'atu, sana boodas bulchiinsa magaalaa deemanii waraqaa ragaa gaa'elaa fudhatu[14].

Akkasumas, akkaataa amantaatiin ykn aadaatiin eega gaa'ela raawwatan booda gaa'ela kana galmeessuu dhiisanii akka haaraatti qaama gaa'ila galmeessu duratti raggaasisuudhaan raawwatu. Akka raawwii sirna gaa'elaatti haalli kun mataa isaatti rakkoo yoo qabaachuu baates, wanti raawwatame gaa'ela ta'uu fi dhiisuufi yeroon raawwatames

[13]Namoonni hedduun carraa lotorii biyya alaa (DV) argachuuf jecha ykn iddoo hojii mootummaa jijiirachuuf jecha osoo gaa'ela hinraawwatin fakkeessanii nama biroo waliin raga gaa'elaa guutuun baratamaa ta'aa dhufee jira.
[14]Mahaarii Raddaa, armaan ol miil-jelee lakk.2 irratti kan caqafame,fuula 14

yoom akka ta'e murteessuudhaaf, keessattuu falmii qooda qabeenyaa irratti[15], rakkisaa ta'a. Kanaaf, bakka raawwii gaa'elaaf aadaan ifa ta'e walfakkaataan hin mul'annetti ykn amantaa hundaaf sirni raawwii mataa isaa danda'e hinjirretti gaa'elichi akka sirna kanaatti raawwate jechuudhaaf qabatama hojii irratti haali mudatu salphaa miti. Haalli kun immoo gaa'ela kaadhimummaa ykn walqunnantii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu irraa adda baasuuf rakkoo kan uumuudha. Dhimma gaa'ila aadaan raawwatame waan aadaan naannoo sun barbaadu raawwatamuu isaa ykn akka aadaa wal fuutoonni keessa jiran sana guutee raawwatamuun isaa mirkanaa'uu qaba. Fkn'f, laaqana hoteelatti nama muraasa affeeruun sirni gaa'ilaa raawwatamu aadaa naannoo iddoo ibsamee sanaa ta'uun hubachiifamuu qaba. Dhimma kana caalaatti akka hubatamuuf dhimma qabatamaa MMWF Dh.Ij. murtii argate tokko haa ilaallu.

Dhimma

Ka'umsi dhimmichaa MMSD Federaalaa ta'us dhimma olitti kaasneef rogummaa waan qabuuf ilaaluun barbaachisaa dha. Waamamtuun ammaa Iyyataa waliin akka aadaatti gaafa 22/05/2003 wal fuudhanii kan waliin jiraatan ta'uu ibsitee gaa'ila keessatti wal hubachuu waan dhabaniif ykn waan waliif hin galleef gaa'illi isaanii akka hiikkaan diigamu gaafatte. Himatamaan gama isaatiin deebiin kenne waamamtuu waliin gaa'illi raawwatame kan hin jirre ta'uu, garuummoo guyyaa himattuun himannaa ishee keessatti ibsiteen sirna kaadhimummaaf qophii tureen sirna qubeellaa gochuutu fi waadaa gara fuula duraatti wal fuudhuuf seenan ta'uu, waamamtuun gaafa 27/02/2007 waajjira galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa biratti kan hin heerumne ta'uu ishee ragaan fudhatteefi harka isheetti ragaan kun kan argamu ta'uu, ragaan kaanis sirni wal kaadhimmachuu jiraachuu kan ibsu dha jechuun falmeera.

Manni Murtii Sadarkaa duraas falmii bitaa mirgaa dhaggeeffachuun ragaa madaaleen iyyataa fi waamamtuu gidduu haalli gaa'ilaa jiraachuun isaa mirkanaa'uu ibsee gaa'illi jira jechuun murteesseera. Gaaffii seerummaa hiikkaa ilaalchisee gaafatame bu'uura gochuun gaa'illi akka diigamu murteesseera. Iyyataan ammaa murtii kana irraa gaa'illi jira jedhamee

[15]Walfuutonni bu'aa yeroon raawwii gaa'elichaa qooda qabeenyaa irratti hordofsiisu gamanumaan tilmaamuudhaan yeroo fi sirna raawwii gaa'elaa irratti falmii yoo kaasan mul'atu.

murtaa'e irratti gaa'illi raawwatame akka hin jiraanne kaasuun komii isaa mana murtii Ol'aanaatti dhiyeessu illee, manni murtichaas komii dhaggeeffatee murtiin mana murtii jalaa hanqina kan hin qabne ta'uu ibsee cimseera.

MMWF Dh.IJ.[16] gama isaatiin yoo xiinxalu, gaa'illi raawwatamuu isaatiif ragaan dursa dhiyaachuu qabu waraqaa ragaa gaa'ilaa ta'uu, ragaan kun kan hin jirre yoo ta'e walitti dhufeenyi gaa'ilaa jiraachuu haalli gaa'ilaa jiraachuu mirkaneessuudhaan ta'uu isaa kunis ragaa wal duraa duubaan seerichaan bocame ta'uu isaa kaasuun, haalli gaa'ilaa jira yoo jedhamu maal jechuu akka ta'e hiikkoo seerichaan kennamuu isaa ibsee hiikkoo seerichi haala gaa'ilaaf kenname sadarkaa firii dubbiitti ragaadhaan yoo mirkanaa'e tilmaama gaa'illi raawwatamuu fudhachuu akka qabu tilmaama kanas ragaa gosa kamiinuu faallessuun akka danda'amu SMF kwt 94, 95, 96 fi 97 ibsee, sadarkaa firii dubbiitti ragaadhaan manneen murtii aangoo qaban mirkaneeffatan, gaa'illi iyyataa fi waamamaa gidduutti akka aadaatti gaafa 22/05/2003 raawwachuu isaanii, isaan duratti fulbaana 2003 maatii waamamtuutti jaarsoliin ergamuu fi maatiin waamamtuus intala isaanii waamamtuu kennuuf kan haayyaman ta'uu isaanii, guyyaan gaa'illi itti raawwatamus murtaa'uu isaa, guyyaa cidhaatti sirna qubeellaa irratti himatamaan waamamtuudhaan haadhawarraa koo bara baraati jechuu isaa laaqanni qophaa'e erga nyaatameen booddee gara mana Iyyataan kireeffatee deemuu isaanii, sana booddee biyya Ameerikaatti deebi'uu isaa fi yeroo achii dhufus manuma kana keessa waamamtuu waliin kan jiraatu ta'uu manneen murtii mirkaneeffachuu isaanii ibsee, Iyyataan falmiin isaa irra deddeebiin kaasus waajjira galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa biratti kan hin heerumne ta'uu ishee ragaan 27/02/2007 jiraachuu kaasu illee guyyaa kana dura haalli gaa'ilaa jiraachuu isaa ragaa sobsiisuu danda'u miti jechuun murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uura seeraa kan hin qabne ta'uu murteesseera.

Gaaffii Marii

[16]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 143325 ta'e irratti Iyyataa Ob. Alemaayyoo Tadlaa fi waamamtuu Ad. Meeroon Faantaayee gidduutti murtii argatee jiru ilaallata (jildii 23ffaa)

Kallattii seerummaa himattuun duraa gaafatteen akka aadaa naannoon isaan itti wal fuudhaniin gaa'illi raawwatamuu kaastee gaafatte ragaan aadaa naannoo sanaatiin gaa'illi raawwatamuu aadaan sun guuttamuu mirkaneessuun irra jiru hubachiifameeraa?

Dhimma olitti ilaalle kana irraa qabatamaan gaa'illi akka aadaatti raawwatameera jechuuf aadaan iddoo wal fuutoonni itti sirna gaa'ila aadaa sanaan raawwatan maal faa barbaada kan jedhu adda baasuu irratti manneen murtii yeroo dhimmicha ragaan qulqulleessan sirnaan adda baasuu dhabuun kan hubatamu dha. SMO kwt. 22 gaa'illi sirna aadaatiin raawwatameera jechuuf aadaa naannoo jiraataniitti ykn aadaa wal fuutootaa keessaa isa tokkoon ykn kan lamaan isaaniitiin sirni fuudhaa heerumaa raawwatamuun isaa adda bahuu qaba. Sadrkaa firii dubbiitti kun yoo mirkanaahuu baate fuudhaa fi heerumni aadaan raawwatameera jechuun kan hin danda'amne dha. Kun adda bahee hin hubachiifamne yoo ta'e rakkoo olitti kaasne gaa'ela, kaadhimummaa ykn walqunnantii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu irraa adda baasuuf rakkoo kan uumuu dha. Dhimmi olitti kaasne bu'uura SMF isa fooyya'een kan ilaalame ta'us rakkoon wal fakkaataa naannoo keenyas kan jiru ta'uutu hubatama. Keessattuu gaa'ila sirna aadaan raawwatame hubachiisuu irratti rakkoon jiraachuu isaa fooyyessitoonni moojulichaa kan amanan dha. Dhimma olitti ilaalle osoo silaa naannoo Oromiyaa keessa ta'e, bu'uura SMO kwt 93 (1) tiin waraqaan ragaa gaa'ilaa jiraachuu yoo baate haalli gaa'ilaa jiraachuu osoo hin taane gaa'illi **sirna aadaatiin raawwatameera** jedhamee himannaa keessatti sadarkaa firii dubbiitti ibsame sun **ragaa gahaa fi amansiisaa** ta'een sirna aadaa iddoo sanaa barbaaduun raawwatamuun isaa hubachiifamuu qaba. Dhimma kana caalaatti garaagarummaa SMF fi SMO gidduu jiru yeroo ilaallu ball'inaan kan kaafnu ta'a.

Dhimmuma kana gaa'ila akka aadaatti raawwatame mirkaneessuun wal qabatee, falmii dhiirsaafi niitii Mana Murtii Ol'aanaa[17] Godina Baaleetti oliyaannoodhaan bara 2001 keessa dhiyaate tokko ilaaluun rakkoon qabatama hojii irratti mudatu maal akka fakkaatu hubachuuf nigargaara. Falmiin kun jalqaba aadde Wudee Zalaaqa fi obboo Achanm Gaarraxow giddutti kan dhiyaate Mana Murtii Aanaa Goobbaatti yoo ta'u, firiin dubbii isaatis gabaabumatti kan armaan gadii fakkaata.

[17] Galmee Ol,iyyannoo Lakk.066568,(2001)

Walfuutonni falmichaa, waldhabbii irraa kan ka'e gaa'ela isaanii mana murtiitti eega diigan booda qooda qabeenyaa ilaalchisee mana jireenyaa tokko irratti waldiddaan uumame. Kunis gama himattuutin manicha kana gaa'ela dura ofii ishiitii bara 1989 kan ijaaratte ta'uu ibsuudhaan qabeenyichi kan dhuunfaa ishii akka ta'e yoo falmitu, himatamaan immoo gaa'illi isaanii kan raawwate bara 1987 akka sirna galmeessaa haala hawaasummatti ta'uu ibsee manichi falmii kaase immoo bara 1989 gaa'ela keessatti himattuu waliin kan ijaarre wan ta'eef qabeenya waliiti qixxetti qoodamuu qaba falmii jedhu dhiyeesse.

Manni murtii Aanichaatis ijaarsa manichaa raawwii gaa'elaan dura ta'uu ykn gaa'ela keessatti ta'uu isaa adda baasuudhaaf gaa'elichi yoom raawwate kan jedhu akka ijootti qabatee yoo falmisiisu ijoo qabamerrattis ragaan barruu lama dhiyaateera. Ragaan inni tokko ragaa fuudhaafi heerumaa kan bara 1987 gaa'elichi raawwatuu ibsu Bulchiinsa Magaalaa Goobbaa irraa kan kennameedha. Inni lammaffaan immoo ragaa barruu raawwii gaa'elaa akkaataa aadaa naannoo sanaatti jaarsota firaa fuulduratti bara 1990 raawwatamuu isaa ibsudha.

Ragaa isa jalqabaa ilaalchisee himattuun mormii dhiyeessiteen, yeroo sanatti ishiifi himatamaan barsiisota waan turaniif jijjiirraa iddoo hojii mijeeffachuuf ragaa qophaa'e malee bara 1990 dura himatamaa waliinis jiraatanii kan hin beekne ta'uu yoo ibsitu, himatamaan gama isaatin ragaa lammaaffaa irrattis ibsi kenne yoo hin jirreellee, bakka ragaan fuudhaa fi heerumaa galmeessaa haala hawaasummaa irraa kenname jirutti ragaan biroo bu'aa hin qabu jechuun falmeera. Gama biraatiin, ragaa abbaa qabeenyumma manichaa ilaalchisee ibsi Bulchiinsa Magaalaa irraa kenname immoo manichi falmii kaase kun bara 1989 irra eegalee maqaa himattuutiin galmaa'ee kan jiru ta'uu ni addeessa.

Haaluma olitti ibsameen, Manni Murtii Aanichaa dhimmicha eega xiinxale booda *,"1ffaa ragaan bulchiinsa magaalaa irraa kenname bu'uura SMO keew 92 tiin madaallii kan qabuufi qaama angoo seera qabu irraa kan kenname waan ta'eef gaa'elichi bara 1987 raawwatamu isaa ni mirkaneessa, 2ffaa, ragaan gaa'elichi akka sirna aadaatti jaarsa firaa duratti raawwatamuu ibsu raawwii gaa'elichaa kan mirkaneessu ta'us bu'uura SMO keew 45(1) ajajuun ittiigaafatamaa galmeessa haala hawaasummaa biratti waan hin*

galmoofneef bu'aa hin qabu." jechuun kufaa godhee, dhumarrattis manichi qabeenya waliiniiti jedhee murtii kenneera.

Akkuma olitti ibsuuf yaalame, manni murtii aanichaa murtii kenne keessatti xiinxala godheen, akka sirna raawwii gaa'elatti sirnoonni raawwii gaa'ela falmiin irratti ka'e bu'uura seeraatiin beekumtii fi sadarkaa walqixa ta'e kan qaban ta'us, gaa'elli ragga'e jiraachuu mirkaneessuu keessatti sirni raawwii gaa'ela galmeessaa haala hawaasummaa biratti galmaa'e sadarkaa ragummaa isa duraa (conclusive evidence) waan qabuuf kan sirna aadaa caalaa fudhatama akka qabu ibseera. Kanas ta'ee sanis, raawwatamuu gaa'elichaa irratti garuu sirnoota lameen keessaa kamtu duursa akka qabu addaan baasuudhaaf yaaduun barbaachisaa miti. Sababni isaatis sirnootni sadeenuu seera duratti walqixa waanta'aniif.

Murtii mannii murtii aanaa kenne kana komachudhaan himattuun mana murtii ol'aanatti oliyyannoo dhiyeeffateen," ragaa raawwii gaa'elaa osoo wal hin fuudhin dura sababa jireenya hawaasummaa keessatti jijjiirraa iddoo hojii ittiin argachuuf qofa galmeeffame, kana ta'uu isaatis ragaan akka aadaatti jaarsa firaa duratti raawwatamee D/kennaanis mallatteessee mirkaneessee, ragaa namaa jaarsi firaa gaa'elicha raawwachiisee turee fi barsiisonni dhugaa jiru beekanis jecha ragummaa kennaniin kan deeggarame manni murtii jalaa sababii quubsaa tokko malee kufaa godhee ragaa fuudhaafi heerumni osoo hin jiraatin kaayyoo biraatiin galmeeffame irratti hundaa'ee murtiin kenne mirga qabeenyaa oliyyattu seeraan ala kan miidhu waan ta'eef dogoggora bu'uuraa kan raawwateedha." jechuun ijoo komii ibsachuu ishii galmeen oliyyannoo ni agarsiisa.

Manni murtii oliyyata dhagahes dhimmicha erga qorate booda," manni murtii jalaa sadarkaa ragummaa ragaa gaa'ela galmeessa haala hawaasummaa irraa dhiyaatee gadi fageenyaan kaayyoo seeraa fi bu'uura haqaatiin ragaalee biroo waliin walbiratti osoo hin xiixalin keewwata seeraa tokko qofa gubba gubbaa ilaaluun murtii kan kenne waan ta'eef dogongora raawwateera.

Kanamalees, gaa'elli akkataa sirna kamiinuu raawwatame itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa biratti galamaa'uu akka qabu SMO keew 45(1) jalatti kan ajaju ta'us, osoo hin galmaa'in yoo hafe garuu bu'aa hin qabu wanti jedhame bakka hin jirretti fi falmii

godhame keessattis ragaa gaa'elichi akka sirna aadaatti jaarsa firaa duratti raawwatamuu ibsu ilaalchisee D/kennaan ragaan galmaa'ee bakka jirutti kan hin galmoofne fudhatama hin qabu jechuun alatti ragaa jaarsa firaa san mallatteessuu dhabuu isaa ykn ragaan kun soba ta'uu isaa osoo hin haalin kan caldhise haqa /dhugaa jiru beekuu isaa kan calanqisiisuu ta'uun osoo hubatamu, m/m/jalaa ragaa jaarsa firaa sana kufaa gochuun deeggarsa seeraa hin qabu." jechuun manni murtii oliyyata dhagahe murtii jalaa diiguun kan murteesse keessatti xiinxala isaa lafa kaa'ee jira.

Akkuma yaada xiinxala isaa irraa hubatamutti, m/m/ol'aanaan, raawwii gaa'ela falmii kaasee kan ittiin ilaale sirnoonni lameenuu seeraa fuulduratti sadarkaa walqixaa kan qaban akka ta'ee fi dhimmicha furuudhaaf garuu tumalee seeraa akkuma barruun jiranitti osoo hin taane haalawwanii fi ragaalee biroo naannawa jiran waliin akkaataa kaayyoo seeraa hordofuu fi haqa duubatti dhokate baasuu danda'uun kan ilaale ta'ee mul'ata. Kallattima kanaan, dhimmi akkanaa kun yemmu mudatu, tamaalee seera ilaallatuu qofa osoo hin taane tumaalee heera motummaa keessatti taa'an walqixxummaa walfuutonni gaa'ela keessatti qabaniifi keessattuu mirga dubartootaa tiksaniis ilaalcha keessaa galchuun furmaata seeraa fi haqa bu'ureeffate bal'isanii barbaaduun xiinxala dhama qabeessa ta'ee mul'ata.

Qabxilee Marii

1. Sirnoonni aadaa fi amantii karaalee raawwii gaa'elaa keessaa yeroo hedduu qabatama hojii irratti kan baay'inaan mul'atan ta'uu muxannoon jiru ni agarsiisa. Haata'u malee SMO kwt.21 fi 22 jalatti, "akkaataa ulaagaa amantii ykn aadaa walfuutonni filataniiti gaa'ella raawwatamu" jedha malee ullaagaaleen kun maal akka ta'uu danda'an hin ibsu. Kanaaf, ulaagaaleen kun maal fa'a akka ta'an akka fakkeenyaatti amantaa tokko akkasumas aadaa naannoo tokkoo fudhachuudhaan ibsaa? Fkn'f, gaa'illi aadaan taasifame jiraachuuf jiraachuu dhabuu waliin wal qabatee, hoteelatti nama sadii waamanii affeeruun gaa'illi raawwatame taanaan gaa'ila aadaa kami ibsa? Aadaan akkamiin hubatama?
2. Seerri maatii gaa'ela ilaachisee iddoo tokko tokkootti "raawwii gaa'elaa" bakka tokko tokkootti immoo "ibsamuu gaa'elaa"/conclusion of marriage and celeberation of marriage/ jechuun kwt.42 jalatti haalli itti kaa'u jira.

Garagaarummaaraawwatamuu gaa'elaa, ibsamuu gaa'elaa fi galmaa'uu isaa bu'aawwan isaan hordofsiisan waliin ibsaa!

3. Galmee falmii dhiirsaafi niitii olitti ibsame irratti gaa'elli walfuutotaa yoom raawwatame jettu? Maxannoo walfakkaataa kaasuudhaan ilaalaa! Raga raawwii gaa'elaa akka sirna aadaatti jaarsa firaa duratti godhame Manni Murtii Aanichaa "hin galmoofne" jechuun kufaa godheera. M/M/Ol'aanaan immoo galmaa'uu baatus seerri bu'aa dhabsiisu hin jiru jechuun fuudheera. Xiinxala manneen murtii kanneenii kamtu irraa amansiisa /sirrii jettu? Maaliif?
4. Gaa'elli naannoo Oromiyaan alatti raawwatame tokko safuu ummatichaan hanga wal hin faalleessinetti SMO duratti beekumtii akka qabaatu kwt.23(1) jalatti tumameera. Gaa'ela akkasi irratti falmiin naannoo Oromiyaatti yoo ka'e bu'uura seera kamiin ilaalama?

5. Gaa'elli tokko raawwatamuun isaa itti gaafatamaa galmeessa haala hawaasummaa biratti galmaa'uu dhabuun isaa bu'aa akkamii hordofsiisa? Galmeeffamuun dirqamaadha jettu?

6. SMO kwt.47(c) jalatti guyyaa, sirnii fi iddoon gaa'elli itti raawwatame galmee gaa'elichaa keessatti ibsamee barraa'uu akka qabu tumamee jira. Wantoonni biroo ilaalamuu qaban hinjiru jettuu?

Dhimmi biroo sirnoota raawwii gaa'elaan walqabatee asitti ka'uu qabu waa'ee galmeeffamuu raawwii gaa'elaa ta'a. Gaa'elli sirna kamiinuu yoo raawwatames, IGHH dhimmichi ilaalu biratti galmaa'uu akka qabu seerri maatii tumee jira[18]. Yeroo ammaa qondaala galmeessa kabajaa biratti kan galmaahu ta'uu labsiin galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa akka sadarkaa Federaalaatti labsiidhaan[19] bahee fi akka naannoo keenyaatti danbii Lak. 169/2006 tiin akkasumas qajeelfama Raawwii Galmeessa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Lakk—7/2010tiin kan raawwatamu ta'uun kan

[18]SMO,kwt.45(1):sirna siviiliin raawwatee ykn sirna amantiin ykn aadaan,gaa'elli bu'ra SMO kutaa 5 kwt.45-47 ajajuun Ittigaafatamaa Galmeessaa Haala Hawaasummaa angoo qabu biratti galmaa'uu qaba.
[19]Labsii Galmeessa Taateewwan Bu'uura Hawaasummaa lakk 760/2004 ilaallata

hubatamu dha.[20] Galmeessi kunis Shuumii Galmee Kabajaatiin kan gaggeeffamu ta'ee gaa'ila sirna Siviiliitiin raawwatamu akka biyyoleessaatti itti gaafatamaa galmeessa ragaa ykn shuumii galmee kabajaa gaggeessu ykn qondaala galmee kabajaa raawwatu fuulduratti kan taasifame yoo ta'e qaamuma kanaan kan galmaahu ta'uun isaa labsii galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa lakk 760/2004 kwt 30 hanga 33 jiraniin kan raawwatamu ta'uun tumaalee kanneen irraa kan hubatamu dha.[21] Akkasumas, gaa'illi sirna kamiinuu raawwatamu qaama kana biratti galmaahuu akka qabu haala dirqisiisaa ta'een kan tumamee jiru dha. Akka naannoo keenyaattis Egeensiin Galmeessa Taateewwan Bu'uura Hawaasummaa hojii kana hojjatu kan danbiidhaan hundeeffame jiru dha.[22] Gaa'illi sirna sadaniinuu raawwatamanis qaamuma kanaan kan galmeeffamanii fi gaa'illi sirna kamiin akka raawwatame adda baasee kan galmeessu ta'uu isaa labsiidhuma olitti ibsamerraa kan hubatamu dha. Bu'uura kanaan Itti gaafatamaan gaa'elicha galmeesse waraqaa ragaa gaa'elaa walfuutotaaf akka kennu seerri maatii ifaan kan lafa kaaye yoo ta'u[23], haala wal fakkaatuun labsiin galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa galmeeffamuu isaatiif ragaan kan kennamu ta'uu isaa tumaalee labsichaa adda addaa keessatti ifaan tumameera.[24] Gaa'illi galmeeffamuun kan barbaachiseefis ragummaa fi dhimmoota biroo walqabataniif malee gaa'elli seera duratti ragga'u jiraachuu fi dhiisuu isaa murkaneessuuf akka hintaane hubatamuu qaba[25]. Labsiin galmeessa taatewwanii bu'uura hawaasummaa olitti ibsine kwt 47(2) irraayis kan hubatamu ragaan kennamu galmeeffamuu isaatiif malee raawwatamuu isaatiif akka hin taane kan hubachiisu dha.[26] Kunis gaa'elli tokko guyyaa raawwatamee eegalee seera duratti bu'aa kan hordofsiisu akka ta'e SMO kwt.45(3) jalatti tumamee jirus yaaduma kana kan cimsu dha.

Ammas, sirni raawwii gaa'elaa adda addaa jiraatus sirni galmeeffama isaa garuu tokko qofaa ta'uu fi innis qaama mootummaa kan ta'e ittigaafatamaa galmeessa haala

[20] Dambii Ejensii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe lakk 169/2006
[21] Labsii galmeessa taateewwan bu'uura hawaasummaa Federaalaa lakk 760/2004, kwt 31 jalatti
[22]Dambii Ejensii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe lakk 169/2006
[23]SMO, kwt.45(2)
[24]Labsii galmeessa Taatewwanii biyyaalessaa lakk 760/2004 kwt. 6, 46, 67 ilaallata
[25]Mahaarii Raddaa, miil-jelee lakk.2 jalatti kan caqafame, fuula 39.
[26]SMO Kwt 47(2) jalatti A certificate of registration of marriage shall be prepared in two copies and be given to each spouse; kwt 33 jalattis haaluma wal fakkaatuun qaamni gaa'illi isa biratti taasifame ragaa erguu qabu labsichaan tumamee jiru irraa kan hubatamu dha.

hawaasummaaf angoo kenname, sirna raawwii gaa'elaa sadeeniifuu qixa kan hojjatu ta'uu isaa jala muranii beekuun barbaachisaadha.[27] Gaa'ela galmeessuutiin walqabatee walfuutonni yoo galmeessisuu baatan itti gafatamummaan yakkaa illee kan hordofsiisu ta'uu labsii galmeessa taateewwanii fi hawaasummaa kwt 66 jalatti tumamee kan jiru dha. Ammaan dura qondaalli galmeessuuf aangoon kennameef gaa'elli raawwatamuu yoo beeke ofii isaatii hordofee galmeessuudhaaf angoo kan qabu ta'uun SMO kwt 46(1 fi 2) irraa kan hubatamu yoo ta'u, haalli kun yeroo ammaa labsii galmeessa taatewwan olitti ibsameen waan jijjiirame fakkaata namoonni dirqama gaa'ila galmeessisuu qaban kana gochuu dhabuun akka yakkaatti tumamee taa'uun isaa namoonni gaa'ila sirna kamiinuu haaraawwatan gaa'ila galmeessisuu dhabuun akka yakkaatti tumamee waan jiruuf namuu ni beeka tilmaama jedhutu fudhatama. Hawaasni akka hubannoo isaa qabaatus qaamni labsichaan gurmaa'e hojii hubannoo uumuu akka hojjatu itti gaafatamummaan waan kennameef carraan beekuu isaa ol'aanaa dha, seericha hin beekuudhaanis dhiifamni namaa taasifamu akka hin jirre tumaa waliigalaa seera yakkaa waliin tumaa labsichaa akka yakkaatti tumame ilaaluun barbaachisaa ta'a.[28]

Dhumarrattis, galmeen gaa'elaa maal maal fa'a qabachuu (odeeffannoon galmichi hammachuu qabu) yoo ilaalamu, seerichi kwt.47 jalatti tarreessee kaayee jira. Isaanis, wantoota sadii gurguddoodha:1ffaa maqaa guutuu , guyyaa fi iddoo dhalootoo fi, teessoo walfuutotaa; 2ffaa maqaa guutuu, guyyaa fi iddoo dhalootaa fi, teessoo ragootaa fi; 3ffaa sirna gaa'elichi itti raawwate, iddoo fi yeroo itti raawwatame, fi guyyaa itti galmaa'eedha. Haallan kun labsii galmeessa taateewwan biyyaalessaatiinis kwt 30 jalatti kan tarreeffaman ta'uu isaanii fi ragaan gaa'ilaa galmeeffame qabiiyyeen isaa maala akka of keessatti qabachuu qabu haala wal fakkaatuun kan tumamee jiru dha.[29] Egaa galmeen gaa'elaa sirna kamiinuu raawwatamu galmaahuun irra jiru tokko, galmaa'uu dhabuun ragummaa isaatu hafa malee seera qabeessummaa gaa'elichaa irratti dhiibbaan fidu akka hin jirre hubatamuu qaba.

[27]Kanuma olii kwt 33(2) irraa kan hubatamu dha.
[28]Labsii galmeessa taateewwan bu'uura Hawaasummaa biyyaalessaa lakk 760/2004, kwt, 31(2), 66(1), SYK kwt. 81 ilaallata
[29]Kanuma olii kwt 30

1.2.2. Ulaagaalee bu'uuraa guutamuu qaban(minimum legal conditions)

Gaa'elli tokko seera qabeessa ta'uuf ykn bu'aa seeraa hordofsiisuuf ykn seera fuldauratti fudhatama argachuuf wantootni guutamuu qaban akka jiran seensa kutaa kana kara jalqabaa irratti tuqamuun isaa ni yaadatama. Kunis, haallan akkaataa sirna raawwii gaa'elichaan gaafatamaniin alatti ulaagaalee waliigalaa/bu'uuraa kan seeraan tumaman guutee argamutu irraa eegama. Addunyaa ammayyaawaa keessatti Sirna seeraa kamuu keessatti ulaagaaleen gaa'ila seera qabeessa taasisan maal faa akka ta'an seera biyya kamittuu tarreeffamee kan taa'u dha.[30]Ulaagaaleen kunniinis dirqisiisoo fi gaa'ela sirna raawwii kamiinuu raawwatamu hundaa kan ilaallataniidha. Kallattiidhaanis, gaa'elichi karaa sirna siivilii, aadaa ykn amantiin kan raawwatame yoo ta'es ulaagaalee bu'uuraa seerri kaa'e kanniin (minimum conditions) guutuun dirqama akka ta'e SMO kwt. 43 (2) fi 44 (2) jalatti tumamee jira. Waanta'eefis, gaa'elli tokko ulaagaalee bu'uuraa waliigalaa kanneen osoo hin guutin hanguma fedhes haallan sirnicha ittiin raawwatamee hunda guutee argamus, seera maatii kana fuulduratti bu'aa hin qabu jechuudha.

Egaa akkaatuma kanaan, ulaagaaleen dirqisiisoo ta'an kunniin SMO kutaa 2ffaa kwt 25-33 jalatti tumamanii kan argaman yoo ta'u isaanis:

- hayyama walfuutotaa,
- umrii isaanii,
- firooma dhiigaa,
- firooma gaa'elaa,
- qaama walfuutotaan malee bakka bu'ummaan kan hin danda'a mne ta'uu,
- dogongorri bu'uuraa jiraachuu dhabuu,
- humnaan dirqamuu dhabuu,
- dandeettii seeraa mulqamuu dhabuu,

[30]Flavia Agnes (2011) Family Law, Marriage, divorce and matrimonial litigation, vol. 2, p.10
Essential Conditions of a Valid Marriage Every community/legal system lays down certain requirements or conditions for a valid marriage. A marriage solemnized or contracted in violation of any of these conditions is deemed to be an invalid marriage. The stipulated conditions for the performance of a valid marriage and the consequences of a marriage contracted in violation of these conditions, differs under various personal laws. Some conditions are treated as absolute, while others are less so. The violation of absolute conditions renders the marriage void, while the violation of other renders the marriage voidable.

- yeroo koophaa jiraachuuf seeraan gaafatame eguu /dubartiif/fi,
- gaa'ela irratti gaa'ela raawwachuu dhabuu dha[31].

Guutamuu ulaagaalee dirqisiisoo ta'an kanaan walqabatee qabxiin inni duraa hayyama walfuutota lameenii yoo ta'u kunis, walfuutonni lameen walfuudhuudhaaf hayyama isaanii fedhii guutuu fi bilisaan kennuu akka qaban armaan olitti iddoo adda addaatti ilaallee jirra. Haata'u malee "hayyamni" kun kan bilisaa fi fedhii guutuun kenname kan jedhamu akkamitti akka madaalamuu fi mirkanaa'u qulqulleessanii beekuun qabatama hojii keessatti salphaa hinta'u.

Fakkeenyaaf walfuutonni ykn isaan keessaa inni tokko mormii osoo hin agarsiisin haaluma waliigala ta'een fedhii qabaachuu ibsuun isaa qofaan hayyama isaa guutuufi bilisa nitaasisaa? Kanumaan walqabatee hayyamni kennamu dogongora bu'uuraa fi dirqii humnaa irraa bilisa ta'uu akka qabu seerri tumee jira[32]. Haata'u malee dogongorri tokko bu'uura kan jedhamu ykn dirqamni humnaa jira kan jedhamu yoomi ykn akkamiin ibsama? Gaafileen kanniiniifi kan fakkaataan seericha hojiitti hiikuu keessatti hedduu xiinxalamuu barbaadu.

keessattuu dubartoota ilaalchisee haalli qabatama hawaasicha keessa jirruu yeroo ammaa hanga tokko kan fooyya'e ta'us, fedhii mataa ishii ibsachuun akkuma jirutti ta'ee hayyamni kennitu dhuguma guutuu fi dhiibbaa kamuu irraa bilisa ta'uu isaa haalaan osoo hin qulqulleessin ibsa haayyamaa akka waliigalaatti kennan qofa irratti hundaa'uun walfuutota qofaaf sadarkaa dhiifamu irra hubannoon jiru kan gahe hin fakkaatu. Kana jechuun walfuutonni kabaja ykn soda maatii isaaniif qaban irraa kan ka'e fedhii akka qaban himuu waan danda'aniif[33] keessattuu dubartoonni fedhiin kennan dhiibbaa akkasii irraa bilisa ta'uu fi murtee mataa isaanii qofa akka ta'e qaamni ilaallatu mirkaneessuu qaba.

[31]Raawwiin gaa'elichaa ulaagaalee sirnichi ittiin raawwatamu gaafatu guutuun kan irra jiru ta'us, sirnichi kamuu taanaan ulaagaalee gaafatu ulaagaalee dirqisiisoo seerichi kaaye kanniin kan walsimu malee kan faallessu ta'uu hinqaban.
[32]SMO, kwt.30 fi 31.
[33]Mahaarii Raddaa, fuula 18.

Gama biraatiin haalli kun “dirqama” akka hin jennes seerichi dirqamni “humnaan”[34] ta’uu akka qabu waan agarsiisuuf ulaagaa kana jalatti hammachiisuunis salphaa hin ta’u. Kanamalees, fedhiin guutuu fi bilisa ta’e tarii raawwii gaa’ela IGHH duratti tasifamu irratti hanga tokko qulqullaa’ee guutama (fuudhama) jedhamus, gaa’ela akka sirna amantaa fi aadaatti raawwatamu ilaalchisee garuu hayyama fedhii guutuufi bilisaan kenname mirkaneessuu keessatti dhimmichi ogummaa addaan ilaalamuu barbaada.

Sababiin isaatis 1ffaa, gaa’elli sirnoota kanneeniin raawwatamu akkaataa aadaa ykn amantiiwwan hawaasa hubannoon inni dubartootaaf qabu sadarkaa barbaadamu irra hin geenyeetiin ta’uu isaati. Kuni immoo tilmaamni ulaagaa kana ni guutan jedhu akkuma jirutti ta’ee qabatamni isaa qulqullaa’ee mirkannaa’uu barbaada. 2ffaa, gaa’elli bu’uura sirna kamiinuu raawwatamu galmaa’uu akka qabu seerichi kan tume ta’us galmaa’uu dhabuun isaa garuu bu’aa seeraa waan hin dhabsiifneef dhimmichi mana murtii osoo hin ga’in duraa fi otuu hoo’aan jiru qulqullaa’uuf haalli dandeessisu hin jiru. Kana ta’uun isaa immoo, walfuutonni gaa’ela fedhii guutuun itti hin seenin keesssa jiraachuuf kan dirqaman ta’uun alattis turtii isaanii keessatti qabeenyii fi ijoolleen waan horatamaniif diiggaan isaa salphaa hin ta’u. kanaan olittis, gareen hir’ina hayyamaa irratti hundaa’uun iyyannoo dhiyeessuu malus darba yerootiin akka salphaatti daangeffamuu danda’a.

Dhumarrattis, ulaagaaleen bu’uuraa seerii kaa’e kun guutamuu keessatti rakkoon inni biroo hojjii irratti bal’inaan mul’atu gaa’ela irratti gaa’ela raawwachuun kan walqabatuudha. As irratti rakkoon inni jalqabaa hariiroo keewwata seera maati ulaagaa kana tumee fi seera yakkaa gidduu jiru ilaala. Innis, seerrii yakka bara 1996 bahe gaa’ela irratti gaa’ela raawwachuu akka waliigalaatti yakka kan godhe ta’us, haala addaatiin garuu bu’uura aadaa ykn amantii al tokko gaa’ela tokko ol raawwachuu hayyamu kan seera ilaaluun beekumtiin kennameefiitiin raawwate yoo ta’e ittigaafatamummaa yakkaaf akka ittisaatti dhiyaatuu kan danda’u ta’uu tumeera[35].

[34]SMO, kwt.31 jalatti akka ibsametti humni gocha akka buttaa ykn balaa maatii irra gahuuf dhihaate hambisuudhaaf jecha dirqamanii haayyama kennuu qofa kan tarreesseedha.Haata’u malee dhiibbaa karaa kamiiyyuu hayyama fedhii fi bilisaa nama dhoorku haala hammachuu danda’uun tumaa seerichaa kana HMRDFI kwt.34(2)n akka walsimutti bal’isanii hiikuun ni gorfama.

[35]Seera Yakkaa Mootummaa Rippaablika Dimokiraatawa Federaalawa Itiyoophitaa, lab. Lakk.414/1996,kwt.651

Gama biraatiin "seerri ilaallatu" kan jedhame seera maatii waan dabalatuuf seerri maatii immoo gama kanaan aadaas ta'ee amantii gaa'ela irratti gaa'ela raawwachuu hayyamuuf beekumtiin kenne kan hin jirre ta'uun alattis dhoorkaadha jedhee ifaan ifatti tumeera[36]. Hariiroon kun Heera Mootummaa kwt. 27 (2) n walbiratti yoo ilaalamu, heerichi mirga amantaa ofii bal'ifachuufi ittiin buluutis kan eegee fi seeronni biroos haaluma kanaan dantaa hawaasaa, mirga namoota biroo, bilisummaa barnootaa fi nageenyaa fi fayyaa ummataa eegsisuuf daangeffama barbaachisan gochuu irraa kan hafe mirga amantaa kana ni mirkaneessuu jedhamee yaadama. Seerri yakkaatis tumaa haala addaa kan kaa'eef kanumaaf.

Waanta'eefis, gaa'ela irratti gaa'ela raawwachuu ilaalichisee seerri maatiitis tumaalee heera mootummaa fi kan seera yakkaa kanaan walsimee hiikamuu waan qabuuf haala olitti ibsameen gaa'ela gaa'elarratti raawwachuu hin dhoorku falmiin jedhu ka'uu danda'a.

Muxannoo biyyoota biraas yoo ilaallu seera shari'aan wal qabatee, aadaa garaagaraatiin haalli itti gaailli gaa'ila irratti raawwatamu haala kamiin seera waliigalaa keessatti haammatamuu akka danda'u irratti haayyuun tokko yoo ibsu:

Anglican Archbishop Rowan Williams set off an international firestorm on February 7, 2008, by suggesting that some "accommodation" of Muslim family law was "unavoidable" in England. He was raising a whole series of hard but "unavoidable" questions about marital, cultural, and religious identity and practice in Western democratic societies committed to human rights for all. What forms of marriage should citizens be able to choose, and what forums of religious marriage law should state governments be required to respect? How should Muslims and other religious groups with distinctive family norms and cultural practices that vary from those espoused by the liberal state be accommodated in a society dedicated to religious liberty and equality, to self-determination and nondiscrimination? Are legal pluralism and even "personal federalism" necessary to protect Muslims and other religious believers who are conscientiously opposed to the liberal values that inform modern state laws on sex, marriage, and family? Or must there

[36]SMO fooyya'ee bahe lab. Lakk.69/95, kwt.30.

instead be "legaluniversalism" with its attendant "exclusionary consequences"?[37] *Are these really the only options – or instead is something more akin to a "dance" between religious and civil law more appropriate and necessary?*[38]

Akka biyya keenyaattis qabatama hawaasichi itti jiraatu irraa, sabdaneessummaa amantaa fi aadaan bakka jirutti gaaffiiwwan armaan olii ogeessi olitti ibsame kaasu gaaffii hambisuun hin danda'amne dha jechuun kan danda'amu dha. Qabatamaan manneen murtiis gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatu bu'aa hiikkaan hordofsiisu yeroo murteessan gaaffiiwwan olitti ka'an haala hubannoo keessa galcheen deebii kan itti kennaa jiru ta'uutu hubatama. Akkuma olitti ibsamaa tureenis Seerri Yakkaa Itoophiyaas waantoota kana tilmaama keessa kan galche ta'uutu hubatama. Kana malees, Heerri mootummaa FDRI kwt 34(5) fi 79(5) yoo ilaalle beekumtiin mana murtii aadaa fi amantiif kennamuun isaa eegumsa sab daneessummaa aadaa fi amantichaa bifa gaaffiiwwan olitti ka'aa ture hammachuu danda'uun madaalamummaa isaa haala eeggateen beekumtii argachuu isaa kan hubachiisu dha. Muuxannoon gama kanaan biyya Afrikaa Kibbaa jirus yoo ilaalle:

South Africa has intentionally sought to accommodate and incorporate minority groups as a key part of its recent constitutional undertakings, although it continues to struggle with striking the right balance between universal norms and cultural and religious distinctives regarding marriage and family law.[39]

Kanarraa kan hubachuun danda'amu muuxannoon biyya sana jiru haaluma isa keenyaa fakkaatuun madaalamummaa isaa haala eeggateen Heera mootummaa biyyattiin aadaa fi amantii fi seera maatii sabdaneessummaaf beekumtii kennuu isaatu hubatama.

Gama biraatiin yaadi ka'u, dhorkaa gaa'ilaaf seera maatiin taa'ee jiru gaaffiiwwan, seerri maatii heera mootummaan walitti bu'a moo hin bu'u kan jedhu mirga dubartootaa heericha kwt.35 jalatti tumameen walcinatti yoo ilaalamu walqixxummaa mirgaa fi dirqamaa

[37]Jean-Francois Gaudreault-Desbiens, "Shari'a, Federalism and Legal Transplants," in Shari'a in the West, eds. Rex Ahdar and Nicholas Aroney (Oxford: Oxford University Press, 2010). Compare Mohammad H. Fadel, "Political Liberalism, Islamic Family Law, and Family Law Pluralism" (in this volume).
[38] Joel A. Nichols (ed. 2012) Marriage and Divorce in a Multicultural Context Multi-Tiered Marriage and the Boundaries of Civil Law and Religion, Cambridge university press, p. 358
[39]Van der Vyver, "Multi-Tiered Marriages in South Africa"

walfuutotaa gaa'elli gaa'ela irratti raawwatamu waanmiidhuuf bu'uura heericha kwt.27(2)tiin daangeffama mirga amantii irratti kaayame jallatti kan kufu ta'ee mul'ata. Kanaaf, seerri maatii heerichaan walitti bu'innaa laata sodaan jedhu amansiisaa ta'ee hinmul'atu yaadi jedhu yeroo ka'u argina. Yaadamni biraa ogeessoota tokko tokko bira jiru yoo ibsan, **''The guarantee of religious freedom is not a license to engage in crime.**''[40] Yaada jedhuun yeroo ibsan mul'ata.

Qabxii kanaan wal qabatee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baaleetti oliyyannoo yakkaa[41] dhiyaatee ture tokkorratti oliyyattoonni Mana Murtii Aanaa irratti yakka gaa'ela irratti gaa'ela raawwachuun himatamanii balleessaa eega jedhaman booda adabbii qarshii 200:00 adabamaniiru. Manni Murtii Ol'aanaas murtii M/M/jalaa cimseera.

Falmii kana keessatti firiin dubbii, oliyyattuun 2^{ffaa} (dubartii) miidhamaa dhuunfaa waliin akka sirna amantaa islamaa (Shari'aatti) gaa'ela raawwachuudhaan waggoota shaniif waliin turanii ijoollee sadii walirraa argataniiru. Ta'us, bara 1996 keessa miidhamaan dhuunfaa gaa'elaa fi mana isaa gatee waan badeef oliyyattuunis haaluma kana m/m/shari'aa Aanichaf ibsuudhaan iyyannoo dhiyeessiteen nikaan gaa'ela miidhamaa waliin qabdu akka diigamu eega goote booda manuma murtii shari'aa aanichaa kanatti oliyyataa 1ffaa waliin nikaa gochuudhaan gaa'ela raawwataniiru.

Haaluma kanaan osoo jiruu bara 2000 dhumarratti miidhamaan dhuunfaa gara mana ofiitti hugguu deebi'u haalii hundi jijjiiramee qe'umaa isaatti haadha manaa isaa waliin gaa'elli biroo raawwatamee waan argeef dhimmicha gara waajjira haqaa aanichaatti iyyatee himanni walfuutota haaraa irratti dhiyaate. Kanumaan cinatti miidhamaan kun gara mana murtii shari'aatti dhiyaatee yoo iyyatu, manni murtichaatis ragaalee adda addaa bitaafi mirgaan caqasee nikaan oliyyattootaa dogongoraan kan kenname ta'uu ibsee diiguudhaan gaa'elli isa jalqabaakan jiru ta'uu mirkaneesse. Mana murtii dhimmicha yakkaan ilaalaa jiruufis haaluma kana ibsuudhaan nikaan oliyyattootaa dogongoraan kan kenamee fi kan diigame ta'uu gaa'elli isa duraa kan jiru ta'uu beeksise. Eegaa, manni murtii yakkicha ilaalaa ture, oliyyattoonni miidhamaa dhuunfaa dhimma hojiif gara biraa deemee ture

[40]Joel A. Nichols (ed. 2012) Marriage and Divorce in a Multicultural Context Multi-Tiered Marriage and the Boundaries of Civil Law and Religion, Cambridge university press, p. 368
[41]Galmee Ol'iyyannoo Yakkaa Lakk. 03405, (2001)

baduu isaa akkaataa seeraan osoo hin mirkaneessin bade jira jechuun osoo beekan mana murtii shari'aatis dogongorsuudhaan gaa'ela irratti gaa'ela waan raawwataniif balleesaniiru jechuun oliyyattoota adabeera.

Haaluma "keezii" kana irraa hubatamutti gaa'elli inni jalqabaa dogongoraanis ta'u eega diigame boodaadha inni lammaffaan kan raaawwatame. Akkasumas yeroo gaa'elli duraa irra deebii'amee jiraachuun isaa ragga'utti inni lammataa immoo diigameera. Kun immoo dhuguma gaa'elli gaa'ela irratti raawwatameeraa kan jedhu mirkaneessuudhaaf rakkisaa ta'ee mul'ata. Dhimma ammaa kana ilaalchisee Manni Murtii Shari'aa (MMSh) bakka D/kennaan hin jirretti gaaffii iyyattuu qofa bu'uura godhachuun murtii kennuuf angoo seeraa niqabaa kan jedhus hubannoo kan gaafatudha. Kunis, manni murtichaa angoo kan qabaatu bu'uura HMRDFI kwt.34(5)n walfalmitoonni lameenuu akkaataa seera shari'aatti dhimmi isaanii akka ilaalamuuf fedhii qaban ifaan ifatti yoo ibsatan qofa ta'uun kaa'ameera[42]. Bakka himatamaan ykn D/kennaan hin jirrettis MMSh dhimmicha ilaaluu kan danda'u waamichi dhaqqabuu fi himatamaan ykn D/kennaan waamicha eega fudhate booda osoo hindhiyaatin kan hafe ta'uun yoo mirkanaa'e qofa akka ta'es tumeera[43].

Gaafilee Marii

1. "Keezii" armaan olitti ibsame keessatti fuudha irratti fuuni raawwatameera jedhamee bu'uura seeraatiin fudhatamuu ni danda'aa? Murtii manneen murtii kennaniin walqabsiisatii sakatta'aa.
2. Gaa'ela isa duraa dogongoraan diiguun mana murtii shari'aa Aanichaa raawwii gaa'ela isa boodaa irratti bu'aa akkamii hordofsiisa? Dogongora jedhamee gaa'ela dura diigamee ture hin diigamne jechuun deebisee raggaasuun isaa hoo? Adeemsi mana murtii shar'aa kun hoo akkamitti ilaalama? Himatamaan/dhiirsi himattuu inni durii dhabamuu isaa ilaalchisee MMSh Aanichaa murtii badiinsaa kennuu nidanda'aa? Bakka inni hinjirretti nikaa buusuun hoo deeggarsa seeraa niqabaa?
3. Fuudhaa fi heeruma irratti walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu raawwatuun hoo seera duratti bu'aa akkamii qaba?

[42]Labsii Manneen Murtii Shari'aa Cimsuuf Bahe, lab. Lakk.188/1999, kwt.4(2).
[43]Labsima kana kwt.5(2)

4. Seerri Maatii Oromiyaa fuudhaafi heerumni tokko raawwachuuf umriin walfuutotaa inni ka'uumsaa waggaa 18 akka ta'e tumullee "Sababiin cimaan" yoo jiraate ulaagaan kun hayyama Haagganaa Biiroo Dhimma Seeraatiin hanga waggaa 16tti gadi bu'uu akka dnda'us kaa'eera. As irratti "sababiiwwan cimoo" kan jedhaman maal fa'a ta'uu akka danda'an fakkeenyaan ibsaa! Akkusmas, haayyama akkasii kan kennu biiroo dhimma seeraa qofaadhaa? Caasaaleen gadi-aanan qajeelchi dhimma seeraa ykn waajjiraaleen dhimma seeraa hoo tumaan seeraa kun hammachuu hin dandauu? Sababiin deeggaraa ibsaa?
5. SMO kwt. 31 jalatti hayyamni humnaan kennamu guutuu akka hintaane tumee jira. "Humna" kan jedhu kun akkamitti hiikamuu qaba laata? Dhiphateeti moo bal'ateeti?

1.2.3. Hir'achuun ulaagaalee bu'uuraa bu'aa hordofsiisan

Raawwii gaa'ela tokkoo keessatti sirni ittiin raawwatame kamuu ta'u ulaagaalee dirqisiisoo seerichi kaa'e kanneen kuta 1.2.2 jalatti ilaalaman guutamuu akka qaban seerichi kan tume ta'uun ni beekama. Haata'umalee ulaagaalee kanneen keessaa tokko yoo hir'ate bu'aan seera duratti hordofsiisu maal akka ta'ee fi akkamitti akka raawwatamus xiinxaluun rakkoolee gama kanaan hojii irratti mul'atan sakata'uun gaarii ta'a.

Seerri Maatii Oromiyaa hir'achuu ulaagaalee kanneenii ilaalchisee boqonnaa 3^{ffaa} kutaa 3 fi boqonnaa 4^{ffaa} kwt.34-55 jalatti tumaalee kan diriirse yoo ta'u tumaaleen kunniinis hir'ina ulaagicha ilaallatuu bu'uura gochuun gaaffiin eenyuun akka dhiyaatuu fi yoom dhiyaachuu akka qabu kan ibsaniidha. Kana malees gaaffiin gama kanaan dhiyaatus gaa'elli hir'ina ulaagaa bu'uuraa qabu tokko akka hin raawwanne dhoorkuuf mormii ka'u fi sadarkaa kana irra darbee gaa'ela raawwatame yoo ta'e immoo akka diigamuu danda'u kan dhiyaatu ta'uu tumaaleen kunniin ni agarsiisu.

Waan ta'eefis, bu'aan inni duraa raawwii gaa'elicha hir'ina bu'uuraa qabaachuun mirkanaa'ee tokko jalqabumatti akka hafu taasisa[44]. Eega raawwatame booda yoo ta'e

[44]SMO kwt.34-38 jellatti gaa'eli hanqina ulaagaalee bu'uuraa qabu akka hinraawwatamne mormuun akka danda'amuu fi mormiinis haala ittiin dhiyaatu diriirsee jira.Bu'uura kanaanis mormichi fudhatama yoo argate raawwii gaa'elichaa kan hambisu akka ta'e seericha kwt.37 (3) jalatti tumameera.

immoo diigamuu gaa'elichaa hordofsiisa jechuudha. As irratti wanti xiinxalamuu qabu gaa'elli hir'ina bu'uuraa qabu tokko sadarkaa raaawwii isaa irratti osoo hin mormamin yoo hafeefi kan raawwatame yoo ta'e hanga yeroo diigamuutti bu'aa seeraa qabaachuu fi dhiisuu isaati.

Kunis, seerichi ulaagaaleen bu'uuraa kun guutamuu akka qabaniifi osoo hin guutamin gaa'ela raawwachuun dhoorkaa akka ta'e tumuun alatti gaa'elli haala kana irra darbuun raawwatamu tokko seera duratti bu'aa hin qabu jechuun hintumne. Waan ta'eefis, gaa'elli hir'ina osoo qabuu mormii malee raawwatamu tokko bu'uura ulaagaa hir'atee sanaan gaaffii dhiyaatuun hanga diigamutti bu'aa seeraa hin qabu ykn hin hordofsiisuu jechuudhaaf rakkisaa ta'uu isaatuu hubatama. Muuxannoon biyyootaa gama kanaan jirus, ulaagaan bu'uuraa kabajamuu dhabuu irraan kan ka'e bu'aan inni hordofsiisu adda adda dha.

A void marriage, in the eyes of the law, is one which is deemed to have never taken place. Its very existence is negated and hence the term used for describing such marriages is void ab initio. Even when the parties have not obtained a court decree invalidating the marriage, the marriage cannot be deemed as valid. A formal decree permits the court to make a judicial declaration of the fact that the marriage is void. The premise most often used for the plea of declaring the marriage void is bigamy. **The issue of validity of marriage surfaces most often when women claim their right to maintenance.**

A voidable marriage is one which will be considered valid until a decree annulling it has been pronounced by a court of competent jurisdiction. The invalidation is only at the instance of one of the parties. Until such a declaration, the marriage is deemed valid and the parties are bound by mutual rights and obligations.[45]

Akka biyya keenyaa ykn naannoo keenyaatti gaa'illi sirumaa seera fuulduratti fudhatama hin qabaanne (void) ta'e jiraa kan jedhu yoo ilaalle, fkn'f seerri maatii gaa'ila gaa'ilarratti raawwatamu dhorku illee, qabatamni hawaasa keessa jiru faallaa isaa ta'uurraan kan ka'e Manneen murtii keessatti illee ulaagaan bu'uuraa ykn dirqisiisaa ta'e kabajamuu baatu illee

[45]Flavia Agnes (2011) Family Law, Marriage, divorce and matrimonial litigation, vol. 2, p.11 -12

hanga Mana Murtiitti gaa'illi kun seera fuulduratti fudhatama hin qabu jedhamee diigamutti mirgaa fi dirqama jiruuf beekumtii ykn eegumsa taasisuun isaa akka sirna keenyaatti gaa'illi siruma hin jirre (void) ta'e kan hin jirre ta'uu isaa hubanna.Kunis SMO kwt 123 irraa akka hubatamutti haallan fuudhaa fi heerumaa kwt 48 hanga 55 jiran hirrachuurraan kan ka'e hiikkaan fuudhaa fi heerumaa kan murtaa'e yoo ta'e, manni murtichaa hiikkichi maal akka hordofsiisu haqummaa madaaluudhaan murteessa jechuun tumamee jiru irraa kan hubatamu akka sirna keenyaatti gaa'illi jalqabumaa kaasee hin jiru ture (void) haalli itti jennu kan hin jirre ta'uu isaa hubachiisa.Haala wal fakkaatuun, MMWF Dh.Ij.[46] hiikoo kenneen fkn'f gaa'ila gaa'ila irratti raawwatamuun isaa gaa'illi booda raawwatame duruma kan hin jirre dha(**void ab initio**) haalli jechisiisu kan hin jirre ta'uu hiikoon kennes yaada olitti kaafne kan deeggaru dha.

Tumaalee seeraa maatii Naannoo Oromiyaa gadifageenyaan yoo xiinxalaman gaa'elli hanqina ulaagaa bu'uuraa qabu tokko yoo gaaffiin irratti dhiyaate kan diigamu ta'us hanga sanatti garuu bu'aa seeraa akka qabu ifaan agarsiisan. Gaaffiin ykn mormiin gonkumaa kan irratti hindhiyaatin yoota'e immoo akkuma gaa'ela kamiiyuutti bu'aa hordofsiisuun jiraata jechuudha[47]. Haaluma walfakkaatuun, diigamuu gaa'ela hir'ina ulaagaa bu'uuraa qabuu tokko kan murtaa'u akkatuma ulaagaa hir'atee irratti hundaa'uudhaan gaaffii garee dhimmichi na ilaala jedhuun ykn miidhameera jedhuun ykn firoota nu ilaala jedhaniin ykn abbaa alangaatiin akka ta'e seerichi ifaan tumeera[48]. Haata'umalee gaaffiin haala kanaan dhiyaate osoo hin jiraatin manni murtii tokko adeemsa falmii keessatti hir'ini ulaaga bu'uuraa jiraachuu isaa yoo hubate ykn arge maal gochuu qaba kan jedhus qabxii isa biroo xiinxala barbaaduu dha.

[46]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 39408 ta'e irratti Iyyataa Ob. Argaaw Abaache fi waamamtuu Ad. Asteer Abagaaz N 2 (jildii 10ffaa)

[47]SMO kwt.48-53 jeltti kan tumaman yoo ilaalaman mormiin ykn gaaffiin diiggaa gaa'ela hir'ina qabuu darba yerootiin daangeffamuu akka danda'uu fi daangaan kaayame eega darbe booda gaa'elichi akkuma ragga'etti kan itti fuufu ta'uu mirkaneessu.Fkn hanqina umrii yoo ta'e umriin seeraa yoo guutame,hanqina hayyamaa yoo ta'e sababii isaa eega hafee ji.a jaha booda fi kkf kan daangeffamu akka ta'e nihubbachiisu.Dabalataanis, gaa'elichi hir'ina waanqabuuf jelqabumaahuu bu'aa akka hin qabaanne yoo godhame qabeenyaa fi dantaa daa'imman dhalataniitis rakkoo keessa waangalchuuf seerichis haaluma kana hubchuudhaan hanga diigamutti gaa'elichi bu'aa seeraa akka qabaate tumeera.(Mahaarii Raddaa, miil-jelee 2 fuula 40-47 ilaaluun nidanda'ama.)

[48]Isuma miil-jalee lakk.30 jalatti himame.

Kanaaf, manni murtichaa gaa'elichi hir'ina bu'uuraa qaba jechuudhaan kaka'uumsa mataa ofiitiin bu'aa hin qabu ykn diigamaadha jedhee murteessuuf bu'urri seeraa dandeessisu hin jiru. Gama biraatiin immoo dhimmichi seera cabsuun kan raawwatame ta'uu ifaan osoo arguu sababa gaaffiin hin dhiyaanne qofaaf ykn falamiin hin kaane duwwaadhaaf bu'aa seeraa kennuunis haqa qabeessaafi kaayyoo seeraa waliigalaa kan hordofe ta'aa laata? Kan jedhu irratti leenjifamtoonni caalaatti mariin kan gabbisan ta'a. Yeroo hedduu manneen murtii qabatama hojii irratti yaadota lameen ibsaman kana walsimsiisuuf yemmu rakkaatan hubatama. Rakkina qabatamaan ibsuuf jecha dhimma mana murtiitin ilaalame tokko akkuma fakkeenyaatti haa ilaallu.

Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baaleetti oliyyannoon[49] ilaalamee murtaa'e tokkoon oliyyattuufi D/kennituun niitolee du'aati jechuun isaan lameenuu mana murtii aanaa irratti niitumaa mirkaneeffachuuf iyyannoo dhiyeessan.Jalqaba D/ kennituun du'aa waliin bara 1984 gaa'ela kan raawwatteefi nitii isaa ta'uu ragaa barruu fuudhaa fi heerumaa jaarsa fira duratti raawwatame dhiyeessuudhaan M/Murtii aanichaatti niitummaa eega mirkaneeffatte booda oliyyattuunis du'aa waliin gaa'ela bara 1989 raawwachuufi niitii ta'uu ishii kan mul'isu ragaa fuudhaa fi heerumaa Bulchiinsa Magaalaa Gindhiir irraa manuma murtii aanichaa sanatti dhiyeessuudhaan niitummaan akka mirkanaa'uuf gaaffii dhiyeessiteerti. Yeroo kana D/kennituun gaaffii oliyyattuu mormuudhaan kan falmite yoo ta'u, manni murtii aanichaa garuu murtii kennan oliyyattuun gaa'elli du'aan D/kennituu waliin raawwatee ture diigamuu isaa wantii falmitee fi mirkaneessite kan hin jiree ta'uu ibsee gaa'elli oliyyattuudhaa fuudhaa fuudha irratti raawwatameedha jechuudhaan seera duratti fudhatama hinqabu jedhee gaaffii niitummaa oliyyattuu kufaa godheera.

Oliyyattuun gama ishittiin oliyyata mana murtii ol'aanatti dhiyeessite keessatti ijoo kamii ibsiteen 1ffaa, gaa'elli ga'ela irratti waan raawwateef haadigamu gaaffiin jedhu kan hin ka'in ta'uu, 2ffaa otuu ka'eeyyuu dhiyaachuu kan danda'u osoo du'aan lubbuun jjiru ta'uu kan qabu ta'uu fi, 3ffaa oliyyattuun du'aa waliin gaa'ela seera qabeessaa qabaachuu ishii ragaan seeraa qaama angoo qabu irraa dhiyaachuufi gaa'elli D/kennituudhaa digamuu isaa mirkaneessuuf ykn falmuudhaaf sadarkaa kanatti oliyyattuun dirqama kan hin qabne ta'uu ishee kaasuudhan, M/Murtii aanichaa dhimma falmiin irratti hin ka'iniifi osoo ka'e iyyuu

[49]Galmee Ol'iyyannoo Lakk. 054548, (2001)

yeroo isaa hin ta'in ofii isaatii kaasuudhaan gaaffii ishee kufaa gochuun isaa dogongora bu'uuraati jettee murtichi akka dilgamuuf gaafatteerti.

Manni Murtii oliyyata dhagahes gama isaatiin dhimmicha eega xiinxale booda murtii m/m/annichaa dhiiguudhaan oliyyattuunis niiti du'aa ta'uu ishee mirknneessuun murtii laateera. Murtii kenne keessattis " gaa'elli gaa'ela irratti raawwatameera jechuun gaaffiin kan dhiyaachuu qabu osoo du'aan lubbuun jiru ta'uu akka qabuu fi osoo ta'e iyyuu D/kennituun falmiin ykn gaaffiin gama kanaan kaaste osoo hin jirre Manni Murtii jalaa ijoo falmii keessa hin jirre ofii kaasuun isaa sirrii miti yoo jedhu, oliyyattuu ilaalchisee niitii du'aa ta'uu ishee ragaan seera qabeessa ta'e bakka mirkaneessee jirutti dubartoota lameeniifuu niitumma mirkaneessuun ala fuudha irratti fuuni raawwatamuun ilaalcha keessa galuu kan qabuu miti." jechuun ibseera.

Haaluma walfakkaatuun dhimmuma walfakkaataa ta'e tokko irratti Manni Murtii Waliigala Federaalawaa Dhaddachi Ijibbaataa[50] oliyyannoon ilaalee murtii kenneen gaa'elli gaa'ela irratti raawwatamuu isaa ilaalcha keessa osoo hin galchin dubartoonni walfalmaa turan lemeenuu niitii du'aa ta'uu mirkaneesuudhaan mormii oliyyattuun dhiyeessite kufaa godhee murtii mana murtii jalaa cimseera. Egaa haala kana irraa kan hubatamu, hir'ina (ulaagaa bu'uuraa tokko garee seeraan angoon kennameefiin yoo dhiyaate malee ykn ijoo falmichaa ta'ee yoo argame malee manneen murtii ofii isaaniif osoo hin kaasin gaa'ela dhimichi ilaallatuuf bu'aa seeraa kennuu akka qaban agarsiisa.

Gaafilee Marii

1) Gaa'elli tokko ulaagaa bu'uuraa seerri gaafatu osoo hinguutin raawwatamee yoo argame bu'aan inni hordofsiisu seera duratti gonkumaa hin jiru (void) yaada jedhuu fi, hanga hir'uu ta'uun mirkannaa'ee diigamutti bu'aa seeraa niqaba (viodable) yaada jedhu walbira qabuudhaan isa kamtu caalatti amansiisaa akka ta'ee fi seerri maatii Oromiyyaa yaada isa kam akka hordofu sababii waliin ibsaa? Muxannoon gama kanaan ittiin hojjatamaa jiru maal akka fakkaatus mariin sakatta'aa?

[50]Galmee Ijibbaataa Lakk. 20938, (1999); Galmee Ijibbaataa lakk.21740 (2000) fi, Galmee Ijibbaataa lakk.23493 (1999): murtiin galmee isa jalqabaa barruu murtiilee M/M/W/F/I/Dhaddacha ijibbaataa jiildii 3$^{ffaa;}$ lameen boodaa immoo jiildii 5^{ffaa} keessatti maxxanfamanii jiru.

2) Murtiilee olitti ilaalaman keessatti “hir’aachuu ulaagaa gaa’elaa irratti gaaffiin yoo dhiyaate ykn falmiin yoo ka’e malee manni murtii ofii isaa kaasuu hinqabu.” yaada jedhu akkamitti ilaaltu? Sababiidhaan deeggaratii ibsa?
3) Gaa’elli tokko sababa hir’ahuu ulaagaalee bu’uuraatiin yoo diigame bu’aan inni dhuunfaa walfuutotaa fi qabeenya irratti hordofsiisu maal ta’a jettu?
4) SMO kwt.25 (2) jalatti gaa’ela raawwachuuf gabbara ykn kanfaltii bifa kamiiyyuu gaafachuu fi kennuunis dhoorkaa akka ta.e ibsameera. Haata’u malee gabbarri hawaasa Naannoo Oromiyaa tokko tokko biratti raawwii gaa’elaa akka sirna aadaatti godhamuuf ulaagaa tokkoodha. Haalli Kun bu’aa akkamii hordofsiisa? Gabbara ykn kanfaltii bu’uura kanaan kenname deebisiisuuf SMO ni hayyamaa? Akkamitti gaafatamuu qaba jettu?
5) Seerri Shari’aa kaffaltiiwwan akka kennaa (hiba), naqafaa (wakf) gaafchuu ykn kennuu nihayyama. Gaa’elli akkaataa kanaan raawwatamu tokko gaafa mana murtii idileetti bu’uura SMOn dhihaatu akkamitti ilaalama? Kennaa ykn nafaqaa fi gabbarri garaagarummaa niqabuu? Fakkeenyaan ibsuun mari’adhaa.

BOQONNAA LAMA

2. WALITTI DHUFEENYA GAA'ELLI HARIIROOWWAN BIROO WALIIN QABU

Seensa

Armaan dura gaa'elli amaloota uumama isaa irraa maddan, hariiroowwan ykn waligalteewwan biroo irraa adda Kan isa godhu akkaataa hundeeffama isaa irraa eegalee hanga hiikkaatti Kan qabu ta'uu fi amaloonni kunis maal akka ta'an boqonnaa 1ffaa kutaa jalqabaa keessatti ilaalamuun isaa ni yaadatam. Kunis haala waliigala ta'een Kan xiinxalame malee kallattiidhaan gaa'elaa fi hariiroowwan biroo walqunnamtii saalaa irratti hundaa'an walbira qabuudhaan kan sakatta'amee miti. Qabxii boodaa kanarrattis Moojulichi boqonnaa 2ffaa kana keessatti bal'inaan kan irratti xiyyeeffatu ta'a.

Haaluma kanaan, dhimmoota seera maatii irratti hundaa'uun ka'anii fi qabatama hojii irrattis rakkoolee ta'anii mul'atan keessaa tokko gaa'elaa fi hariiroowwan walqunamtii saalaa irratti hundaa'an kan biroo seeraan beekumtiin kennameef addaan basuu dadhabuudha. Kanaafis, moojulichi kun akka rakkoo ijootti kan irratti xiyyeeffate keessaa walitti dhufeenyi gaa'elaa fi hariiroo biroo gidduu jiru qabxii xiinxala boqonnaa kanaati.

Kallattidhaanis, garaagarummaan gaa'ela, kaadhimummaa fi fuudhaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu gidduu jiru maal akka ta'ee fi bu'uura seeraatiinis dhaabbanni gaa'elaa tokko hariiroowwan tuqaman lameen irraa akkamitti adda bahee ibsama ykn beekama gaaffii jedhu akkaataa hundeeffama, bu'aawwan hordofsiisan, haala mirkanaa'inaa fi akkaataa diigama isaan tokkoo tokkootiin walbira qabuudhaan kan xiinxalamu ta'a.

Bu'uruma kanaan, leenjifamtoonni xumura boqonnaa kanaa irratti:

- *Gaa'elli seera qabeessa ta'e raawwatamuufi jiraachuu isaa mirkaneessuu keessatti hariiroowwan akka kaadhimummaa fi fuudhaan ala waliin jirachuu irraa adda baasaanii bu'uura seeraatiin murteessuuf hubannoo ni cimsatu.*

- *Bu'aawwan gaa'elli hordofsiisuufi kanneen hariiroowwan tuqaman kunniin hordfifsiisan gargar baasanii beekuudhaaf hubannoo nidabalatu.*
- *Gaa'eelli ragga'u jiraachuu mirkanneessuu keessattis maalummaa gaa'ela ragga'uu fi tooftaalee ittiin mirkanaa'u beekanii akkaataa seraatiin ittiin hojjachuudhaaf ogummaa (skill) qaban gabbifachuu ni danda'u.*
- *Dhumarrattis, rakkoolee gama kanaan mul'atanis/jiranis xiinxala moojulichaa, dhimmoota qabatamaa akka fakkeenyaatti moojulichi dhiyeessee fi muxannoo leenjifamtoonni hojii irratti qaban mariin waljijjiiruu irraa kan hubatan yoo ta'u, maddi rakkoolee kanaatis hanqina hubannoo irraa ta'uu fi ykn qaawwa tumaalee seeraa irra ta'uu adda baasanii beekuudhaan hanqina hubannoo leenjichaan dhiphisuudhaan kan seeraa irratti immoo haala ittin cufanii hojjachuu dandeessisu irratti kallattii furmaataa walfakkaatu qabachuun hubannoo waligalaa nihoratu.*

2.1. Gaa'elaa fi Hariirowwawan Biroo Bu'uura Seera Maatiitiin Beekumtii Qaban

Seera Maatii Oromiyaa keessattis ta'ee seeroota maati biroo akka biyyattitti jiran keessatti hariiroowaan dubaraa fi dhiira giddutti karaa saalaatiin uumaman beekumti seeraa qaban nijiru. Isaan keessayis gaa'elli (marital union)[51] fi gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun (irregular union)[52] kan Oromiyaa dabalatee seerota maatii biroo biyya kana keessa jiraniin kan beekaman yoo ta'u, seerri maati Oromiyaa fi naannoleen tokko tokko dabalataanis kaadhimummaa[53] akka dhaabbata tokkootti osoo hin taane akka sirna hariiroo gaa'elaan duraatti beekumtii kenneefi jira.

Kallatiinis, SMO boq. 3^{ffaa}-7^{ffaa} keessatti waa'ee hariiroo gaa'elaa, boqonnaa 2^{ffaa} keessatti waa'ee kaadhimummaa fi, boqonnaa 8^{ffaa} keessattii immoo waa'ee gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niititti waliin jiraachuun tumaamee jira. Haaluma kanaan, hariiroowwan olitti

[51]SMO kwt.19 jalatti gaa'elli karaa sirnoota raawwii sadiin hundeeffamuu akka danda'uu fi kwt.24 jalatti immoo sirnoota sadeeniin ala gaa.elli raawwatamu bu'aa seeraa kan hinqabne akka ta'e tumeera. Kanaaf gaa'elli hariiroo dhiira tokkoo fi dubara tokko gidduutti akkaataa sirnoota sadeen keessaa isa tokkootiin ulaagaalee bu'uuraa seerri gaafatu guutuudhaan kan hundeeffamu dhaabbata seeraati jechuudha.
[52]SMO kwt.128 akka ibsametti dhiirri tokkoo fi duarri tokko akkaataa sirnoota raawwii gaa'elaa sadeeniin gaa'ela osoo hinraawwatin akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun hariiroo uumaniidha.
[53]SMO kwt.9: kara fuulduraatti walfuudhuudhaaf waadaa ykn walta'iinsa ykn waliigaltee dubara tokkoo fi dhiira tokko giddutti galamu ykn godhamuudha.

ibsaman kanaan alatti hariiroowwan kan biroo dhiiraa fi dubara tokko giddutti godhaman seera duratti bu'aa wayituu kan hinqabne (beekumti seeraa kan hinqabne) ta'uu SMO kwt.139 (1) jalatti ifaan tumee argama.

Egaa, bu'uruma diriirfama tumaalee seeraa kanaan gaa'elli hariiroowwan olitti ibsaman waliin garaagarummaa fi walfakiin qabu maal akka fakkatuufi haaluma kanaan walqabatee rakkoo qabatamaan mul'atus maal akka ta'e tokko tokkoon walbira qabuun ilaaluun barbaachisaadha.

2.1.1. Gaa'ela fi kaadhimummaa

Akka waliigalaatti, gaa'elaa fi hariiroowwan lamaan hafan seera duratti beekumtii kan qabanii fi bu'aalee hordofsiisan kan mataa mataa isaanii qabachuu akkasumas walqunnamtii hirmaannaa dubara tokkoo fi dhiira tokko irratti hundaa'an ta'uun isaanii haallan wal isaan fakkeessaan jechuun ni danda'ama. Kana malees, gaa'ellii fi gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun walqunnamtii akka dhaabbata tokkootti hundeeffaman yoo ta'an kaadhimummaan garuu hariiroo akka sirna waadaa gara fuulduraatti hundaa'eedha.

Akkasumas, sadarkaan seera duratti qabaniifi bu'aan hordofsiisaan garagara haata'u malee sadeen isaaniituu argama maatii tokkoof akka wixineetti kan ilaalamaniidha. Haala kanaan alatti gaa'ela kallattiidhaan wanti adda godhan heddutu jira. Wantoonni kunniinis gaa'elaafi hariiroowwan kaan gargar baasanii iddoo fi bu'aa seera duratti qaban murteessuudhaaf gahee ol'aanaa qabachuun isaanii gamanumaan hubachuun gaarii dha.

Gaa'ela ilaalchisee qabxiin inni duraa hiikka isaa yoo ta'u SMO keessatti garuu hiikni kennameef kan hin jirre ta'uun ni hubatama. Haata'u malee hiikkaa guutumaan guutuutti gaa'ela ibsu kaahuun rakkisaa ta'ullee[54] ibsa maalummaa gaa'elaa irratti boq.1[ffaa] keessatti

[54]Barruu wixina seera maatii Federaalaa Ministeera Haqaatiin qophaa'e kwt.31 jalatti hiikni gaa'elaaf kan kennamee ture yoo ta'u, haala kanaan hiikni kennamu kamuu gaa'ela guutumatti ibsuuf kan hindanda'mne ta'uu himuudhaan hiika kennuu irra maalummaa gaa'elaa tumaalee seerichaa walitti xiinxaluun hubachuu wayya jedhamee keewwatichi wixinee kun seerichi yemmuu ragga'u akka keessaa hafu godhamuu isaa dhimmicha irratti miseensa koree sanaa kan ture obboo Mahaarii Raddaa himaniiru.(kitaaba miil-jelee lakk.2 irratti caqafame fuula 12 haa ilaalamu). Tarii SMOtis sababuma walfakkaatuun hiika gaa'elaa kennuu dhiise ta'a.

kennamee fi tumaalee seera maatii rogummaa qaban walitti xiinxaluudhaan hiika waliigalaa kennuun ni danda'ama.

Kunis, gaa'ela jechuun;

dhiiraa fi dubarri umriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta'e tokko walitti hidhatiinsa hafuuraa fi qaamaa[55] *uumuudhaaf yaadanii dhiirsaa fi niitummaan waliin jiraachuudhaan fedhii guutuu fi bilisa ta'een waliigaltee godhaniin akkaataa aadaa ykn amantaa fedha isaaniitiin ykn sirna siiviliitiin raawwii isaa mirkanneessanii maatii gammachuu qabu horachuudhaaf kan hundeessan dhaabbataa beekumtii seeraa qabudha*[56].

Egaa gaa'elli waliigalteedhaan kan hundaa'u dhaabbata seera qabeessa ta'uu hiikni olitti kenname ni mul'isa. Waliigaltee yemmuu jedhamus wanti ifa ta'uu qabu ni jira. Innis 1[ffaa] gaa'elicha hundeessuudhaaf murteessaan fedhii walfuutota lameenii ta'uun isaa waliigaltee yoo isa taasises waliigalteewwan biroo kan seera siivilii keessatti himamaniin tokkoo miti. Sababiinis gaa'elli dhimma dhuunfaa walfuutota qofaa osoo hintaane mirgi namoomaatii fi ijoollee kan keessatti hundaa'u waan ta'eef mootummaa fi hawaasnis dantaa fi fedhii ol'aanaa irraa qabu (unlike contracts in general marriage is not a purely private matter to the spouses. Rather it is more of public concern in its nature)[57]. Biyyoota biraattis gaa'illi akka itti hubatamu ogeeyyiin gama kanaan jiran yoo ibsan, Ogeessi Justice Joseph jedhamu gaa'ila akka ibsetti: marriage was regarded as **"more than a mere contract**" in America (and in the common law generally) because of its mixture of **covenantal and contractual**, **communal and individual elements**.[58] Kunis gaa'illi fedhii fi dantaa hawaasa ball'aa fi

[55]Seera Maatii Biyya Indooneezhiyaa kwt.1 jalatti hiika kenname keessatti ***"spiritual and material ties"*** jechuun kan ibsame ergifachuudhaan Afaan Oromootiin ibsuuf kan yaalame.

[56]Tumaalee SMO rogummaa qaban walitti xiinxaluudhaan hiika qopheessaan moojulichaa gaa'elaaf kennuu yaaleedha.

[57]Fkn walfuutotni hanga fedhan gaa'ela raawwachuuf waliigalanis, ulaagaalee bu'uuraa hundaa guutuu baannaan maatii isaan, abbaa alangaa ykn qaamni kamiiyyuu mormuu danda'a ykn gaaffii diiggaa gaa'elichaa dhiyeessuu danda'a.

[58]John Witte Jr. and Don S. Browning, Christian Marriage and Modern Marriage Law (Cambridge: Cambridge University Press) (forthcoming); John Witte Jr. and Joel A. Nichols, "**More than a Mere Contract**: Marriage as Contract and Covenant in Law and Theology," University of St. Thomas Law Journal 5 (2008): 595–615. For more on the history of marriage and divorce in America, see Nichols, "Reconsidering the Boundaries" (Joel A. Nichols); Presser, "Marriage and the Law" (Joel A. Nichols); Joel A. Nichols (ed. 2012) Marriage and Divorce in a Multicultural Context Multi-Tiered Marriage and the Boundaries of Civil Law and Religion, Cambridge university press, p. 362

kan dhuunfaa wal fuutootaa of keessatti kan qabu waan ta'eef waliigaltee namoota dhuunfaa gidduutti barame sana irraa adda ta'uu isaa kan hubachiisu dha.

2ffaa waliigalteen raawwii gaa'elaa kun waliigaltee gaa'elaa SMO kwt.58 jalatti *"waliigaltee fuudhaa-heerumaa"* jedhamee caqafame sanaan adda ta'uun isaa ifa ta'uu qaba. Waliigaltee raawwii gaa'elaa yemmuu jennu walta'iinsa walfuutonni lameen gaa'ela akkaataa sirnoota sadeen keessaa isa tokkoon raawwachuudhaaf galan yoo ta'u, waliigalteen gaa'elaa immoo walfuutonni osoo gaa'elicha hinraawwatin dura ykn guyyaa raawwii gaa'elichaa bu'aa gaa'elli isaanii gama qabeenyaan hordofsiisu irratti waliigaltee seenan jechuudha.

Kanaaf, kan amma asiitti ilaalaa jirrus waliigaltee raawwii gaa'elaa yoo ta'u, innis walfuutota irratti mirgaa fi dirqama kara dhuunfaa isaani fi gama diinagdeetiinis bu'aan hordofsiisu seeraan tumameera. Gama dhuunfaa walfuutotaatiin walkabajuu, waliif yaaduu, walgargaaruu, waliin jiraachuu walqunnamtii saalaa raawwachuufi kkf mirgaa fi diraqama walii isaanii irratti kan fidu yoo ta'u[59], gama diinagdeetiinis, qabeenya dhuufaa fi waliinii horachuu, waliin bulchuu fi kkf hordofsiisa[60]. Isa boodaa kana walfuutonni waliigaltee *"fuudhaa-heerumaa"* SMO kwt.58 jalatti himame sanaan murteeffachuu danda'u jechuudha.

Kana malees, gaa'elli dhaabbata sanyiin keessatti horatamu waan ta'eef ijoollee ykn daa'imman dhalatan kunuunsanii mirgaafi dantaa isaanii eeguudhaan lammii naamusa gaarii qabu akka ta'anitti guddisuunis itti gaafatamummaa gaa'elli walfuutotarratti hordofsiisu akka ta'e tumaalee seerichaa irraa ni hubatama[61]. Kanaaf, gaa'elli hiikaafi bu'aalee olitti gabaabinaan ibsaman kan qabu yoo ta'u, sirni kaadhimummaa immoo hariiroo waliigalteen waadaa gara fuulduraa walfuudhuudhaaf ittiin waliigalamuufi kunis yeroo waggaa tokko keessatti gara fuudhaafi heerumaatti raawwatamuu qaba[62]. Yoo waggaa tokko keessatti fuudhaafi heerumni raawwachuu baate immoo kaadhimichi beekumtii seeraa kan dhabu ta'a. Kana jechuun immoo bu'aan sirni waliigalteen

[59]SMO kwt.65-72
[60]SMO kwt.73-89
[61]Bu'aan kun namoota gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraatanis kan ilaallatu ta'uun isaa haahubatamu.
[62]SMO kwt.9-18

kaadhimummaa sun hordofsiisu hin jiru jechuu akka ta'u SMO kwt.13 irraa hubachuun ni danda'ama.

Gama biraatiin, gaa'elli hariiroo dhuunfaa walfuutotaa fi diinagdee isaanii irrattis bu'aawwan seeraa kan hordofsiisuu fi isaanis kan armaan olitti ibsaman ta'uu SMO boq. Shan (5) kutaalee tokkoo hanga sadiitii kan diriirse yoo ta'u, kaadhimummaan garuu wal kaadhimmattoonni waadaa galan eeganii gaa'ela yeroo waggaa tokko hin caalle keessatti raawwachuudhaaf kan dirqaman ta'uun alatti dhuunfaa isaanii irrattis ta'ee gama diinagdeetiin bu'aan seera duratti waliigalteen kaadhimummaa hordofsiisu hin jiru[63]. Haata'u malee, waliigalteen wal kaadhimmachuu kun sababa badii isa tokkootiin yoo diigame bu'aan inni hordofsiisu, baasiwwan kaadhimmaa kanaaf bahee fi kennaan maatiidhaaf kenname yoo jiraate bakka buusuu fi waliif deebisuu akkasumas beenyaa haamilee illee kan kanfalchiuisu ta'uun tumamee jira.[64]

Bu'uura seerichi tumeen yemmuu ilaalamu garaagarummaan gaa'elaa fi kaadhimummaa gidduu jiru ifaan kan beekamu yoo fakkaatellee, akkaataa raawwii isaaniitiin walqabatee garuu yeroo hedduu rakkini ni mudata. Kunis, sirni raawwatame sirna gaa'elaa ta'uu fi ykn sirna kaadhimummaa ta'uu irratti waldiddaan uumaamuudhan manneen murtiitti dhimmi yoo falmamu argama. Manneen murtiitis sirnichi kaadhimummaa ta'uu fi gaa'ela ta'uu murteessuu irratti hubannoo seeraa walfakkatu kan qaban hin fakkaatu.

Waan ta'eefis, gaa'elaa fi kaadhimummaa irratti qabxiin inni 2^{ffaan} xiinxala barbaadu raawwii sirnoota kanneen lameenii ta'a. Akkuma boq.1^{ffaa} keessatti ilaaluuf yaalametti gaa'elli sirnoota karaa sadiin raawwatamuu akka danda'uufi kanaan alatti gaa'elli raawwatamu kamuu seera matii duratti beekumtii kan hin qabne akka ta'es tumaalee seerichaa eeruudhan ibsameera. Asirratti qabxii xiinxalaa amma kaafneef bu'uura kan ta'e, 1^{ffaa} sirnoota gaa'elli ittiin raawwatamu keessaa sirni aadaa fi amantii isaan bal'inaan beekamaniifi hojii irrattis qabatamaan mul'atan ta'uufi, 2^{ffaa} sirni kaadhimummaatis akkaataa barmaatilee iddoo raawwii sirnichaatti ykn barreffamaan kan raawwatamu akka ta'e SMO kwt.11 jalatti tumamuu isaati.

[63]SMO kwt.13
[64]SMO kwt 14, 15 fi 16 ilaallata

Egaa haala kanaan, sirni kaadhimaa tokkoo fi sirni gaa'ela tokko akkaataa aadaa naannichaatti ykn amantaa tokkotti raawwatamuu waan danda'uuf, sirni aadaa ykn amantaa jedhame sun akkaataa ija seera ilaaluutiin yemmuu madaalamu, sirnichi raawwatame kaadhimummaa ta'uufi gaa'ela ta'uu isaa addaan baasuudhaaf hedduu walxaxaa ta'ee mudata. Qabxii kana dhimma boqonnaa 1ffaa keessatti gaa'ila akka aadaatti raawwatame qabatamaan adda baasuu irratti rakkoo jiru agarsiisuuf yaalle waliin kan wal qabatu dha.

Kanamalees, sirni raawwatame tokko kaadhimummaa yoo ta'es kaadhimamtoonni garuu guyyaa raawwii kaadhimichaa irraa kaasee hariiroo addaa uumuudhaan ulaagaalee hariiroon gaa'elaa tokko qabu calanqisiisanii waliin waan jiraataniif, haala kana keessatti waldiddaan ka'uudhaan dhimmichi mana murtii dhiyaatee ni falmama. Kanaan alattis, kaadhimamtoonni eega sirna wal kaadhimmachuu godhatan booda, baasii fi adeemsa sirni raawwii gaa'elaa gaafatu yaadda'uudhaan sirna gaa'elaa tokkooyyuu osoo hin hordofiin calluma jedhanii walitti galuudhan walfuuneerra jechuun haalli ittiin wajjiin jiraatanis bal'inaan mul'ata.

Egaa bu'uura kanaan ijoollee fi qabeenya horatanii osoo jiraatanuu waldhabbiin yemmuu uumamu, dhimmicha mana murtiitti dhiyeessuudhaan hiikkaa gaa'elaa gareen tokko ni gaafata. Adeemsi hiikkaa gaa'elaa hariiroo biroo irraa adda waan ta'eef manni murtii dursee walitti dhufeenyi kun hariiroo gaa'ela tu'uu fi dhiisuu adda baasuu qaba waan ta'eef dhimmicharratti murtiin kennamu immoo manneen murtii keessatti garaagarummaa kan qabu ta'uun isaa tumaalee seeraa dhimmichi ilaalu irratti hubannoon walfakkaatu kan hin jirre ta'uu mirkaneessa. Qabatama hojii gama kanaan jiru madaaluudhaaf murtiilee tokko tokko mee fakkeenyumaaf itti aansinee haa ilaallu.

Dhimma Mana Murtii Olaanaa Godina Baalee oliyyannon[65] ilaalame tokkoon oliyyataan mana murtii aanatti himata hiikkaa gaa'elaa dhiyeessee ture manni murtii aaniichaa "dhimmichi gaa'ela osoo hintaane fuudhaan ala waliin jiraachuu waanta'ee fi kunis waggaa sadii waan hinguunneef bu'aan akka gaa'elaatti hordofsiisu hinjiru." jechuun murteesseera.

[65]Galmee Ol'iyyannoo Lakk. 064973, (2001)

Manni murtii ol'aanaa immoo murtii mana murtii jalaa yoo cimses, sababiin isaa garuu dhimmichi gaa'ela ta'uu baatus fuudhaan ala waliin jiraachuu osoo hin taane kaadhimummaadha kan jedhu dha. Waanta'eefis, "bu'aan dhuunfaas ta'ee gama qabeenyaan hordofsiisu hin jiru." jeechuun oliyyata dhiyaate kufaa godheera. Xiinxalaaf akka tolu firii dubbii dhimmichaa gabaabinaan ilaaluun gaariidha. Kunis himata dhiyaateefi falmii taasifame irraa akka hubatamutt:

Oliyyataafi D/kennituun miseensota poolisii Aanaa Goobbaa ta'anii yemmu hojjatanitti hiriyyummaan walitti dhiyaachuudhaan jaalalaan waliin jiraachaa eega turan booda bara 1999 keessaa hiriyyootaafi namoota ollaa waamuudhaan sagantaa irbaataa qopheessanii manuma D/kennituun kireeffattee jirtutti, akka oliyyataan jedhutti "sirna fuudhaafi heerumaa", akka D/kennituun jettutti immoo "sirna kaadhimummaa" raawwataniiru. Kana booda manuma kana keessatti waliin jiraachaa waggaa tokkoof walakkaa yemmuu turan D/kennituun mana biroo ijaaradhe jettutti galuudhaan oliyyataa of irraa basteerti. Oliyyataanis ga'elaa fi mana koo keessaa waan na'ariiteef gaa'elli naaf diigamee qabeenyas naaf haa qooddu jechuun himata M/M Aanaatti dhiyeeffate.

D/kennituun immoo oliyyataa waliin mana tokko jiraachaa walqunnamtii saalaatis raawwachaa kan turan ta'uu osoo hin haalin, kana garuu oliyyataan rakkataa waan tureef jaalala irraa qabuuf jecha of itti hirkisee waliin jiraanne malee gaa'eilli raawwanne hin jiruu yoo jettu, gara fuulduratti garuu walfuudhuudhaaf sirna kaadhimaa (akka ishiin jettutti, "ye qalabat sinasiri'aat") raawwaachuu isaaniitis ibsuudhaan haalli kun garuu fuudhaafi heeruma kan jedhamuu miti jechuun deebifteerti. Sirni jedhame kun kaadhimummaa ta'ees gaa'ela bifa barruutin waan hin raawwatamneef dhimmicha qulqulleessuudhaaf M/M/aanichaa ragaa namaatti kan gargaarame ta'uu garagalchi galmee ni mul'isa.

Walumaagalatti ragonni bitaafi mirgaan (namoota sadii) walumatti namoota jaha yemmuu ta'an isaan keessaa namoonni afur jecha kennaniin sirnichi fuudhaa fi heeruma jedhamee kan itti himameefi isaanis bu'uruma kanaan sagantaa irbaataa irratti argamanii affeerraa godhameef kan nyaatanii galan ta'uu yoo ragan, namoonni lameen hafan garuu sirnichi akka d/kennituun itti himtetti (kaadhimummaa) ta'uu raganiiru. Kanamales jechoota

regootaa irraa akka hubatamuutti sirnicha galgala sa'aa irbaataa irrattii manuma D/kennituutti kan raawwatameefi gabaabaa kan ture, akkasumas afferraa irbaataan ala wantibiraa kan raaw watame kan hinjirre ta'uun nimul'ata

Gaafilee Marii

1. Dhimma kana keessatti sirni raawwatame sirna kaadhimaati moo kan gaa'elaati? Maaliif?
2. Sirnichi kan gaa'elaa ta'ee ykn kaadhimummaa, akkaataa sirna kamiin raawwatame jedhamee seera duratti ilaalama? Garaagarummaa sirna kaadhimaa fi gaa'elaa akkaataa aadaatti yemmuu raawwatamu qabu dhimma kanaan walqbsisati ibsaa?
3. Murtii M/M/ Aanaa kenneef kan M/M/ Ol'aanaan kenne akkamitti laaltu? Muxannoo walfakkataa isin mudate kaasuudhaan mari'a dhaa.
4. SMOkwt.13 jalatti waligalteen kaadhimummaa eega raawwatee jalqabee waggaa tokkoo keessatti fuudhaa fi heerumni raawwatamuu qaba jedha. Dhimma ammaa kana keessatti garuu walfalmitoonni waggaa tokkoof walakkaa kan waliin turan ta'us M/M/Ol'aanaa dhimmicha kaadhimummaadha jechuun murteesseera. Gama kanaan akkamitti ilaaltu?

2.1.2. Gaa'elaa fi gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu

Walqunnamtiin seera duratti bekumtiin gaa'elaa kennamuuf tokko bu'uura SMO boq.3^{ffaa} keessatti tumameen sirnoota sadan ibsaman keessaa karaa isa tokkotiin yoo raawwatame qofa akka ta'e ilaalameera. Kanaaf, walqunnamtiin tokko gaa'ela dha kan jedhamu hundeeffamni isaa akkaataa sirna siivilii ykn sirna amantaa ykn immoo sirna aadaa walfuutonni filataniitiin kan raawwatame yoo ta'ee dha. Kun immoo akkkaataa waliin jireenya dhiira tokko fi dubara tokkoo osoo hintaane akkaataa waliin jireenyi/walqunnamtiin isaanii ittiin raawwatame murteessaa ta'uu isaa agarsiisa.

Gama biraatiin, gaa'ela akkaataa olitti ibsameen osoo hin raawwatin dhiirri tokkoo fi dubarri tokkoo akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuudhaan walqunnamtii adda ta'e fi seera durattis bekumtii qabu uumuu ni danda'u. SMO boq.8^{ffaa} keessatti akka tumametti walqunnamtiin akkasii kun *gaa'elli osoo hinraawwatamin akka dhiirsaa fi niitiitti waliin*

jiraachuu jedhamee beekumtiin kennameefiin bu'aawwan hordofsiisus diriirfamanii jiru. SMO kallattiidhaan kan tumes dhiiraa fi dubartiin tokko gaa'ela osoo hin raawwatin akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun isaanii walqunnamtii maatii addaa seera duratti kan uumu akka ta'eedha[66].

Waliin jireenyee kun akkuma gaa'elaa mirgaa fi dirqamni waliin jiraattota irratti hordofsiisuu kan jiru yoo ta'u, kunis karaalee maatiin ittiin hundeeffamu keessaa inni kun isa tokko waan ta'eef tasgabbii fi nageenya maatii sanaafis akkuma gaa'elaatti eegumsi seeraa kan godhameef akka ta'e ogeessonnis nimirkaneessu[67]. Haata'u malee walqunnamtii kanaaf beekumtii fi eegumsi gaa'elaan walqixa godhamuufii qabaayii? akkas taanaan barbaachisummaa gaa'elaa gaaffii keessa galchuu ta'innaa laata? Sababiiwwan kana irraa ka'uudhaan bu'aan walqunnamtichi dhuunfaa waliin jraattotaa fi qabeenya isaanii irratti uumu kan gaa'elaa irra xinnaa ta'uu fi eegumsi godhamuufis akkasuma kan gaa'elaan qixa miti[68].

Kanaaf, gama dhuunfaa waliinjiraattotaa ilaalchisee bu'aan hordofsiisu akkuma warra gaa'elatti walkabajuu, walgargaaruu fi, akkaataa dandeettii isaaniitti jireenyaa waliif gumaachuu kan gaafatu[69] yoo ta'u gama qabeenyaatiin immoo waliigalteedhaan waliin jiraattonni kan murteeffatan ta'ee walqunnamtichi waggaa sadii guunnaan garuu akkuma gaa'elaatti qabeenya waliinii kan uumu dha[70]. Walqunnamtiin gaa'elaan alaa kunis jira jechuudhaaf namoonni kun haalli isaan agarsiisan akka fakkii warra seeraan walfuudhanii tahuun barbaachisaa fi gahaa akka ta'e seerichi ni ibsa[71]. Akkasumas, walqunnamtii saalaa haala baratamaa ta'eefi irra deddeebii qabuun raawwachuu qofaan walqunnamtii gaa'elaan

[66]SMO kwt.128 fi 129: seerichi "fuudhaa-heeruma osoo hinraawwatin akka abbaa warraa fi haadha warraatti waliin jiraachuu" jechuun tumee jira.Moojulii kana keessatti immoo gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu kan jedhu fayyadameera.Karaa lameeniinuu yaadni isaa tokko akka ta'e haa hubatamu.
[67] Mahaarii Raddaa, miil-jelee lakk.2 fuula 121.
[68]Mahaarii Raddaa, isuma olii fuula 124 fi 125.Beekumtii fi eegumsi walqixa yoo kennameef garaagarummaan gaa'elaa fi gaa'elaan ala waliin jiraachuu hinjiru jechuudha.kana malees gaa'elaa galmeessuudhaaf wanti nama kakaasusi hinjiru.
[69]SMO kwt.131-133: waliin jiraattonni waliin jireenya isaaniif baasiiwwan barbaachisan akkuma human isaaniitti haguuguuf dirqama qabu. Kunis kunuunsaa fi guddisa daa'immanii kandabalatuudha.
[70]SMO kwt.132 fi 133: walqunnamtii isaanii ilaalchisee waliin jiraattonni qabeenya qaba waliigalteedhaan kan murteessan yoo ta'u waliigaltten kunis walqunnamtichi waggaa sadii hanga hinguutinitti bu'uura seeraa waliigaltee qabeenyaatiin kan ilaalamu malee seera maatiin miti.Waggaa sadii irraa eegalee garuu waa'een qabeenya isaanii bu'uura seera maatiitii akkuma gaa'elaatti ilaalama.
[71]SMO kwt.129 (1).

ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu kan hin uumne ta'uus seerichi kwt.129 (3) jalatti ifaan tumeera.

Egaa, ibsa seensaa gabaabaa kana irraa ka'uudhaan walfakkeenyii fi adda addummaan gaa'elaa fi walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu gidduu jiru hanga tokko xiinxaluun gaarii ta'a. Haaluma kanaan walfakkeenya isaanii ilaalchisee walqunnamtiiwwan lameenuu dhaabbata maatii seeraan beekumtii qaban yoo ta'an hundeeffama isaanii keessattis lameenuu haalawwan gaa'elaaf guutamuu qaban kan seerri tume guutuu qabu. Fakkeenyaaf, dhoorkaan raawwii gaa'ela firooma dhiigaa fi gaa'elaa keessatti SMO kwt. 27 fi 28 jalatti ibsame walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaafi niitiitti waliin jiraachuu irrattis raawwatamummaa akka qabu seerumti kun kwt.130 (2) jalatti tumeera.

Kanamalees, gama bu'aawwan hordofsiisaniitiinis gaa'elli dhuunfaa walfuutotaa fi qabeenya isaanii irrattis dirqamonni hordofsiisan kan jiran yoo ta'u, gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuunis walkabajaa fi waldeeggarsa waliin jireenyichi gaafatu guutuudhaaf dirqama uumuu irra darbees waliin jireenyichi waggoota sadii yoo guute qabeenya waliinii kan uumu ta'uun isaatis gaa'elaan amala wal isaan fakkeessuudha. Turtii waggaa sadiin booda wal qunnamtii akkasiitiin waliin namoonni jiraatan wal qunnamticha keessatti qabeenya horachuuf kallattiinis ta'e al kallattiin humnaan fi maallaqaan ykn haala biraa wal fakkaatuun gumaacha ni taasisu amantaa jedhurraa ka'eetu. Wal qunnamtiin beekumtii seeraa qabu kun Waggaa sadii osoo hin guunne addaan cite yoo tahe garuu qabeenya waliinii qabu jedhee seerichi tilmaamni inni fudhatu jiraachuu baatus mirga qabeenya dhuunfaa horachuu heera mootummaa kan Federaalawaas ta'e kan Naannoo Oromiyaa kwt 40(1 fi 2) jalatti beekumtii fi egumsa taasifameefiin akkasumas seera rogummaa qabu kanneen birootiin mirga qabeenya ofii gaafachuu kan eegameef ta'a jechuu dha.

Wal qunnamtichi qabeenya waliinii kan uumu yeroo ta'u, bulchiinsa qabeenya isaanii ilaalchisee, sirna kanfaltii idaa garee 3ffaa ilaalchisee, adeemsa qabeenyaa qulqulleessuu ilaalchisee namoota gaa'ila raawwatanii jiraataniif seerichaan tumaaleen tumaman (jechuunis kwt 112 hanga 120 jiraniin) akkasumas qabeenya waliinii fi adeemsa

qulqulleessuu isaa ilaalchisee wal qunnamtii gaa'illi osoo hin raawwatamiin namoota akka abbaa warraa fi haadha warraatti waliin jiraataniifis raawwii qabaachuu akka danda'utti SMO kwt 133 jalatti ifaan tumamee jira.

Adda addummaa isaanii ilaalchisee:

1. Gaa'elli walfuutotaa fi maatii tokkoo isaanii giddutti firooma kan uumu aka ta'e SMO tumuudhaan diigamuu gaa'elichaa boodas firoomni kun kan ittifufu ta'uu ibseera[72]. Gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun garuu, hanga walqunnamtiin kun jirutti dhiirrii fi dubarri walqunnamticha keessa jiran warra isaan tokkoo ilaalchisee inni kun firoota kallatti fi gara cinaatti immoo hanga sadarkaa sadiitti kan dhoorkamu ta'us, akka waliigalaatti firoomni uumu kan hinjirre ta'uu ifaan tumeera[73].
2. Gaa'elli akkaataa sirnoota seerri kaa'een raawwatamuu kan qabuufi diigamni isaatis seeraa fi karaa mana murtii qofaan yoo ta'u, walqunnamtiin ga'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuudhaa immoo akkaataa fedhii waliin jiraattotaan hundaa'ee matuma isaaniitiin addaan kan citu ta'uun SMO kwt.135 jalatti tumameera.
3. Jiraachuun gaa'elaa raawwatamuu (conclusion) isaan kan ibsamu yoo ta'u walqunnamtiin ga'elaan alaa kun immoo dhiirsaafi niitii fakkaatanii waliin jiraachuun (Factual/actual status) kan ibsamu ta'uunis garaagarummaa isaanii agarsiisa[74]. (Gama biraatiin immoo qabxiin kun garaagarummaa mirkanaa'ina walqunnamti kanneen lameenii irratti kan xiyyeeffatuufi qabatama hojii irrattis rakkoon kan irratti mul'atu ta'uun isaa xiinxala bal'aa addatti waan gaafatuuf mata duree xinnaa itti aanu jalatti kophaatti kan ilaalluu dha).
4. Garaagarummaa bu'aa hordofsiisan irratti qaban ilaalchisee immoo gaa'elli dhuunfaa walfuutotaa fi hariiroo qabeenya isaanii irrattis bu'aalee gurguddoo fi ulfaatoo ta'an boq. Kana mata duree 2.1.1 fi 2.1.2 jalatti ibsaman kan

[72] SMO kwt.5 fi 6.
[73]SMO kwt.130(1): Hanga walqunnamtichi jirutti inni ykn isheen firoottan kallattii fi gara dalgaatti hanga sad.[3ffaa] kan isii ykn isaa waliin gaa'ela ykn gaa'elaan ala waliin jiraachuu seerichi kan dhoorke ta'us walqunnamtichi addaan cinnaan garuu dhoorkichis nihafa. Gaa'ela yoo ta'e garuu diiggaa gaa'elaan boodas firoomni waan itti fufuuf dhoorkichis kan itti fufuudha.
[74]SMO kwt.92, 93(2), fi 136(1fi 2) walitti xiinxaluudhaan kan hubatamu.

hordofsiisuudha[75]. Walqunnamtiin gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun garuu dhuunfaa waliin jiraattotaa irratti bu'aan dirqama seeraan hordofsiisu muraasaa fi laafaa yoo ta'u, qabeenya walii uumuu irrattis walqunnamtichi yoo xinnate turtii waggaa sadii qabaachuu akka qabu[76], sanaa asitti bu'aan qabeenya irratti hordofsiisu jiraachu dhabuun isaa tumaalee seerichaa irraa ni hubatama.

5. Gaa'ela ilaalchisee walfuutota keessaa tokko yoo du'e akkuma haala dhimmichaatti inni lubbuun jiru mirga beenyaa, sooramaa fi kkf[77] argachuu kan qabu yoo ta'u, maatii isa du'eef immoo qallaba kennuu dirqama qaba[78]. Gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraattonni garuu waliigalteen kan murteeffatan yoo ta'e malee mirgaa fi dirqama akkasii kana hinqaban.
6. Bu'uura seera maatii isa durii seera hariiroo hawaasaa keessatti argamuutiin gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun qabeenya waliinii gama ilaaluun gonkumaa bu'aa kan hinhordofsiifne akka ta'e Seerri Hariiroo Hawaasaa kwt. 712 jalatti yoo tumu, SMO kwt.132 jalatti tumaa seera durii olitti caqafame san fooyyessuudhaan walqunnamtichi waggaa sadii yemmuu gahu qabeenya waliinii kan uumuu fi akkuma gaa'elaatti bu'aa akka hordofsiisu godhamuun nibeekama. Ta'us, walqunnamtiiwwan gaa'elaan alaa labsama seera maatii haaraa kana dura uumaman seerri maatii haaraan kun uwwisuu fi dhiisuu irrattis haalli jiru raawwiif ifaa miti[79].

Qabxii boodaa kanaan walqabatee rokkoo hojii irratti mudatu ibsuudhaaf dhimma M/M/Ol'aanaa Federaalawaatti ol'iyyannoon[80] ilaalame tokko fakkeenyumaaf haa kaafnu. Firiin dubbii dhimmichaa gabaabumatti:

---

[75]Gaa'elli guyyaa raawwatamee eegalee qabeenya waliinii kan uumuu yoo ta'u, waliin jireenyi gaa'elaan alaa garuu turtii umrii walqunnamtichaa irratti hundaa'a.

[76]Haala addaatiin waliin jiraattonni waliigalteedhaan qabeenya walii fi dhuunfaa isaanii irratti murteeffachuu kan danda'an ta'uu SMO kwt.58 jalatti kan tumame irraa hubachuun nidanda'ama.

[77]Seerota akka lab. Sooramaa, lab. Hojjataa fi hojjachiisaa,seera miidhaa waliigalteen ala dhaqqabuu,seera insuuraansii, seera daldalaa fi kkf ilaaluun ni danda'ama.

[78]SMO kwt.214-231.

[79]Tilaahun Tashooma, osoo walhinfuudhin jiruu: durii fi barana, Ethiopian Bar Review,vol.2 no.1, 2003. Pp.96-101.

[80]Galmee Ol'iyyannoo lakk.47270 (1995).

Himattuun jalqaba M/M/F/ sadarkaa jalqabaatti himata dhiyeessiteen bara 1990 eegalee himatamaa waliin gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti osoo waliin jiraatan bara 1992 akka sirna aadaatti gaa'ela barreeffamaan sana boodas bara 1995 gaa'ela sirna siiviliitiin kan raawwatan ta'uu himtee,sana booda immoo sababa waldhabbiin uumameef gaa'elli isaanii akka diigamuuf gaafatteerti.Himatamaan immoo deebii kenneen bara 1992 dura himattuu waliin hiriyyummaan kan turan malee gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin hinturre jechuun waakkateera. M/Murtichaa immoo murtii kenneen, walfalmitoonni bara 1992 yemmuu gaa'ela raawwatan walqunnamtiin sana dura ture hiriyyummaas ta'ee gaa'elaan ala waliin jiraachuun isaanii kan addaan cite ta'uun gamattis yeroo sanaan duraa waliin turan osoo jedhameeyyuu seera maatii federaalaa kwt.102(1) jalatti kan tumame yeroon waggaa sadii waan hinguutamneef yeroo sana heerraga keessa galchuudhaan qoodni qabeenyaa akka godhamuuf himanni himattuun dhiyeessite fudhatama hinqabu jedhee kufaa godheera.

M/M/ Ol'aanaan immoo murtii m/m/ jalaa diiguudhaan bara1990-1992 giddutti walfalmitoonni akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu fi dhiisuu isaan ragaadhaan qulqulleessee qooda qabeenyaa irratti murtii sirrii ta'e haakennu jechuun dhimmicha m/m/ jalaaf deebisee jira. M/murtichaa kun murtii kenne keessatti sababiin kaa'e, d/kennaan asittis ta'ee m/m/ jalaatti deebii kenneen falmiin kaase baroota jedhame kana keessa ol'iyyattuu waliin hiriyyummaan malee akka dhiirsaa fi niitiitti waliin hinjiraanne kan jedhuudha. Kana yoo ta'e immoo m/m/ jalaa yeroo jedhametti walfuutonni gaa'elaan ala dhirsaa fi niitummaan waliin jiraatan moo hinjiraanne kan jedhu ragaa bitaa fi mirgaatiin qulqulleessee murteessutu irra ture. Kana osoo hingodhin dhiirsaa fi niitummaan osoo turaniiyyuu waggaa sadii waan hinguunneef yaada jedhu ilaalchisee immoo walfalmitoonni gaa'ela booda irra raawwataniin walqunnamtii isaanii caalatti kan cimsan waan ta'eef hiikkaa sirrii kwt.102(2) kaayyoo isaa irratti m/m/ jalaa hubannoo dhabuudhaan dogongora raawwatee jira, kan jedhu ibseera.

Qabxii Marii

1, Falmiiwwan walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu keessatti ka'an adeemsa falmii akkamittiin ilaalamu? Adeemsa falmiin gaa'ela

keessatti ka'u ittiin ilaalamu irraa wanti adda isa godhu jiraa? Yoo jiraate maal akka ta'eef manneen murtii akkamitti murtii kennuu akka qaban SMO kwt.121-127 jiran walbira qabuudhaan qabataman hojii muxannoo qabdan waliin xiinxaluun ibsaa? Murtii manneen murtii federaalaa olitti kennan keessatti gaa'elaan ala waliin jiraachuun waggaa sadii osoo hin guutin gaa'elli raawwatame qabeenya raawwii gaa'elaan dura horatame irratti bu'aa akkamii qaba jettu?

3, Eegumsi SMO maatii walqunnamtii waliin jireenya gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti jiraachuuf godhan gahaadhaa? Maaliif?

4, Gaa'elaan ala akka dhiirsaafi niitiitti waliin jiraattonni tokko osoo seerri maatii inni ammaa kun hinbahin duraa eegalanii waggoota hedduuf eega waliin jiraatan booda akkuma Seerri maatii haaraan (SMO ykn SMF) bahaniin gargar yoo deeman waa'een qabeenya isaanii akkamitti ilaalama? Seera maatii kamiin? Murtiilee olitti ilaalamaniin walbira qabuun mari'adhaa.

5, Ulaagaaleen bu'uuraa (minimum legal conditions) seera maatii keessatti diriiran walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu irratti raawwatamummaa niqabaatuu?

Qabxiin inni biroo asitti ka'uu qabu gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun akkamitti akka mirkanaa'uu fi falmichis adeemsa akkamiitiin akka ilaalamuudha.waa'ee adeemsa falmichaa ilaachisee walqunnamtichi jiraachuu fi dhiisuu irratti ilaalee murteessuuf angoon kan kennameef mana murtii qofaa ta'uun seeraan tumamee jira[81]. Haaluma kanaan dhimmichis kan ilaalamu bu'uura adeemsa seeraa falmiin gaa'elaa ittiin ilaalamuun akka ta'e seerichi tumee jira[82]. Kunis, walqunnamtii kanaaf adeemsi addaa kan diriirfame osoo hin ta'iin haaluma barbaachisummaa isaatti adeemsi falmii gaa'elaa bitu kan raawwatu ta'a.

[81]SMO kwt.137: walqunnamticha waliin jiraattonni fedhii isaaniin m/murtiin ala addaan kutuu ykn diiguu yoo danda'anis jiraachuu fi dhiisuu isaa irratti garuu kan murteessu m/murtii qofa akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.

[82]SMO kwt.138: seericha kwt.121-127 kan jiru adeemsa falmiin gaa'elaa ittiin ilaalamu yoo ta'u akkuma rogummaa isaatti falmii waliin jiraattota gaa'elaan alaafis ni raawwatu.

Fakkeenyaaf, walqunnamtichi waggaa sadii kan guute yoo ta'e qabeenyi waliinii akka jirutti tilmaamamuudhaan qoodinsi akkuma isa gaa'elaatti kan raawwatamu yoo ta'u, waggaa sadii hinguunne taanaan garuu waliigaltee yoo qabaatan bu'uura waliigaltichaan akkuma falmii qabeenyaa kamittuu seera waliigaltee fi seera qabeenyaan ilaalamee murtaa'a waan ta'eef adeemsi falmii gaa'elaa hin ilaallatu jechuudha[83].

Gama biraatiin walqunnamtiin gaa'elaan ala waliin jiraachuu kan mirkanaa'u ragaa bifa kamiiyyuu gahaa ta'e dhiyeessuudhaan yoo ta'u, ijoon mirkanaa'uu qabus haalli dhiirsaa fi niitummatti waliin jiraachuudhaa dubara tokkoo fi dhiira tokko gidduu jira moo hin jiru kan jedhu dha[84]. Haalli kun jiraachuu mirkaneessuufis ragaa dhiyaachuu qabu gosa kamiiyyuu ta'ee ijoon dubbii jedhame kun jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu isaa haala gahaa fi amansiisaa ta'een agarsiisuu danda'uutu irra jira. Ragaan kunis kan barreeffamaa ykn kan ijaa ykn ragaa rogummaa qabu kan biroos yoo ta'e seerichi wanti daangesse kan hin jirree fi garuu haalli gaa'elaan ala dhiirsaa fi niitummaan waliin jiraachuu kan jiru ykn kan hin jirre ta'uu sadarkaa gahaa ta'een amansiisuu danda'uun kan irra jiru akka ta'e ifaan hubatamuu qaba[85].

Fakkeenyaaf, haalli walqunnamtichaa jiraachuu isaa akkaataan waliin jiraattonni walqunnamtichaa ittiin jiraatan kan warra dhiirsaa fi niitiitiin tokko ta'uu fi firootni ykn hawaasnis akka dhiirsaa fi niitii ta'anitti kan isaan fudhatu ta'uu ragaan dhiyaate gahatti yoo amansiise walqunnamtichi jira jedhamee tilmaamni ni fudhatama. Kunis, waajjiraalee adda addaa keessatti dhimmoota adda addaatiif galmeeffama raawwatamu irratti dhiirri tokko dubarri tokko niitii tiyya jedhee ykn isheen inni dhiirsa kooti jettee kan galmeessan yoo ta'e, qaamni biratti galmeeffames dhiirsaa fi niiti jedhee kan beeku yoo ta'e walqunnamtichi jira jechuudhaaf gahaadha jechuun ni danda'ama.[86] Kun ta'us qabatama hojii irratti yeroo hedduu falmii gama kanaan dhiyaatu irratti ijoon mirkanaa'uu qabu ykn

[83]Tilahun Tashooma, armaan olitti miiljalee lakk. 60. Asirratti walfuutonni gaa'elaatis waa'ee qabeenya isaanii waliigalteedhaan murteeffachuu kan danda'an yoo ta'u garaagarummaan isaanii bu'uura seera ilaalamuun qofaa ta'a.

[84]SMO kwt.136 (1 fi 2): haalli kun jiraachuun yoo mirkanaa'e walqunnamtichi jira jehuudgaan tilmaamni seeraa ni fudhatama (seericha keewwatuma kana kwt xinnaa 3).

[85]SMO kwt. 136(3 fi 4): ragaaleen kun walqunnamtichi jiraachuu yoo mirkaneessan tilmaama fudhatamu diiguudhaafis ragaa bifa kamuu gahaa ta'een fashaleessuun nidanda'ama.

[86]Maahaarii Raddaa, miil-jalee lakk. 2, fuula 127: waliin jiraattonni dhiirsaa fi niitii jechuun afoosha (iddirii) keessatti kan hirmaatan yoo ta'e, afooshichis kanuma kan beeku yoo ta'e ykn bulchiinsi gandaa akkisitti kan isaan fudhatu yoo ta'e kan jedhan fakkeenyumaaf kaasuun nidanda'ama.

ragaan gahaan maal ta'uu akka qabu addaan baasuu irratti manneen murtii gidduu garaagarummaa bal'atu mul'ata. Kanumaan walqabatee xiinxala dhimmaa armaan gadii mee haa ilaallu.

Dhimmichi M/M/W/F/I/ dhaddacha ijibbaataatti[87] kan dhiyaateedha. Kan jalqabes Bulchiinsa Mootummaa Biyyoolessa Naannoo Amaaraatti M/M/ Aanaa irratti yoo ta'u,iyyattuun ammaa himata dhiyeessiteen D/kennaa waliin bara 1972 eegalee gaa'elaan waggoota 25'f waliin jiraachuu fi yeroo kana keessattis ijoollee shan walirraa uumachuu ibsitee amma garuu D/kennaan gaa'ela hin qabnu jechuudhaan dirqama dhiirsummaa waan bahuu dideef waamamee gaafatamee gaa'elichi akka mirkanaa'u, hinjiru yoo jedhame immoo gaa'elaan ala dhiirsaa fi niitummaan waliin jiraachuun mirkanaa'ee bu'uura kanaan qooda qabeenyaa irratti murtiin akka kennamuuf gaafattee jirti.

D/kennaan immoo deebii kenneen iyyattuu waliin waggoota 25f waliin jiraachuu fi yeroo kanatti ijoollee shan walirraa uumachuus kan amane yoo ta'u, gama birootiin immoo iyyattuun niitii isaa osoo hin taane hojjattuu isaa kan turte ta'uu fi gaa'elli ishii waliin raawwates kan hinjrre ta'uu ibsee waakkatee jira. M/M/ Aanichaatis falmii fi ragaa bitaa fi mirgaa qo'atee murtii kenneen gaa'elli raawwatame waan hin jirreef iyyattuun niitii D/kennaatii miti jedhee jira. M/M/ Ol'aanaa fi waliigalaa naannichaatis murtii kana kan cimsan yoo ta'u dhimmichis murtii kana komachuun dhaddacha ijibbaataa kanaaf kan dhiyaateedha.

Dhaddachi ijibbaataatis iyyattuun gaaffii ga'elli ragga'e jiraachuu fi filannoodhaanis gaa'elaan ala waliin jiraachuu dhiyeessite M/M/ jalaa kufaa gochuun isaanii seera qabeessa ta'uun isaa waan qulqullaa'u kan qabu waan ta'eef iyyaticha fuudhee ilaaluu isaa ibsee jira. Akka ilaalettis, gaa'elli jirrachuu fi dhiisuu irratti dogongorri madaalli ragaa raawwatame komii jedhu bu'uura seeraa hinqabu jechuun kan kuffise yoo ta'u gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu irratti garuu murtiin M/M/ jalaa kenne dogongora kan qabu ta'uu eeruudhaan dhaddachi kun murtii manneen murtii jalaa diigee jira.

[87]Galmee Ijibbaataa Lakk. 33126 (2000)

M/M/ Aanichaatti ragaalee iyyattuun dhiyeessite keessaa tokko ilma walfalmitootaa kan hangafaa yemmuu ta'u, innis iyyattuu fi D/kennaan haadhaa fi abbaa isaa akka ta'anii fi kanas dhiirsaa fi niitiidha jedhee kan beeku ta'uu isaa ragaa bahuu isaa garagalcha galmee jalaa keessaa dhaddachi ijibbaataa kun hubachuu ibsee jira. M/M/ jalaa garuu gaa'elli raawwatamuu isaa ragaan dhiyaate kan hin mirkaneessin ta'uun alattis gaa'elaan ala waliin jiraachuullee mirkaneessuuf ragaan kun gahaa miti jechuun kan murteesse.

Dhaddachi ijibbaataa garuu murtii kenne keessatti xiinxalaa fi qeeqa kaaheen,1[ffaa] walfalmitoonni kun waggoota 25f waliin jiraachuu fi yeroo kanattis ijoollee shan waliin horachuu isaanii iyyattuun ibsitee D/kennaamis kan amane yoo ta'u, kun immoo haala akka dhiirsaa fi niitummaatti walii jiraachuu dhiira tokkoo fi dubara tokkoo caalatti kan agarsiisuu fi, 2[ffaa] immoo jechi ragummaa ilmi isaanii kenne walfalmitoota akka dhiirsaa fi niitiitti kan beeku ta'uun isaa walumatti gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu ilaalchisee ulaagaalee SMF fi Seerri Maatii Naannoo Amaaraa gaafatan guutumatti kan guute ta'ee waan argamuuf iyyattuun D/kennaa waliin gaa'elaan ala dhiirsaa fi niitummaan waliin jiraataniiru, jedhee murtiin M/M/ Naannichaa kennan dogongora qaba jechuun diigeera.

Qabxiilee Marii

1. SMO kwt. 129 (2) jalatti gaa'elaan ala waliin jiraattoonni akka warra walfuudhanii tahani qaama 3[ffaa] dhiyyaachuun barbaachisaa miti jedha. Akkasumas kwt. 129(3) jalattis walqunnamtiin saalaa haala baratamaa fi irra deddeebii qabuun raawwatamuun qofaan walqunnamtichi jiraachuuf quubsaa akka hin taane kaa'ee jira. Bakka haallaan lameen kun hin barbaachifnetti walqunnamtiin kun haala biroo kamiin ibsama? Fakkeenya eeruudhaan ibsaa!
2. Dhimma armaan olitti dhiyaate irratti Manneen Murtii Naannoo Amaaraa murtii kennan keessatti ragaan iyyattuun dhiyeessite (ilma isaanii dabalatee) jechi kennan walqunnamtiin gaa'elaan ala dhiirsaa fi niitummaa jiraachuu mirkaneessuuf gahaa miti, kan jedhan akkamitti ilaaltu? Murtii dhaddacha ijibbaataa hoo? Sababii waliin bu'uura SMO kwt. 136tiin irratti mari'adhaa.

3. Dhaddachi ijibbaataa murtii kenne keessatti walfalmitoonni waggoota 25f waliin jiraachuu fi ijoollees horachuun isaanii mataan isaa walqunnamtichi jiraachuu isaa mirkaneessuuf gahaa akka ta'e kan kaa'e akkamitti ilaaltu?

2.2. Gaa'elli jiraachuu mirkaneessu

Falmiiwwan gaa'ela keessatti ka'an keessaa inni guddaafi bal'inaanis manneen murtiin ilaalamu diigga /hiikkaa/ gaa'elaa fi qooda qabeenyaa irrattiidha. Hiikkaa gaa'elaa bu'uura adeemsa seeraan ilaalanii murteessuu fi bu'aawwan hiikkaan hordofsiisu irrattis ajaja barbaachisu kennuudhaaf walfalmitoota gidduu gaa'elli ragga'e jiraachuu fi dhiisuu adda baasanii mirkaneessuun kutaa falmichaa isa jalqabaa ykn isa duraa akka ta'e ifaadha.

Kunis, yeroo hedduu gaaffii gaa'elli ragga'e jiraachu mirkaneeffachuuf ykn immoo hiikkaan akka mirkanaa'uuf dhiyaatu irratti gareen inni kuun (himatamaan) gaa'elichi jiraachuu isaa ykn raawwatamuu isaa haaluudhaan falmii yemmuu kaasu mul'ata. Himatamaan ykn qaamni deebii kennu yemmuu hin jirres, gaaffii dhiyaate ragaa seera qabeessan qulqulleessee murtii kennuun hojii mana murtii ta'uun ni beekama. kanaaf, gaa'elli ragga'e jiraachuu mirkaneessuun dirqama ta'a.

Gaa'elli ragga'e jiraachuu mirkanneessuu ilaalchisees seerrii toftaalee adda addaa sadarkaa isaanii waliin diriirsee jira. Isaanis, akka SMOttii tooftaaleen tumaman, ragaa fuudhaafi heerumaa dhiyeessuufi yoo kun hin jirre immoo ragaa biroo gahaa fi amansiisaa ta'e dhiyeessuun gaa'elli ragga'e jiraachuu ykn raawwatamuu mirkaneessuun akka danda'amu tumamee argama[88].

Asirratti, moojuliin kun qabxiilee gurguddoo lama irratti kan xiyyeeffatu ta'uu gamanumaan yaadachiisuun gaarii fakkaata. Kunis 1[ffaa] garaagarumaan SMO fi SMF[89]ragaalee gaa'elli ittiin mirkanaa'u irratti qaban maal akka fakkaatuu fi garaagarummaan kunis qabatama hojii irratti rakkoon uumaa jiru maal akka ta'e fi, 2[ffaa] garaagarummaan kun jiraatus dhiisus yeroo ragaan fuudhaa heerumaa hin jirre gaa'ela

[88]SMO kwt.92 fi 93.
[89]Kaayyoon qabxii kanaa seerota lameen walcinatti madaaluuf osoo hintaane bal'ina rokkoo gama kanaan mul'atu agarsiisuuf barbaachisaa ta'ee waan argameef qofa qabxii kana qofarratti kan ka'u akka ta'e haahubatamu.

mirkaneessuu keessatti gaa'elaa fi walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu addaan baasuudhaaf rakkoo jiruudha.

2.2.1. Waraqaa ragaa Gaa'elaa

Ragaa isa 1ffaa ilaalchisee SMO raga gaa'elaa sadarkaa dursaa irratti kan kaaheedha. Kallattiidhaanis SMO gaa'elli raawwatamuu isaa mirkaneessuun kan danda'amu, guyyaa gaa'elichi raawwatame ykn sanaan booda akkaataa seerichaatiin qophaa'ee kan kenname waraqaa ragaa gaa'elaa ykn garagalcha isaa kan mirkanaa'e dhiyeessuudhaan akka taheedha[90]. Ragaan sobaan qondaala galmeessa kabajaa fuulduratti dhiyaachuun gaa'illi akka aadaatti raawwatamuu ibsuun ragaan gaa'ilaa yoo argame, ragaan kun kan kenname dogoggorsiisuun, sobaan fudhatamuu isaa ragaan agarsiisu yoo jiraate itti gaafatamummaan yakkaa jiraachuu labsii galmeessa taateewwan irratti tumamee jiru faana waraqaan ragaa gaa'ilaa akka ragaatti dhiyaate mormiin yoo irratti ka'e ragaa biraatiin sobsiisuu danda'uu fi dhabuu irratti leenjifamtoonni caalaatti mariin kan gabbisan ta'a.

Kana jechuun guyyaa raawwii gaa'elaa sana ykn achi booda waraqaa ragaa qophaaheen ta'uun yoo hubatamu kunis gaa'elli tokko akkaataa sirna adaas ta'ee amantaan raawatamu galmaa'uu waan qabuuf, kunis tarii raawwii gaa'ilchaa booda kan galmaa'e ta'uu waan danda'uufiidha. Ta'us, guyyaa sana galmaa'us ykn sana booda waraqaan ragaa kun gaa'elichi yoom, eessatti, akkaataa sirna kamiin akka raawwatame ykn haala biroo kamuu raawwatamuu gaa'elichaa kan ibsu ta'uu akka qabu hubatama. Haala kanaanis waraqichi mirkaneessuu kan qabu raawwatamuu gaa'elaa akka ta'e tumaa keewwata 92 (SMO) irraa ifaan mul'ata.

Gama biraatiin immoo SMF gaa'ela ragga'u mirkaneessuu keessatti dhiyeessi waraqaa ragaa gaa'elaa ragummaa sadarkaa duraa kan qabu ta'uu kwt.94 jalatti kan ibse yoo ta'e iyyuu, akkaataa tumaan keewwatichaa itti ibsame irraa akka hubatamutti garuu waraqaan ragaa kun mirkaneessuu kan qabu walfalmitoota gidduu gaa'elli seeraan ragga'u jiraachuu isaa akka ta'eedha**.** Kunis warqichi guyyaa, iddoo fi sirna ga'ilichi ittiin raawwatame ykn karaa kan biroo kamiiniiyyuu raawwatamuu gaa'elichaa ibsuun isaa kan beekamu ta'us

[90]SMO kwt.92.

akka SMF tti raawwatamuu gaa'elichaa irrallee walqunnamtiin dhiirsaa fi niitiidha" jedhamu walfalmitoota gidduu jiraachuu isaa mirkaneessuu irraatti xiyyeeffannan kan kennamu ta'utu hubatama.

Akka waliigalaattis, waraqaa ragaa gaa'elaa akka ragaa sadarkaa duraatti kaa'uu irratti seeronni maatii lameenuu (SMO fi SMF) tokkoodha. Haata'u malee, akka SMO tti waraqaan ragaa kun raawwatamuu gaa'elichaa mirkaneessuu kan qabu ta'uufi akka SMF tti immoo warqichi raawwii gaa'elichaa kan agarsiisu ta'us garuu hariiroon dhiirsaafi niitumma jirachuu mirkaneessuu isaatiif xiyyeeffannaan kan kennamu ta'uun garaagarummaa seeronni lameen qaban mul'isa[91].

Sababa kanaanis bu'uura SMOtiin fakkeenyaaf guyyaa, iddoo fi sirna gaa'elli itti raawwatame[92] waraqaan ragaa gaa'elaa mirkaneesuun dirqama yoo ta'u, akka SMF tti garuu guyyaa, iddoo fi sirna raawwii ibsuun ulaagaa seerri gaafatu (Formality requirements) ta'uun beekamus, ulaagaaleen kunniin guutamuu irratti hanga falmiin hin kaanetti, jiraachuu gaa'elichaa mirkaneessuudhaaf akka dirqamaatti kan ilaalamu hin ta'u. Kan SMO garuu, falmiin ka'us ka'uu baatus, waraqaan ragaa kun ulaagaalee kanneen hin guunne taanaan jiraachuu gaa'elicha mirkaneessuuf gahaa akka hin taane hubachiisa.

Haaluma kanaan waraqaa ragaa fuudhaafi heerumaa irrattis ta'ee dhimmoota seera maatii keessatti hammataman kan biroo ilaalchisee seerota lameen kana gidduu garaagarummaan akkasii jiraachuun qabatama hojii irratti kan hubatame hin fakkaatu. Kunis, ogeessonni seeraa hojii irra jiran, gaafa univarsiitotaa fi kolleejjota keessatti baratan seerri maatii naannolee kan federalawaa irraa akka garagalfametti yaaduun hubannoo ture waan ta'eef, seera maatii federaalawaa bu'uura gochuun kan baratan yoo ta'u, gara hojiitti gaafa galanis hubannoo dura qaban irraa kan ka'e garaagarummaa seerota lameenii kana xiyyeeffatanii xinnxaluun akka hin hubanneef sababa kan ta'e fakkaata.

Qabxiilee Marii

[91]The fact of the conclusion of the marriage.v. the existence of the marital union.
[92]Galmeen gaa'elaa qabachuu kan qabu SMO kwt.47(c).

1. Garaagarummaa waraqaa ragaa gaa'elaa fi waliigaltee fuudhaa fi heerumaa adda basuudhaan ibsaa!
2. Yeroo hedduu namonni osoo gaa'ela hin raawwanne ykn hinqabaatin sababa ramaddi iddoo hojii ykn jijjiirraa mijeeffachuuf jecha fuudhaafi heeruma kan qaban fakkeessuun waraqaa ragaa fuudhaafi heerumaaa bulchiinsa magaalaa kutaa galmeessa haala hawaasummaa irraa yemmuu dhiyeessan mul'atu. Waraqaan ragaa kun mana murtiitti osoo dhiyaatee akkamitti ilaaltu? Ragaa dhimma Wuddee Zallaqa fi Acham Gaarraxaw mana murtii ol'aanaa tokkotti ilaalame boqonnaa 1ffaa keessa jiru ilaaluun raawwii gaa'elaatu mirkanaa'uu qaba moo jiraachuu walqunnamtii dhiirsaa fi nitiiti, kan jedhu irratti mari'adhaa.
3. Ragaan sobaan qondaala galmeessa kabajaa fuulduratti dhiyaachuun gaa'illi yoo raawwatame ragaan kun kan kenname dogoggorsiisuun, sobaan fudhatamuu isaa ragaan agarsiisu yoo jiraate gama tokkoon itti gaafatamummaan yakkaa jiraachuu agarsiisa gama biraatiin waraqaa ragaa gaa'ilaa haala kanaan fudhatame ragaa biraatiin sobsiisuun ni danda'am jechuu dhaa? Labsii galmeessaa taateewwan haala hawaasummaa Federaalaa fi qajeelfama akka naannoo oromiyaatti bahe waliin ilaalaa!

2.2.2. Ragaa Gahaa fi Amansiisaa

Akka armaan olitti ilaalleetti, gaa'ela ragga'u mirkaneessuudhaaf waraqaan ragaa gaa'elaa isa murteessaafi seerriis sadarkaa duraa kan kenneef ta'uun ifaadha. Kunis, gaa'elli karaa sirna kamuu raawwatamu galmaa'uu akka qabu seerri waan tumeef waraqaan ragaa gaa'elaa IGHHtiin (akka ammaatti qondaala galmeessa taateewwaniitiin) walfuutotaaf kennamuuf[93], ragaan kun haala qulqulluu fi amansiisaa ta'een kan argamu ta'uu seerichi waan tilamaamuufidha.

Haata'u malee, sababa adda addaatiin gaa'elli tokko osoo hin galmaa'in hafuu ykn eega galmaa'e booda galmeen baduu waan danda'uuf yemmuu kana gaa'elicha waraqaa ragaa dhiyeessuun mirkaneessuun rakkisaa ta'a. Yeroo haalli akkasii mudatu, **raawwatamuu**

[93]SMO kwt.45(1) fi 42.

gaa'elichaa ragaa biroo gahaa fi amansiisaa ta'e dhiyeessuun hubachiisuun akka danda'amu tumameera[94]. Kunis ragaa isa 2[ffaa] ta'uu isaati.

Gama kanaanis, SMO fi SMF garaagarumma guddaa kan qaban ta'uun caalatti mula'ata. Garaagarummaan kunis maalummaa ragaa kallatti kanaan dhiyaatu irratti osoo hintaane ijoo dubbii ragaan kun mirkaneessuu qabu irrattiidha. Haluma waraqaa ragaa sadarkaa 1[ffaa] irratti ibsameen SMO waraqaa ragaas ta'ee ragaan biroo gahaafi amansiisaan ijoon dubbii isaan mirkaneessuu qaban raawwatamuu gaa'elichaa akka ta'e kwt. 92 fi 93 irraa ifaan hubatama. SMF garuu ragaaleen gosa lameenuu kan mirkaneessuu qaban haalli dhiirsaafi niitummaa jiraachuu isaa akka ta'e agarsiisa[95].

Gama qabxii amma kaafneetti kallattiidhaan yoo deebinus ragaa gahaafi amansiisaa bu'uura kwt.93(1)tiin dhiyeessuudhaan mirkaneesuun kan irra jiru ofii isaatiifi isa waliin fuudhaafi heerumaa nan-qaba nama jedhu wajjiin "gaa'ela raawwachuu" isati. Kun yoo mirkanaa'e manni murtiitis gaa'elli raawwatamuu tilmaama fudhata jechuudha[96].

Ragaan "gahaa fi amansiisaa" jedhame kun yeroo hedduu akka beekamutti raga namaa yoo ta'u (tarii kan biraa yoo ta'es) ragoonni kunis ga'elli ragga'u haala gaahaafi amansiisaan mirkaneessan kan jedhamu, gaa'elichi yoom, eessatti fi, sirna kamiin akka raawwatame yoo agarsiisan ta'us, haala biroo raawwatamuu gaa'elichaa agarsiisu kamuu bifa gahaa ta'een ibsuudhaan akka ta'e akkaataa ibsa keewwatichaa irra ifaan hubatama. Sababiin isaatis, seerichi boq.3 kwt.19-23 jalatti gaa'elli seera duratti ragga'u ykn beekumtii seeraa qabu sirnoota sadeen ibsaman keessaa tokkoon yoo raawwatame qofaa akka ta'ee fi sirnoota kanneeniin ala kan raawwatamu kamuu bu'aa seeraa kan hin qabne ta'uu kwt. 24 jalatti waan tumameef akka ta'e tilmaamuun nidanda'ama. Kanamalees, ragaan gahaa fi amansiisaan akkuma barbaadametti bal'atee kan hiikamuu fi kan hayyamamu yoo ta'e barbaachisummaa waraqaa ragaa kan laaffisuu fi galmeeffama gaa'elaatis kan hin jajjabeessine waan ta'eef kaayyoo seerri galmeeffama gaa'elaa tumeefis kan fashaleessu

[94]SMO kwt. 93(1)
[95]SMF kwt.96:proof of marriage by possession of status.Dabalataanis kanuma kan jabeessu Mahaari Raddaa miil-jalee lakk.2 fuula.116 haailaalamu.
[96]SMO kwt.93(2)

ta'a[97]. Waan ta'eef, ragaan gosa lammaffaa kun dhiphatee hiikamuu akka qabu hubachuun barbaachisaadha.

SMF keessatti kwt.95 jalatti kan tumame, yemmuu waraqaan ragaa gaa'elaa hin jirre (hin galmoofne ykn bade) gaa'elli ragga'u jiraachuun walqunnamtii haala dhiirsaa fi niitummaa mirkaneessuudhan akka ta'e ibsa. Kunis dhiirri tokkoo dubartii tokko waliin akka dhiirsaafi niitiitti wal ilaaluun akka dhiirsaa fi niitiittis waliin jiraatanii fi, maatiifi, hawaasni bal'aanis akkasitti ilaalamuun kan fudhataman ta'e walqunnamtii haala dhiirsaa fi niitii (possession of status) akka qabanitti lakkaayamu jechuun kwt.96 jalatti ibsa kenneera. Haaluma kanaan ragaa bifa kamuu dhiyeessuudhan haalli ibsame kun jiraachuun yoo mirkanaa'e manni murtiitis gaa'elli kan raawwatame ta'uu tilmaama akka fudhachuu qabu seerichi kun kwt. 97(1) jalatti ifaan kaa'eera. Garaagarummaa seerota maatii kana lameen gidduu jiru ifaan hubachuudhaaf tumaalee isaanii kanneen akkuma jiranitti asitti lafa kaa'uun gaarii ta'a.

Article kwt.95, proof in default of certificate of marriage
When it is difficult to prove marriage by producing the certificate of marriage due to the fact that the marriage has not been registered or such register has been lost, it shall be proved by possession of status of spouse.

"Possession of status" gaalee jedhuuf kwt.96 jalatti hiikkaa yoo kennu immoo:

Article.96, possession of status (1) definition
A man and a woman are deemed to have the possession of status of spouses when they mutually consider themselves and live as spouses and they are considered and treated as such by their family and the community.
Article 97-(2) Proof Marriage by Possession of Status
1) Where a person alleging the existence of marriage proves the possession of status of spouse in accordance with the preceding article, the court may presume that marriage has been concluded.

[97]Mahaarii Raddaa, miil-jalee lakk.2, fuula 117.\

SMO immoo akkas jedha:

Keewwata 93

(2) Waraqaan Ragaa Fuudhaa-heerumaa Yeroo Hin Jiraannetti Fuudhaa-heerumni Raawwatamuu Isaatiif Ragaa Dhiyaatu.

1) Galmeessuun fuudhaa-heerumaa osoo hin raawwatamin yoo hafee yookiin sababa galmeen badeef fuudhaa-heerumichi raawwatamuu isaa waraqaa ragaa fuudhaa-heerumaatiin mirkaneessuun kan hin danda'amne yoo tahe, ***fuudhaa-heerumni raawwatamuu isaa*** *ragaa gahaa fi amansiisaa dhiyeessuudhaan hubachiisuun ni danda'ama.*

2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tti namni tokko ofii isaatii fi isa wajjiin fuudhaa-heeruma nanqaba nama jedhu wajjiin fuudhaa-heeruma raawwachuu isaa mirkaneessuu yoo danda'e, manni murtichaa fuudhaa-heerumni raawwatameera jechuun tilmaama seeraa ni fudhata.

Egaa haala olitti ibsame kanaan yemmuu xiinxalamu 1[ffaa] akka SMO tti ijoon dubbii mirkanaa'uu qabu jiraachuu walqunnamti haala dhiirsaa fi niitummaa (possession of status) osoo hin taane raawwatamu gaa'elichaa yemmuu ta'u akka SMFtti immoo faallaa kanaati. 2[ffaa], ragaan gama kanaan dhiyaatus akka SMOtti iddoo, yeroo fi sirna gaa'elichi itti raawwatame kan ibsuu dandaa'u yoo ta'u akka SMF tti garuu ragaan kun walfuutonni jedhaaman kun akka dhiirsaa fi niitiitti of ilaaluun kan waliin jiraatan ta'uu fi ragoonni kunis akkasitti iaaluun kan fudhatan ta'uu yoo mirkaneesse, raawwatamuu gaa'elichaa ykn, iddoo, yeroo fi sirna ittiin raawwatame beekuun ykn ibsuun dirqamaa miti[98]. Sababiinis, raawwatamuu gaa'elichaa mana murtiitu tilmaama fudhata.

Dhumarrattis, SMF keessatti tumaaleen walqunnamtii haala dhiirsaa fi niitummaa (possession of status) akka ragaa mirkanaa'ina gaa'elatti kaa'an kwt.95 fi 97, SMO

[98]Haata'u malee tumaaleen SMF kunniinis dhiphatanii akka raawwii gaa'elichaa guyyaa iddoo fi sirna raawwii isaa mirkanaa'uu gaafatanitti hiikamuu akka qaban kan hubachiisan yaadonni hedduun nijiru:Mahaarii Raddaa, fuula 118 fi 119,akkasumas murtiilee gaggaarii M/M/W/F/I/ kitaaba 2 [ffaa],fuula 349-351 (1992).

keessatti bifa hiikkaa addaa qabuun kan tumaman yoo ta'u SMF kwt. 96 immoo SMO keessa gonkumaa kan hinjirre ta'uun ifaan hubatama.

Qabxii kana ilaalchisee qabatamni hojii maal akka fakkaatu yemmuu xiinxalamu akka naannoo Oromiyaatti manneen murtii aanaaleefi ol'aanaan dhimmoota ilaalan irratti kallattii SMF hordofuudhaan murtii yemmuu keenaan manni mutii waliigalaa fi dhaddachi ijibbaataa Oromiyaa immoo kallattii SMO irratti hundaa'uun kan murteessan ta'uun nimul'ata. Gama federaalaatiinis manneen murtii sadakaa jalqabaa fi ol'aanaa tokko tokko immoo seruma maatii federaalawaa kana akkaataa SMOttii hiikuun yoo murteessaan mula'tu. Manni murtii waliigala federaalawaa dhaddachi ijibbaataa immoo hikkaa kenneen SMF kan hordofe ta'utu hubatama[99]. Haaluma kana mirkaneessuuf fakkeenyota muraasa haa ilaalluu.

Dhimma dhiirsaafi niitummaa Mana Murtii Federaalaa sadarkaa[100] jalqabaatti ilaalame tokko irratti, himattuun aadde Abrahet Akaala abbaa warraa kiyya kan jettu du'aa waliin gaa'ela kan qabdu ta'uu ishee manni murtii akka mirkaneessuuf gaaffii dhiyeessite irratti himatamaan abbaa Taaytaa wobii hawaasummaa waan mormeef, m/murtiichaatis himattuun ragaa akka dhiyeessitu gaafatus, ragaan fuudhaafi heerumaa waan hin jireef himattuun ragaa namaa dhiyeessuun caqasiifterti. Ragoonnis jecha kennaniin himattuufi du'aan yoom akka walfuudhaniifi sirna kamiin akka gaa'ela raawwatan kan hin beekne ta'uu ibsanis dhiirsaafi niiti (possession of status) kan turan ta'uu mirkaneessaniiru. Mannii murtichaatis, bu'uura SMF keew 90 fi 97 tiin gaa'elli himattuu mirkanaa'uu ibsuudhaan nitummaa himattuu mirkaneessera.

Haata' u malee, himatamaan murtii kana komachuudhaan mana murtii ol'aanaa federaalaatti oliyyata dhiyeesseen, m/murtii jalaatti ragoonni himattuudhaa jecha ragummaa kennaniin gaa'elli jedhame yoom, eessatii fi haala sirna kamiin akka raawwatame osoo hin ragin gaa'elli tureera jechuun m/murtii jalaa murtiin kenne dogongora kan qabu ta'uu ibseera. Manni murtii[101] oliyyannoo dhagahe garuu murtii kenne keessatti xiinxala kaa'een ragoonni himattuudhaa bu'uura SMF keew 96 ttin haalli dhiirsaa

[99]Galmee Ijibbaataa Lakk.11213, (1999), 11136, (1999) fi, 10477, (1999)
[100]Galmee Ijibbaataa, Lakk. 11477/95, Mana Murtii Waliigala Federaalawaa, Dhaddacha Ijibbaataa (1995)
[101]Galmee Oliyyannoo Lakk. 79192/95, MMWF (1995)

fi niitummaa jiraachuu raguun isaani ifa ta'uun alattis oliyyataanis komiin gama kanaan qabu kan hin jirree ta'uu ibsuudaan akkaataa kanaanisiddoo, yeroo fi sirna raawwii gaa'elichaa beekuudhaaf ykn raguudhaaf ragoonnii dirqama hin qaban jedhee murtii m/murtii jalaa cimseera.

Dhimmuma walfakkaatu kan biroo Aadde Wagaayyo nama jedhamtuu fi Aadde Itsub kan jedhamtu giddutti falmii ture irratti manni murtii sadarkaa jalqaba federaalaa[102] tokko murtii kenneen"ragoonni himattuu haalli dhiirsaa fi niitummaa jiraachuu haa ragan malee raawwatamuu gaa'elichaa waan hin beekneef gaa'elichi hin mirkanoofne." jedhee gaaffii himattu kufaa godheera.

Himattuunis gara manamurtii ol'aanaatti yemmuu oliyyattu, manni murtii ol'aanaan immoo "ragoonni himattuudhaa himattuufi du'aan dhiirsaafi niitummaan waliin jiraachaa turuu fi isaanis haaluma dhiirsaafi niitummaatti kan isaan beekan ta'uu kan ragan bu'uura SMF keew 96 tiin haalli dhiirsaa fi niitummaa (possession of status) jiraachuu mirkaneessanii osoo jiran m/murtii jalaa gaa'elli raawwatamuu tilmaama fudhachuu osoo qabu gaaffii himattu kufaa gochuun isaa sirrii miti."[103] jedhee murtii jalaa diiguun niitummaa oliyyattu mirkaneesseera.

Ta'us dhimmichi oliyyannoon Mana Murtii Waliigala[104] Federaalawaatti dhiyaatee ilaalamun murtiin M/Murtii ol'aanaa diigamee murtiin M/Murtii sadarkaa jalqabaa cimeera.M/Murtii Waliigalaa kun sababii ibseen "ragoonni himattuudhaa haallii dhiirsaa fi niitummaa jiraachuu haa ragan malee himattuu fi du'aa giddutti gaa'elli raawwatamuu waan hin mirkaneessineef gaa'elichi himattuu fi du'aa gidduu ture jira gara jedhutti gahuun hin danda'amu. Raawwatamuu gaa'elaa yoo hin mirkaneessine immoo gaa'elaa fi gaa'elaan ala akka dhiirsaafi niitiitti jiraachuu addaan baasuuf hin danda'amu." jedheera.

Qabxiilee Marii

[102]Galmee Ol'iyyannoo Lakk. 791/92, (1995) keessatti kan ibsame.
[103]Galmema kana.
[104]Galmee Ol'iyyannoo Lakk.11477, (1995)

1. Murtiilee olitti ilaallaman kanneen keessatti garaagarummaan mul'atu maaliidha? Murtii isa kamtu sirriidha jettu?
2. Manneen murtii olitti tuqaman hundinuu murtiilee kennaniif bu'uura kan godhatan SMF kwt. 96 dha. Keewwatichi ifaa miti moo sababiin garaagarumma murtii kennanii uume maaliidha? Keewwanni tuqame kun akkamitti hiikamuu qaba jettu?
3. dhimmoonni olitti ilaalaman kun bu'uura SMO tiin kan bitaman osoo ta'ee garaagarummaa akkamii fidu?

Gama Manneen Murtii Naannoo Oromiyaatti yoo dhufnu immoo, dhimmuma walfakkaatu kan olitti ilaalame irratti murtiileen adda addaa kan kennaman jiraachuu isaanii hubanna. Isaanis, dhimma Mana Murtii Aanaarratti jelqabee ol'iyyannoon hanga Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti ilaalamee boodas Dhaddacha Ijibbaataa gahee achirraayis Mana Murtii Waliigala Federaalawaa Dhaddacha Ijibbataatti[105] xumurame tokko akkuma fakkeenyaatti haailaalu.

Dhimmichi iyyattuu aaddee Fallaqachi fi deebi kennaa obbo A/100 Taaddasa Ayyala namoota jedhaman gidduu kan ture yoo ta'u iyyattuun D/kennaa waliin bara 1995 irraa eegalee walfuudhanii waliin jiraachuudhaan ijoollee jaha (6) walirraa horatuu ibsitee waldiddaan isaan giddutti kan uumame ta'uu eeruudhaan dhimmichi karaa jaarsota firaatti qajeelfamee furmaanni akka kennamuuf Mana Murtii Aanaa Walmaraatti iyyannoo dhiyeefatterti. Deebii kennaan garuu fuudhaa fi heerumicha waan haaleef manni murtii ragaa namaa fi barreeffamaa iyyattuun dhiyeessite dhagaheera.

Ragoonni iyyattuutis, iyyattuu fi D/kennaan abbaa warraafi haadha warraa ta'anii waliin jiraachuu isaani fi ijoollee jaha (6) akka walirraa horatan kan beekan ta'uu yoo raganis, jarreen kun yoom akka walfuudhaniifi sirna kamiin fuudhaafi heerumicha akka raawwatan garuu kan hin beekne ta'uu ibsanii jiru. Kana malees, ragaan barreffamaa dhiyaates Abbaa Taaytaa Sooramaa fi wabii hawaasummaa irraa kan barraahe yoo ta'u, foormii D/kennaan afoosha (iddirii) magaalaa Holotaatti guute irratti iyyattuun haadha warraa isaa ta'uu ishee kan itiigalmeessisiise akka ta'e kan hubachisuudha. Bu'uruma kanaan Manni Murtii Aanichaa bitaafi mirga falmisiisee ragaas eega qorate booda "iyyattuu fi D/kennaa gidduu

[105]Galmee Ijibbaataa Lakk. 11136, (1999)

haalli fuudhaafi heerumaa jiraachuu ragaan waan mirkaneesseef walfalmitonni haadha warraa fi abbaa warraati (ga'elli nijira)." jedhe murtii kenneera.

Manni Murtii Aanichaa murtini kenne kun bu'uura SMO kwt. 93 tiin ta'us, haalli keewwaticha ittiin hike/hubate garuu akkaataa SMF ykn seera hariiroo hawaasaa isa durii keessatti tumameen ta'uu isaatu mul'ata. Kanaafis sababiin manni murtichaa ibse yoo hin jirreellee (akkuma kutaa kana jalqabarratti tuqame) garaagarummaa SMO gama kanaan seerotamaatii kaan irraa ittiin addaa bahe/bahuu isaa/ hubachuu dhabuu irraa kan ka'e fakkaata. Haaluma kana irratti hundaa'uudhaan D/kennaan murtii M/Murtii Aanaa Walmaraa kana komatee Mana Murtii Ol'aanaatti ol'iyyatus manni murtii boodaa kun garuu "komichi kan dhiyeessisuu miti." jechuun ol'iyyannicha kufaa waan godheef ammas D/kennaan dhimmicha Mana Murtii Waliigala Oromiyaa (MMWO) tti ol'iyyannon dhiyeessee jira (Akka seera deemsa falmii hariiroo hawaassatti ol'iyyanni yeroo lama kan hin hayyamamne ta'us MMO kenneera MMWOs fuudhee ilaaleera).

MMWO ol'iyyannoo kana fuudhee eega ilaale booda *jechi ragootaa walfuutonni yoom, eessattii fi, sirna kamiin akka walfuudhan kanhin beekne ta'uufi, ragaan barreeffamaa ATSWH irraa dhiyaates mataa isaatiin fuudhaafi heerumni raawwatamuu kan hin mirkaneessine* ta'uu akka xiinxalaatti ibsuudhaan, *"haala kanaan fuudhaafi heerumni raawwatamuun osoo hin mirkanaa'in gaa'elli nijira jedhamee murtiin jalatti kenname seeraan ala."* jechuun diigeera. Iyyattuunis, MMWO murtii mana murtii jalaa diigee gaa'elli hin jiru jechuun murtiin kenne dogongora seeraa bu'uura kan qabuudha jechuun MMWO Dhaddacha Ijibbaataatti iyyattus dhaddachi kun garuu *"dogongorri seeraa kan bu'uuraa hin jiru."* jechuun iyyata dhiyaateef kufaa godheera. Kanumaan iyyattuun dhimmicha MMWF Dhaddacha Ijibbataatti dhiyeeffatteerti. Mannii Murtii Federaaalawaa immoo murtii Manneen Murtii Waliigala Oromiyaa ol'iyyannoofi ijibbata irratti kennan diiguun kan murteesse iyyattuufi D/kennaa gidduu gaa'elli jiraachuu isaati.

MMWF dhaddachi ijibbaataa kun sababii yemmuu ibsu, *"haalli abbaa warraa fi haadha warraa jira jechuun kan danda'amu dhiirrii tokkoo fi dubarri tokko abbaa warraa fi haadha warraati waliin jechuun kan waliin jiraatan yoo ta'ee fi namoonni biroo fi firoottan isaaniitis haaluma kana kan beekan ta'uu yoo mirkaneessan akka ta'e seeri*

nituma. Haala abbaa warrummaa fi haadha warrummaa kana bu'uura seerri tume kanaan hubaachiisuun yoo danda'ame fuudhaafi heerumni ni jira jechuun tilmaamni fudhatamuu akka qabu seerrii ifaan kaa'ee jira. Kanaaf, haalli kun jiraachuu hubaachiisuudhaaf fuudhaa fi heerumni yoom akka raawwatameefi sirna kamiin akka raawwatame ragaan akka itti dhiyaatu/mirkaneessu seerri hin dirqisiisu." Jechuun murtii Mana Murtii Aanaa fi kan Ol'aanaa cimseera.

Qabxilee Marii

1. Manni Murtii Aanaa Walmaraa fi Manni Murtii Ol'aanaan SMO kwt 93 akka *"jiraachuu haala gaa'elaa(possession of marital status)"* gaafatuttii soo hin taane akka *"raawwatamuu gaa'elaa (conclusion of marriage)"* gaafatutti hiikuu isaanii akkamitti laaltu?
2. Murtii MMWO fi Dhaddachii Ijibbaataa Oromiyaa kennan ho sirriidha jettuu? Maaliif?
3. MMWF Dhaddachi Ijibbaataa dhimmicha bu'uura seera maatii kamiin ilaale jettu? Bu'uura SMFtiin ilaale taanaan murtii MMWO dhaddachi ijibbaataa bu'uura SMOtiin kenne dogongora seeraa ni qaba jechuun isaa sirriidha jechuun ni danda'ama? Akkamitti?
4. Murtiin MMF dhaddachi ijibbaataa kenne kun gara fuulduraatti bu'aa akkamii qaba? Manneen murtii naannolee hiikkaa MMF kenne kanaan ni dirqamu jettuu?

Akka murtiilee olitti dhiyaatan irraa hubatamutti, hiikkaa kwt. 93 SMO ilaalchisee rakkooleen gurguddoon lama qabatama hojii irratti kan jiran ta'utu mul'ata. Inni tokkoo bu'aa hiikkaa MMWF dhaddachi ijibbataa kenne kan ilaallatu yoo ta'u, inni lammataa immoo gaa'elaa fi walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiittii waliin jiraachuu adda baasanii mirkaneessuu ilaallata.

Rakkoo isa duraa yoo ilaalle, manni murtii waliigala federaalawaa dhaddachi ijibbaataa murtii kenne keessatti hiikkaan inni kaa'e manneen murtii Naannolees ta'ees kan Federaalaa irratti bu'aa dirqisiisuu hordfsiisuun isaa nibeekama. Hiikkaan kenname kun

bu'uura seera maatii kamiin akka ta'e manni murtichaa ifaan kaa'uu baatus, xiinxala murtii kennamee irraa garuu bu'uura SMF kwt.96 fi 97 akka ta'e tilmaamuun ni danda'ama.

Sababiin isaatis, 1ffaa hiikkaan kun tumaalee SMF eeraman kana keessaatti akkuma jirutti ifaan kan taa'aniidha. 2ffaa, bu'uura Seera Mannen Murtii Federaalawaa dhaabee Lab. Lakk. 25/88 tiin, manneen murtii federaalawaa seerota Federaalawaa fi kan Naannoleetis hiikuu akka danda'an ifaan tumameera. Haata'u malee, labsiin olitti ibsame fooyya'uun dura yeroo seerri Federaalawaa fi kan Naannoo walitti bu'an manneen murtii federalaawaa seera federaalawaa fudhachuu akka qabanis labsiin kun tumeera. Tumaan labsichaatis:

Kwt.6, Substantive Laws to be Applied by Federal Courts

"1) Federal Courts shall settle cases or disputes, submitted to them within their jurisdictions on the bases of:

a) Federal laws and international treaties;

b) Regional laws where the cases relate to same;

2) Regional laws to be applied pursuant to sub-Article 1(b) hereof shall not be applicable where they are inconsistent with federal laws…"

Waan ta'eefis, SMF fi SMO dhimma amma ilaallee irratti garaagarummaa waan qabaniif, MMWF Dhaddachi Ijibbaataatis bu'uura labsii olitti tuqameetiin SMO dhiisee SMFn ilaaluun isaa sirrii fakkaata. Kun immoo manni murticha SMO kwt. 93f hiikkaa kan kenne osoo hin ta'iin kufaa kan godhe ta'uu isaati mul'isa.

Haata'u malee, yeroo ammaa labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe labsii lakk 1234/2013 baheen haalli kun kan jijjiiramee jiru dha. Labsii kanaan keewwata 6 jalatti kan tumame akkuma jirutti yoo ilaalle kan jedhu:

Substantive Laws to be Applied by Federal Courts

Art. 6/ Federal Courts shall settle cases or disputes, submitted to them within their jurisdiction on the basis of:

a) the Constitution, Federal Laws and International Treaties to which Ethiopia is a party;

b) Regional; Addis Ababa or Dire Dawa city laws where the case relates to same.

Labsiin ammaa kan duraa irra waanti haaraa inni fidee jiru yoo jiraate ol'aantummaa labsiin duraa kwt 6(2) jalatti seera Federaalaaf beekumtii kennee ture sana hambisuun qajeeltoo Heera Mootummaatti deebi'uu isaa kan hubachiisudha. Haata'u malee ammallee rakkoon jiru dhimma akka olitti ibsamee bu'uura seera Maatii Naannoo Oromiyaatiin hiikkoo kwt 93'f kennina yoo jenne, amma illee labsiin MM Federaalaa lakk **1234/2013** daangaan inni kaahee jiru[106] murtiiwwan MMWF Dh.Ij. hiikkoo dirqisiisaa ammaan dura kennameen faallaa kan murtaa'u yoo ta'e bu'uura hiikkoo dogoggora bu'uura seeraa raawwatame jedhamee labsichaan tarreeffamaniin dhimma Naannoo illee ta'u haalli itti MMWF Dh.Ij. murtii manneen murtii naannoo oromiyaa keessatti bu'uura SMO kwt 93'n firii dubbii tumaa kana mirkaneessuuf barbaachisu ''raawwatamuu gaa'ilaa'' irratti hundaa'uun murtii kennaman fudhatama dhabsiisa yoo ta'e rakkoo ta'a. Murtiin dirqisiisaa MMWF Dh.Ij. ammaan dura kenne Heera Mootummaa waliin yeroo ilaalamu raawwatinsi isaa naannoo oromiyaatti gaaffii kaasuun isaa waan hin oolle ta'a. Haata'u malee, manneen murtii naannoo keenyaa bu'uura labsii fooyya'e kanaa fi dhimma naannoo ta'e seeruma naannoon baafateen hiikkoo itti kennuutu irraa eegama.

Jalqabuma manneen murtii Oromiyaa hiikkaa manni murtii Federaalaa kenne kana hordofuuf kan dirqaman hiikichi SMOf kan keenname yoo ta'e malee sababa lab. lakk. 25/88n seerri maatii Oromiyaa hafuun isaa ol'aantummaa seera federaalawaa kan isa irratti fidu hin fakkaatu. Seera maatii Naannoo Oromiyaa baasuuf Caffeen aangoon bu'uura Heera Mootummaatiin qaama aangoo irratti qabu ta'ee aangoon qoodameeraaf waan ta'eefidha. Hiikkaan mana murtii federaalawaan dhimma harkaa qabnu irratti kenname kun

[106]**Labsii MM Federaalaa lakk 1234/2013 kwt 2(4) (h)**
4/ "Basic or fundamental error of law" shall be final judgment, ruling, order or decree which may be filed in Federal Supreme Court Cassation division pursuant to Article 10 of this Proclamation and/or contains either one or similar of the following basic errors and grossly distresses justice:
a) in violation of the constitution
b) by misinterpreting a legal provision or by applying an irrelevant law to the case;
c) by not framing the appropriate issue or by framing an issue irrelevant to the litigation;
d) by denying to an award judgment to a justiciable matter;
e) by giving an order in execution proceedings unwarranted by the main decision;
f) in the absence of jurisdiction over the subject matter in dispute;
g) an administrative act or decision rendered in contradiction with the law;
h**) in contravention to binding decision of the Federal Supreme Court Cassation Division.**

Heera Mootummaatin kan waldhahu waan ta'uuf qaama ilaaluun furmaanni kennamuu qaba. Heera Mootummaa Federaalawaa kwt.52(2) irratti Naannoleen seera maatii mataa isaanii baafachuudhaaf angoo keennameef irratti hundaa'uun Caffeen Oromiyaa seera maatii Oromiyaa qabatama naannoo ofiitiin kan baase fooyya'uu yoo barbaachises Caffeen ofii isaatii fooyyessuu danda'a.

Kanaaf, hiikkaan manni murtii tokko seera kanaaf kennu, yaada Caffeedhaa kan hordofu ta'utu irra jira. SMO kwt. 93 hiikni isaa ifaa fi falmii kan hin qabne ta'ee osoo jiru sababa SMFn waldideef qofa manneen murtiin haqamuu kan qabu hin fakkaatu.

Rakkoo isa 2^{ffaa}tti yoo dhufnu immoo, SMO kwt 93 ijoon mirkanaa'uu qabu *"raawwatamuu gaa'elaa"* akka ta'e tumuun isaa rakkoo gaa'elaa fi walqunnamtii gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niititti waliin jiraachuu adda baasuu irratti mudatu hambisuudhaaf kan yaade fakkaata. Hiikkaan SMF kwt 96 irratti hundaa'e garuu rakkoo kana hin furu. SMO kwt 136(2) jalatti gaa'elaan ala walqunnamtii akka dhiirsaa fi niititti waliin jiraahuun kan mirkaanaa'u, walfuudhuu baatan illee, dhirri tokkoo fi dubarri tokko haala dhiirsaa fi niitummaatiin kan waliin jiraatani fi hawaasniifi maatiin isaanitis haaluma kanaan kan beekan ta'uu hubachiisuudhaan akka ta'e tumamee jira, seerri maatii federaalawaatis kanuma hima.

Egaa, gaa'ela ragaa amansiisaafi gahaadhan mirkaneessuu irratti tumaan kwt 96 SMF kan kaa'e walqunnamtii gaa'elaan alaa kana mirkaneessuuf kan tumame waliin haala adda baasuuf rakkisaa ta'een walfakkata. SMO garuu walqunnamtiiwwaan kanneen lameen mirkaneessuu keessatti ijoo dubbii ta'uu qabu ifa godhee tumeera. Kunis, *gaa'ela yoo ta'e raawwatamuun isaa (conclusion) mirkanaa'uu kan qabu* yoo ta'u, *walqunnamtii gaa'elaan ala waliin jiraachuu yoo ta'e immoo haalli walqunnamtichaa (possession of status) jiraachuu mirkaneessuu* akka ta'e adda bahee jira. Haata'umalee MMF dhaddachi ijibbaataa hiikkaa kenneen tumaaleen SMF hiikkaan isaanii hedduu walfakkaataa ta'e kun akka hordofamu waan dirqisiisuuf rakkoo SMO gama kanaan silaa furee ture bakkatti deebiseera.

Muxannoon biyyoota birootis yoo ilaalamu rakkini walfakkaataan kan jiru ta'uu agarsiisa. Fakkeenyaaf, dhimma biyya Ameerikaatti ka'e tokko irratti iyyattuun "abbaan warraa koo waan du'eef mirgi niitummaa koo naaf haa kabajamu," jechuun yoo gaafattu, maatiin du'aadhaa immoo "iyyattuun du'aa waliin fuudhaa fi heeruma waan hin raawwatiniif mirgi gaafattu hinjiru," jechuun mormaniiru. Manni Murtii dhimmicha ilaale garuu hikkoo seeraa irratti qajeelfama "juurii"/jury members/ kenneen "iyyattuun qabiyyee lafa du'aadhaa argachuuf himata dhiyeessiteef ishii fi du'aa gidduu gaa'elli jiraachuu mirkaneessuu keessatti sadarkaa madaallii isa ol'aanaa agarsiisuun ishii irraa hineegamu kunis,qabatama raawwatamuu gaa'elichaa mirkaneessuun dirqamaa miti. Akka dhiirsaa fi niitiitti du'aa waliin jiraachaa turuu isaanii gochootaa fi dubbii du'aan akka niitiitti ishee fudhachuu isaa agarsiisan hubachiisuun gahaadha."[107] Jechuun gaa'elli yoom, eessatti fi, sirna kamiin akka raawwate mirkaneessuun dirqama akka hin ta'iin ibseera. **Manni Murtii Waliigalaa NaannooWiskoonsiin** dhimmicha ol'iyyannoon ilaalee murtii kenneen immoo "**gaa'elli jiraachuun** iddoo, yeroo fi haala raawwii isaa agarsiisuun mirkanaa'uu qaba."[108] Jechuun murtii jalaa diigeera.

Akka yaada furmaataatti tarii ilaalamuu kan danda'u, qaamni walqunnamtiin tokko gaa'ela osoo hin taane gaa'elaan ala waliin jiraachuudha jedhu gaa'elli raawwatamuu dhabuu isaa hubachiisuudhaan osoo ta'ee, rakkoo kana hanga tokko kan furu fakkaata. Sababiin isaatis, gareen kuun gaaa'elli jiraahchuu isaa haalli dhiirsaafi niitummaa jiraachuu (possession of status) mirkaneessuun waan hubachiisuufidha.

Gaaffiilee Marii

1. Gaa'ela ragaa gahaa fi amansiisaa bu'uura SMO kwt.93n mirkaneessuu fi gaa'elaan ala waliin jiraachuu immoo bu'uura kwt.136(2)n mirkaneessuu gidduu garaagarummaa akkamiitu jira? Muxannoo hojii qabdaniin walbira qabaatii mari'adhaa, yaada furmaataatis akeekaa!
2. Bu'uura SMO kwt.93 gaa'ela mirkaneessuu keessatti *"dhiirsaa fi niitummaan"* jiraachuu fi bu'uura SMO kwt.136(2) *"gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti*

[107]Barruu Waldaa Abukaatota Itiyoophiyaa Jiildii 2ffaa,Lakk.1ffaa (1999) maxxanfamte keessatti Obboo Tilahun Tashooma kan caqasan,Fuula 108
[108]Barruma kana Fuula 109

waliin jiraachuu" mirkaneessuu gidduu ulaagaleen walqunnamtiiwwan lameen kana adda baasuuf dandeessisan kan bu'uuraa maaliidha? Gaalee *"...haala namoota walfuudhanii kan agarsiisan..."* jedhuu fi gaalee *"...akka dhiirsaa fi niitiitti kan walfudhatanii fi akkasittis kan jiraatan..."* jedhu gidduu garaagarummaan bu'uuraa ifa ta'e ni jiraa?

3. Gaa'ela ragaa gahaa fi amansiisaan mirkaneessuun yeroo galmeen gaa'elichaa hinjirre akka furmaata addaatti kan kaahame malee bu'uuraa miti (an exception to the rule). Waan ta'eefis bal'isanii hiikuun sirriidha jettuu? akkas taanaan barbaachisummaa waraqaa ragaa ykn galmeeffama gaa'elaa hin dadhabsiisuu? Kaayyoo seera galmeeffama gaa'elaa fi mirga walfuutotaan walbira qabuun mari'adhaa.

BOQONNAA SADII

3. DIIGGAA GAA'ELAA

Seensa

Falmiiwwan hariiroo maatii keesssatti, kallatiinis walqunnamtii dhirsaa fi niitummaa keessatti, uumaman keeysaa tokko diigamuu gaa'elaati. Sababiiwwan diiggaan gaa'elaa ittiin raawwatamu seerri maatii boq.7^{ffaa} keessatti diriirfamee jira. Haallan gaa'elli ittiin diigamu keessaa hiikkaan isa tokko dha. Moojuliin kunis boq.kana jalatti, kallattiidhaan kan xiyyeeffatu hiikkaa gaa'elaa irratti ta'a.

Haala kanaanis, qabxilee ijoo fi qabatama hojii irrattis rakkoon hangi tokko irratti mul'atu sadii (3) kan ilaalaman yoo ta'u isaanis: 1^{ffaa}, hiikka gaa'elaatiin walqabatee hiikkaalee m/murtiin alatti raawwatamaniif seerichi beekumtii fi eegumsa kenneefii jiraachuuf dhabuu, seerrii fi m/murtiis akkamitti akka ilaalan kaasnee iddoo itti ilaallu ta'a. Sababoota diiggaa gaa'ilaaf ta'an tokko tokkoon kan kaafnee ilaallu ta'a. Kana malees, bifoota hiikkaan gaa'ilaa karaa ittiin gaafatamu fi mana murtiin murtaa'u kaasnee kan ilaallu ta'a.

Dhumarratis, xumara boqonnaa kanaa booda leenjifamtoonni:

- Hiikkaan m/murtiin ala raawwatamu seera duratti iddoon qabu maal akka ta'ee fi qabatamni hojii immoo haala kamiin akka hubataa jiru kallattiiwwan furmaataa waliin hubachuudhaan hubannoo kan gabbifatan ta'uun ni amanama. Hiikkoo manni Maree Federeshinii kallattii kanaan murtii dirqisiisaa MMWF Dh.Ij kennee ture raawwatinsa kan hin qabne ta'uu murteesse faana xiinxala akka taasisan isaan gargaara.
- Sababoota gaa'illi ittiin diigaman kan seerichaan beekumtiin kenname adda baasanii ni xiinxalu. Akkasumas bifoota hiikkaa gaa'ilaa adda baasanii ibsuu isaan dandeessisa.

3.1. Sababoota Gaa'elli ittiin Diigamu

Akkuma boqqonnaawwan duraa lamaan keessatti hanga tokko ibsametti eegumsi gaa'elaaf yeroo turtii isaa keessatti fi diiggaa irrattis kan godhamu ta'uun ni beekama. Karaalee

eegumsi kun ittiin ibsamu keessaa inni tokko gaa'elli bu'uura sirnoota adda addaa sadii (3)n kan raawwatamu yoo ta'es, bu'aa hordofsiisu irratti garuu garaagarummaa kan hin qabne ta'uu isaa seeraan tumamuudha. Haaluma kanaan diiggaa gaa'elaa ilaalchiseetis, garaagarummaan sirnoota raawwii gaa'elaa akkaataa diiggaa fi bu'aawwan isaa irratti garaagarummaa kan hin fidne ta'uun akka eegumsaatti haala waliigalaatiin tumamee jira[109].

Bu'uura eegumsa seerichaatiinis, gaa'elli tokko karaa sirna kamiiyyuu yoo raawwatames diigamuu kan danda'u bu'uura sababiiwwan seerichi lafakaayeen qofa ta'a. Gama kanaan, SMO sababiiwwan gaa'elli ittiin diigamuu danda'u sadii (3) tarreessee jira[110]. Isaanis:

- du'a ykn badiinsa
- hir'ina ulaagaa bu'uuraa
- hiikkaa

Isaan kana keessaa sababiiwwan lamaan duraa fedhii/gaaffii walfuutotaan ala uumamuu ykn raawwatamuu kan danda'an yoo ta'an, inni 3[ffaa]n immoo gaaffii walfuutota lamaanii ykn isa tokkoo irratti sababii hundaa'uudha.

Kallattiinis, sababiin inni duraa du'a ykn badiinsa walfuutota keessaa isa tokkoo akka ta'e seerichi kwt. 97(a) jalatti tumeera. Badiinsa ilaalchisee garuu sababii kan ta'uu danda'u murtiin badiinsaa mana murtiin kennamuu akka qabu ibsa keewwatichaa irraa ni hubatama[111]. Sababiin inni 2[ffaa]n immoo gaa'elli tokko akka diigamu murtii m/murtiin kennamu (ajajamuu) dha[112]. Kunis kan ta'uu danda'u ulaagaalee raawwii gaa'elaaf guutamuu qaban (Boq. I: kutaa1.2.2 jalatti kan ilaalaman) keessaa tokko sababa hir'achuutiin qaama ilaallatuun gaaffiin yoo dhiyaate dha. Ulaagaaleen raawwii gaa'ela

[109] SMO kwt.96: sirni raawwiidhaa garaagara yoo ta'ellee akkasumas sababiin diiggaatis adda adda yoo ta'es bu'aan hordofsiisan tokkoodha.
[110] SMO kwt.97.
[111] "Walfuutota keessaa tokko baduu isaa murtiin badiinsaa m/murtiin yoo kenname", jechuun SMO kwt.97 (a) jalatti ibsamee jira.
[112] Sababa hir'ina ulaagaalee bu'uraatiin gaaffii dhiyaatu irratti hundaa'uun (SMO kwt.48-53).

tokkoof guutamuu qaban kun eegumsa seerri gaa'elaaf godhu keessaa isa duraa waan ta'aniif guutamuun isaanii dirqamaa dha.

Sababiiwwan lameen jalqabaa ilaalchisee qabxiileen akka waliigalaatti ifa ta'uu qaban lama gurguddoon nijiru. 1ffaa diiggaan gaa'elaa sababa du'aatiin ykn badiinsaatiin raawwatamu m/murtiitti dhiiyaatee diigamuun isaa labsamuu kan irra jiruu osoo hin taane, firiin(fact) isaa qofaan m/murtiif ibsamuudhaan diigamuu gaa'elichaa tilmaamni seeraa (judicial notes) akka fudhatamu godhama[113]. Kanaaf, fakkeenyaaf iyyannoowwan akka niitummaan ykn dhiirsummaan naaf haamirkanaa'u jechuun dhiyaatan irratti gaaffichi bu'uura kan godhate du'a ykn badiinsa walfuutota keessaa isa tokkoo yoo ta'e gareen iyyannoo dhiyeeffatu kan hubachiisuu qabu gaa'elichi diigamuu isaa osoo hintaane du'uu dhiirsaa ykn niitii ykn immoo baduun isaa/ishii m/murtiin mirkanaa'uu qofaadha[114].

Qabxiin inni 2ffaan, gaa'elli hir'ina ulaagaa bu'uuraa qabu tokko du'a ykn badiinsa ykn gaaffii hiikkaa walfuutotaan diigamuu danda'aa laata, kan jedhuudha. Gama kanaan boq.1ffaa keessatti akka ilaalametti gaa'elli hir'ina ulaagaa bu'uuraa qabu tokko hanga gaaffiin bu'uura hir'inichaatiin irratti dhiyaatee sababa kanaan diigamutti akkuma gaa'ela seera qabeessaatti fudhatamee bu'aa seeraa hundaa kan hordofsiisu ta'uun isaa kan hubatamuudha. Kanaaf gaa'elichi osoo haala kanaan jiru walfuutota keessaa tokko yoo du'e ykn bade ykn gaaffiin hiikkaa walfuutotaa waliigalteedhaan ykn dhuunfaadhaan yoo dhiyaate bu'uruma sababiiwwan kanneeniitiin ilaalama malee sababa hir'ina qabuuf qofa jalqabumaayyuu bu'aa hin qabu ykn kufaadha jechuun yaada deeggarsa seeraa qabu miti. M/murtii hanga gaaffiin bu'uura hir'innichaatiin hindhiyaatinitti gaa'elichi guutuu (valid) akka ta'ettiidha kan fudhatu. Seerichis kanuma tilmaama fudhata waan ta'eef.

Sababiin inni 3ffaan immoo SMO kwt. 97(3) jalatti kan tumame hiikkaa yoo ta'u, innis gaaffii walfuutotaan ykn walfuutota keessaa isa tokkoon dhiyaatuun manni murtii hiikkaa kan kennuudha. Sabaabiiwwan 2ffaa fi 3ffaa ilaalchisee lameenuu murtiidhaan kan raawwataman yoo ta'anis garaagarummaa bu'uuraa qabaachuun isaanii hubatamuu qaba.

[113] Du'a ykn badiinsi sababii diigamuu gaa'elaa seeraan hordofsiisaniidha (by the operation of the law)

[114] Asirratti falmiin ka'us ka'uu baatus gaa'elichi akka jirutti tilmaamni seeraa waan fudhatamuuf m/murtii tilmaamni kun diigamuu isaa mirkaneeffachuudhaaf du'a ykn badiinsa jedhame akka firii dubbiitti qulqulleeffachuun diigamuu gaa'elaa tilmaama fudhachuu qaba.Kanaan ala diigamuu gaa'elichaa ofii isaatii hinmurteessu.

Bu'uura sababii 2ffaan (hir'achuu ulaagaa bu'uuraa) kan kennamu murtii diiggaa gaa'elaa (judicial dissolution) yoo ta'u sababii 3ffaa irratti kan kennamu immoo murtii hiikkaa gaa'elaati (decission of divorce). Kana malees sababii 2ffaajalatti gaa'elichi akka diigamu seerrii mataa isaa kan deeggaruu fi kan jajjabeesu yoo ta'u, isa 3ffaa (hiikkaa) jalatti garuu seerichi hin jajjabeessu, inumahuu gadi qaba[115].

Egaa, diigamuu gaa'elaa ilaalchisee sababiiwwan gurguddoon seeraan beekumtii qaban sadeen armaan olitti gabaabinaan ibsamaniidha. Haata'u malee, sababiiwwan kanaan walqabatee qabxiilee qabatama hojii irratti hanga tokko hubannoo addaa barbaadan tokko tokko asitti kaasanii xiinxaluun faayidaa hin tuffatamne kan qabu ta'ee mul'ata.

Kunis, 1ffaa walfuutota keessaa inni tokko baduun isaa murtiidhaan yoo mirkanaa'e, diigamuu gaa'elichaaf sababa akka ta'e seerichi haatumu malee tarii abbaan/haati warraa baduun isaa/ishee murtiin mirkanaa'ee gaa'elli irraa diigame tokko eega gaa'elichi diigame booda yoo argame ykn gara manaatti yoo gale bu'aan hordofamu maal akka ta'e seerri maatii wanti jedhe hin jiru. Akkasumas hiikkaadhaan gaa'elli tokko m/murtiitti eega diigame booda walfuutonni araaramuudhaan walitti deebi'anii waliin jiraachuu yoo ittifuufan ta'e, haala kanaan osoo jiranuu walfuutota keessaa tokko yoo du'e ykn bade ykn gaaffii hiikkaa yoo dhiyeesse hiikkaan inni duraa bu'aa akkamii akka qabaatu ifa miti.

Haalawwan akkasii yemmuu mudatu manni murtii qabatama lafa irra jiru osoo arguu gaa'elichi takka diigameera jedhee cufuunis haqa qabeessa hinta'u. Kanaaf seericha akkaataa dhugaa qabatamaan lafa irratti argamuutti hiikuun murtii kennutu filatamaadha. Qabxii kanaan walqabatee dhimma M/M/W/F/I/ dhaddacha ijibbaataatti[116] dhiyaatee murtaa'e tokko asitti ilaaluun faaydaa ol'aanaa qaba.

Firiin dhimmichaatis iyyattuun ammaa du'aa waliin gaa'elaan osoo jiran waldiddaa uumameen gaa'elicha m/murtiitti hiikkaan eega diigan booda gargar bahuudhaan du'aan

[115]Karaa eegumsi seerri gaa'elaaf godhu ittiin ibsamu keessaa inni tokko ulaagaalee bu'uuraa guutamuu qaban kaahuudhaan yoo ta'u, gaa'elli hir'ina ulaagaa qabaachuun isaa mirkanaa'e akka diigamu jajjabeessuunis eegumsa godhame kan raawwatamaa kan taasiauudha. Gama birootiin immoo waldiddaa walfuutotaa irraa ka'uun gaaffiin hiikkaa dhiyaatu araara ykn furmaata kan biroon sirraa'uu waandanda'uuf gaa'elichi bu'uura kanaan salphamatti akka diigamu seerichi hinhayyamu.

[116]Galmee ijjibbaataa Lakk.21740 (2000): murtiin kun murtiilee dhaddacha ijibbaataa jiildii 5 ffaa (2001) keessatti fuula 174-179 jalatti argama.

D/kennituu ammaa waliin gaa'ela biroo raawwatee osoo jiraatu iyyattuu ammaa waliinis araaramuudhaan gaa'elicha ittifufuun jiraachaa turan. Haala kanaan osoo jiraatan dhiirsichi du'aan yemmuu boqatu iyyattuun ammaa niitummaa mirkaneeffachuuf iyyata m/murtii jalaatti yoo dhiyeeffattu D/kennituun ammaa gaa'elli iyyattuudhaan osoo du'aan lubbuun jiru m/murtiitti hiikkaan kan diigame ta'uu ibsuudhaan iyyattuun niitii du'aatii miti jechuun mormitee falmiitti makamtee jirti.

M/murtii jalaas akkuma sadarkaa isaaniitiin dhimmicha ilaalanii gaa'elli iyyattuudhaa murtii hiikkaatiin waan diigameef sana booda araaraan walitti deebi'anii waliin jiraachuun isaanii qabatamaan yoo uumames gaa'elicha deebisee kan kaasuu miti, kanaaf iyyattuun niitii du'aatii miti jechuudhaan murteessan. Dhaddachi ijibbaataa kun immoo murtii kenneen gaa'elli iyyattuu fi du'aadhaa murtii hiikkaatiin kan diigame ta'us booddee araaramanii walitti deebi'uun waliin jiraachuun isaanii dhugaa qabatamaan lafa jiru ta'uu ragaan mirkaneessee bakka jirutti gaa'elichi hiikkaan diigamuu isaa irratti hundaa'uun dhugaa lafa jiru bu'aa seeraa dhabsiisuun murtii haqaa fi kaayyoo seeraa hordofe ta'ee hinmul'atu. Seericha haala qabatama hariiroo namootaa kan lafa irra jiru akkaataa bu'uura haqaatiin furuu danda'utti hiikamu qaba jechuun murtii m/murtii jalaa diigee iyyattuun niitii du'aa ta'uu ishii murteessee jira. Murtii kana muxannoo qabdanii fi tumaalee seeraa ilaallatan waliin walcinatti irratti mari'adhaa.

Gaaffii Marii

1) Abbaa warraa fi haati warraa duraan hiikkaan gaa'illi isaanii diigame irra deebiin gaa'ila raawwachuuf mirga qaban tumaa **SMO kwt 33(2,b)** irraa kan hubatamu yoo ta'u, murtii manneen murtii sadarkaan jiru akkamiin madaaltu? Gaa'ila osoo hin raawwatiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti yoo waliin jiraatanoo dhimma olii akkamiin furra?
2) Namni murtiin badiinsaa irartti kennamee sababa kanaan gaa'illi diigame yoo deebi'ee galee maal taha?
3) Namni murtiin badiinsaa irratti kenname gaa'ila haaraa hundeeffame irratti mormii inni dhiyeessu bu'aa akkamii hordofsiisa? gaa'ila duraanii bakkatti deebisuu ni

danda'aa? gama qabeenyaa waliiniitiinis bu'aa akkamii hordofsiisa? SHH kwt 163 fi 171 waliin ilaaluun marii irratti taasisaa!

Inni biroo, garaagarummaa sirnoota raawwii gaa'elaa diigamuu gaa'elichaa fi bu'aawwan hordofsiisu irratti garaagarummaa kamiyyuu dhaqqabsiisuu ykn uumuu kan hindandeenye ta'uu seerrichi tumuun isaa armaan olitti tuqameera. Haaluma walfakkaatuun diigamuu gaa'elaa kan fidan sababiiwwaan adda addaa sadeen olitti ilaalamanis bu'aa diiggaan hordofsiisu irratti garaagarummaa kan hinfidne ta'uun isaanii ifaan hubatama[117]. Haata'uutii garaagarummaan muraasni kan jiru ta'uunis dagatamuu kan qabuu miti. Fakkeenyaaf gaa'elichi kan diigame sababa gaaffii hiikkaatiin yoo ta'e firoottan walfuutotaatiif dirqamni qallaba kennuudhaan kan citu yoo ta'u diigga sababa du'aatiin yoo ta'e garuu diqamni kun diigamuu gaa'elichaa boodas ittifufa[118].

Akka waliigalaatti wanti ifa ta'uu qabuu 1^{ffaa}, sababiin gaa'elli ittiin diigame hiikkaa yoo ta'e bu'aawwan hiikkaan hordofsiisu, akkuma haala teessuma tumaalee irraa mul'atutti, bu'uura tumaalee kutaa 3^{ffaa} tiin kan ilaalamu ta'a. Diiggaa kan fide sababa du'a walfuutota keessaa isa tokkoon yoo ta'e, bu'aa gama qabeenyaan jiru ilaaalchisee akkuma barbaachisummaa isaatti kutaan 4^{ffaa}n olitti eerame kan raawwatamu akka ta'e ni hima. Sababiin diiggaadhaa hir'achuu ulaagaa seeraa yoo ta'e immoo bu'aan diiggaan hordofsiisuu maala akka ta'e manni murtii haqummaa madaalee murteessuu akka qabu jalatti tumamee jira[119].

2^{ffaa}, gaa'elli kan diigame sababa baduu ykn dhabamuu dhiirsaa/niitiitiin yoo ta'e bu'aan isaa bu'uura kamiin ilaalamuu akka qabu seerichi wanti jedhe yoo hinjirreellee haaluma diiggaa sababa du'aan raawwatamuuttii ilaalamuun bu'aan gama qabeenyaan argamu yoo jiraate (falmiin qooda qabeenyaa dhaaltotaa fi abbaa/haadha warraa isa jiru giddutti yoo ka'e) bu'uruma tumaalee seerichaa boqonnaa 7^{ffaa} kutaa 4^{ffaa}n akka ilaalamuuf seerichi kan caldhiseedha.

[117] SMO kwt.112.
[118] SMO kwt.216.
[119] SMO kwt.122(2) fi 123.

3[ffaa], sababa hir'achuu ulaagaa seeraan diiggaa murtaa'uun walqabatee bu'aan diiggaadhaa haqa irratti hundaa'amee murtaa'uu akka qabu seerichi yoo tumellee haala kamtu "haqa" akka ta'e madaalee murtii akka kennu seerichi mana murtiif angoo kenneera. Kanaaf, manni murtichaa akka madaaletti dhimmicha bu'uura bu'aaleen hiikkaa gaa'elaa ittiin ilaalamaniin (kutaa 4[ffaa]) laaluun haqa qabeessa ta'ee yoo arge haaluma walfakkaataa ta'een qulqulleessuun kan danda'amu ta'utu hubatama. Kanaaf, garaagarummaan sababiiwwan diiggaa bu'aalee hordofsiisu irratti fidan yoo hin jirreellee adeemsa ittiin ilaalaman irratti garuu garaagarummaa qabachuu kan danda'an ta'uun akka waliigalaatti ni hubatama.

Qabxiilee Marii

1. Gaa'elli sababa hir'achuu ulaagaalee seeraatiin diigamu tokko jelqabumaayyuu kaasee bu'aa seeraa waan hinqabneef (void) diiggaan issaatis walqunnamticha hambisuu irraa kan hafe bu'aan hordofsiisu hin jiru yaadni jedhu nijira.Yaadni kun sirriidha jettuu?Gama biraatiin walfuutonni umriin gaa'elaaf hin ga'in tokko gaa'ela raawwatanii yemmuu waliin jiraatan qabeenyas horatanii ijoolles eega argatan booda sababa hir'ina ulaagaa seeraa irraa kan ka'e gaa'elli akka diigamu ta'a. Bu'aa diiggaa gaa'ela kanaa akkamitti ilaaltu? Bu'uura keewwata seeraa kamiin ilaalamuu qaba jettu? Maxannoo hojii irratti qabdan kaasuudhaan irratti mari'adhaa! Yaada jalqaba ibsame sana hoo sirriidha jettu? Maaliif?
2. Gaa'ellii tokko sababa du'a abbaa warraa ykn haadha warraan diigamuufi sababii badiinsa isaan tokkoon diigamuun bu'aa hordofsiisu irratti garaagarummaan fidu jira? Yoo hin jirree akkamitti, yoo jiraate maaliidha?
3. Gaa'elli sababa du'a ykn badiinsa walfuutota keessaa isa tokkoon kan diigamu yoo ta'e diiggaan isaa akkamitti mirkanaa'a? Gaheen mana murtii maali? Dhimmichi m/murtii gahuu qabaa laata? Manni murtii dhimmicha irratti ragaa caqasee murtii diiggaa kenna moo akkami? Muxannoo gama kanaan qabdan waliiqooduun mari'adhaa!
4. Namni sababa baduu isaatiin gaa'elli irraa diigame tokko diiggaa gaa'elaan booda yoo argame ykn gale mirga akkamii qabaata? Gaa'ela diigame irratti bu'aan hordofsiisu jiraa? Maliif ykn maal fa'a? Dhimmi akkanaa muxannoo hojii qabdan

keessatti isin mudatee beekaa? Yoo isin mudate ta’e akkamitti ilaaltan, osoo isin mudatee hoo akkamitti hubattu?

3.2. Bifoota Hiikkaa Gaa’elaa

Hiikkaan sababiiwwan diiggaan gaa’elaa ittiin raawwatamu keessaa isa tokko akka ta’e armaan olitti ilaalameera. Akka sababii diiggaa gaa’elaatti tokko haa ta’u malee hiikkaan gaafilee karaa lamaan dhiyaatan irratti hundaaa’ee laatama. Isaanis:

- Waliigalteen walhiikuu
- Gaaffii hiikkaa dhiyeessuu

Hiikkaa ilaalchisee SMO boq. 7^{ffaa} keessatti kutaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa}jalatti akkaataa gaafileen ittiin dhiyaatanii fi manni murtiitis haala ittiin ilaaluu qabu diriirsee tumee jira. Bu’uura kanaanis, kutaa 2^{ffaa}jalatti waa’een waliigalteedhaan walhiikuu kan tumame yoo ta’uu kutaan 3^{ffaa}n immoo tumaalee gaaffii hiikkaa dhuunfaa walfuutotaan dhiyaatan bitan kan hammateedha.

Haala kanaan seerichi bifoota gaafilee hiikkaa adda adda baasee kaa’uun isaa ifa ta’ullee akkaataa ittiin dhiyaachuu qabanii fi haalli manni murtii ittiin simachuu qabu irratti garaagarummaa “teeknikaawa” ta’e waan qabaniif qabatama hojii keessatti garaagarummaan kun wal nama jalaa dhahuu danda’a. Kanaaf, garaagarummaan kun hanga tokko gabaabinaan xiinxalamuu akka qabu ni mul’ata. Kanamalees, gaaffiin gaa’elaan walqabatee dhiyaatu hundi hiikkaa gaa’elaa kan gaafatu waan hin taaneef iyyanni dhiyaate kan hiikkaa ta’uu fi kan waldiddaan akka ilaalamuuf dhiyaate ta’uu isaa of eeggannoon adda baasuun dirqamaadha. Falmiiwwan hiikkaa hin ilaallanne kunis bu’uura SMO kwt.94 fi 95tiin ilaalamee fala argachuu qaba.

3.2.1. Waliigalteen Walhiikuu

Seericha akka ibsametti, hiikkaan gaa'elaa waliigaltee walfuutotaan murtaa'ee mana murtiittii ragga'uudhaan raawwatamuu kan danda'u ta'uun tumameera[120]. Kunis,niitiin fi dhiirsi waliigalteedhaan walhiikuuf yemmuu murteeffatan waliigaltee hiikkaa fi bu'aa isaa barreeffamaan mana murtiif dhiyeessuudhaan addaan bahiinsi (hiikkaan) akka ragga'uuf gaafachuu danda'an jechuun seerichi tumee jira[121].

Tumaalee seeraa olitti tuqaman irraa wanti hubatamus, gaaffiin hiikkaa gaa'elaa waliigaltee walfuutotaan seericha boq.7 kutaa 2^{ffaa} jalatti kan dhiyaatu1^{ffaa} addaan bahiinsa irratti walfuutonni lameenuu fedhii guutuu kan qabanii fi kan murteessan ta'uu qabu. 2ffaa, addaan bahuudhaafis fedhii guutuun murteeffachuu isaanii walfuutonni lameenuu waliigalteen ibsachuutu irraa jira. 3ffaa, addaan bahiinsaanis walqabatee bu'aalee gama mirga dhuunfaa isaanii, dantaa ijoollee fi qabeenyaan jiran irratti waliigalteedhaan murteessuu qabu. Dhumarrattis, waliigalateen lameenuu (kan hiikkaa fi kan bu'aa isaa) barruudhaan qophaa'uudhaan mana murtiif dhiyaachuu qabu. Egaa gaafichi haala kanaan guutamee yoo dhiyaate gaaffii waliigalteen walhiikuuti jedhamee simatama.

Waliigalteedhaan walhiikuu seerichi kan hayyame ta'ullee walfuutonni karaa kanaan walhiikuudhaaf gaa'elli isaanii yoo xinnaate baatii jahaa kan guute ta'uutu irra jira[122]. Sababiin isaatis walfuutonni haaraan yeroo gabaabaa kana keessatti jiruu fi jireenya waliinii sirritti hubatanii waliigalteen walhiikuuf murteeffachuu nidanda'u jedhamee waan hintilmaamamneefi. Asirratti walfuutonni walhiikuudhaaf waliigalleerra waan jedhaniif qofaa akkuma salphaatti calluma jedhamee waliigalteen isaanii kan raggaasifamu akka hin taane hubatamuu qaba. Manni murtii fedhii isaanii irratti yoo murteessuu baatellee walfuutonni yaada isaanii akka jijjiiran gochuun gaa'elichi akka hindiigamne yaaluudhaaf gahee fi ittigaafatamummaa guddaa qaba. Kanas walfuutota bakka tokkottis ta'ee adda addaan dubbisuun yaada akka jijjiiran gochuuf yaaluu irra darbee yaada isaanii kan

[120] SMO kwt.99
[121] SMO kwt.100
[122] SMO kwt.100(2)

hingeeddarre yoo ta'e irra deebi'anii akka itti yaadan akkuma haala isaatti yeroo hanga ji'a sadii gahu kennuudhaan ijibbaata yaaluu akka qabu seerichi nigaafata[123].

Kana hundaa raawwatee walfuutonni yaada isaanii jijjiiruu yoo baatan m/murtii ammas dhimmicha irratti angoo biraa niqaba. Innis waliigalteen walhiikinsaa fedhii guutuu fi bilisaan walfuutonni kan ittigalan ta'uu fi akkasumas seera fi safuu hawaasichaatiin kan walitti hinbuune ta'uu mirkaneessuudhaan hiikicha raggaasutu irraa eeggama[124]. Kana malees waliigaltee hiikkaa waliin kan dhiyaatu waliigaltee bu'aa hiikichaatis haaluma walfakkaatuun mirgaa fi kunuunsa ijoollee fi mirga walfuutotaas seeraa fi haala gahaa ta'een kan hin miine ta'uu isaa mirkaneessu malee raggaasuu akka hin qabne seerichi ifaan kaahee jira.

Gama biraatiin walfuutonni hiikicha irratti waliigalanii bu'aa isaa irratti immoo yoo caldhisan ykn waliigaluu dhaban m/murtichaa hanga danda'ametti walfuutonni akka irratti waliigalan gochuuf yaaluun kan irra jiru ta'us hin danda'amne taanaan garuu karaa itti mijate hundaan bu'aa hikichaa irratti ofii isaati murteessuu qaba.[125]

3.2.2. Hiikkaa Gaaffii Walfuutotaan Raawwatamu

Gama biraatiin, gaaffiin hiikkaa dhuunfaa walfuutotaatiin kophaatti dhiyaatu immoo seericha boq. 7 kutaa 3^{ffaa} jalatti kan simatamu yoo ta'u, kunis karaa lamaan dhiyaachuu akka danda'u kwt.104(1) jalatti kan tumame ni ibsa. Karaan inni tokko walfuutota keessaa inni tokko kophaa isaatti gaa'elichi hikkaan akka diigamuuf gaaffii dhuunfaan dhiyeesuudha. Karaan inni biraa immoo gaaffuma kana walfuutonni lameenuu **waliin ta'uudhaan** kan dhiyeessaniidha. Karaan ittiin gaafichi dhiyaatuu danda'u lama haata'u malee bu'aan hordofsiisuufi haalli ittiin ilaalamu tokkoodha.

Egaa, bifa hiikkaa kana isa jalqabaa (waliigalteen) irraa wantoonni adda godhaan 1^{ffaa}, walfuutota keessaa inni tokko fedhii hiikichaa kan qabu yoo ta'u inni kuun immoo hin qabu ta'a. Yeroo kana isa fedhii hin qabne ykn gaaffii hin dhiyeessin m/murtii waamee yaada isaa gaafachuu danda'a. Gama biraatiin walfuutonni lameenuu hiikichaaf fedhii kan qaban

[123] SMO kwt.101
[124] SMO kwt.103(1)
[125] SMO kwt.110(3) bifa wal fakkaatuun hiikuu (analogy) fayyadamuun nidanda'ama.

ta'uu malanis hikkichas ta'ee bu'aa isaa irratti waliigalteen godhan hinjiru gaaffichas waliigalteenii miti kan dhiyeessan[126]. 2ffaa, gaaffiin dhiyaatus gaa'elichi hiikkaan akka diigamuuf murtii hiikkaa kan gaafatu malee hiikkaan akka ragga'uuf miti[127]. Akkasumas gaaffiin hiikkaa karaa kanaan dhiyaatu umrii gaa'elichaan kan daanga'uu miti[128].

Haaluma walfakkaatuun, karaawwan lameen gaaffiin hiikkaa ittiin dhiyaatan kun akkaataa manni murtii gaaficha ittiin ilaalu irrattis garaagarummaa kan fidu ta'uun ni mul'ata. Kunis, gaaffii waliigalteen dhiyaate yoo ta'e waliigaltichi seera qabeessa ta'uu isaa, safuu kan kabaje ta'uu isaa fi dantaa daa'immaanii fi mirga walfuutotaa bu'uura seraan kan eege ta'uu isaa qulqulleessee mirkaneessuudhaan m/murtichaa hiikkaa gaa'elichaa gaafatame raggaasuu yoo ta'u, gaaffii karaa 2ffaa dhiyaate yoo ta'e immoo dhimmicha gadifageenyaan keessa galee ilaaluun murtii hiikkaa fi bu'aa isaa irrattis murtii kennuu qaba.

Gaafichi isa karaa lammataan dhiyatu yoo ta'e garuu m/murtichaa walfuutota dubbisuufi yeroo itti yaadan kennuu irraa darbee dhimmicha jaarsolee araaraan akka ilaalamu taasisuun, gidduttis ajajoota barbaachisan kennaa hordofuu akka qabu tumameera[129]. Kanas walfuutota jaarsolii filachiisuudhaan qajeelfama barbaachisu jaarsotaaf qabsiisuun bu'aa irra gahan hordofee gabaasa fudhachuu kan qabu yoo ta'u haaluma barbaachisummaa isaatiin yeroo dabalataatis ni kennaaf. Gidduu kanattis kunuunsa ijoollee fi walitti dhufeenya walfuutotaa irrattis haala barbaachisaa ta'e qajeelchuu qaba. Kana malees walfuutonni waliigalteen godhan waan hin jirreef qabeenyi gaa'elichaatis qisaasamuu danda'a waan ta'eef bulchiinsa qabeenyaa irrattis ajajni barbaachisu kennamuutu irra jira.[130]

3.2.3. Gaa'ila Dhiisanii Deemuu fi Bu'aa Inni Hordofsiisu

Akka waliigalaatti, gaa'elli tokko hiikkaadhaan kan diigamu waliigaltee hiikkaa walfuutonni dhiyeessan mirkaneessuun/raggaasuudhaan ykn gaaffii hiikkaa dhiyaate irratti

[126] SMO kwt 104(1 fi 2)
[127] Wantii irratti waliigalan waan hinjirreef gaaffichi gaaffii murtii hiikkaa argachuuti.
[128] Gaa'elichi eega raawwatamee ji'a jahaa gadi ta'us gaaffiin hiikkaa karaa kanaan yoo dhiyaate hin dhoorkamu.
[129] SMO kwt.105-110.
[130] SMO kwt.105(4): walfuutonni qabeenya waljalaa dhoksuu miliqsuu fi jijjiiruu kkf raawwachuun qabatama hojii irratti hedduu kan mul'atu waan ta'eef hanga falmii qooda qabeenyaatti seenamuttuu gamanumaan eegumsa gochuun hedduu barbaachisa.

murtii kennuun akka ta'e yoo hubatamu, karaa lameeniinuu hiikkaanis ta'ee bu'aan isaa mana murtiitti murtii seeraa argatu akka qabu seerichi ifaan tumeera. Gama biraatiin hiikkaa gaa'elaan walqabatee qabxiin ijoon xiyyeeffannaa barbaadu, hiikkaan gaa'elaa haala birootiin mana murtiin ala raawwatamu seera duratti akkamitti ilaalamuu akka qabuudha. Sababiin isaatis, yeroo hedduu jireenya hawaasummaa keessatti walfuutonni hedduun sababii garagaraa irraa kan ka'e gaa'ela isaanii mana murtiin ala karaa jaarsa firaatiin ykn birootiin yemmuu walhiikan ni mul'atu[131]. Kanamalees, walfuutonni tokko tokko waldiddaa nuffisiisaa mana keessatti uumamu irraa ka'uudhaan inni tokko manaa fi gaa'ela gadi-dhiisee yemmuu bahu, eerga bahe boodas innis ta'ee namni gaa'ela keessa waliin turan gaa'ela biroo nama biroo waliin raawwatuudhaan maatii haaraa yemmuu hundeessanii jiraatan arguun baratameera. Kanaaf, gaa'elli mana murtiis osoo hin gahin, du'aanis ta'ee badiinsaan osoo hin diigamin calluma jedhee yemmuu onu ykn dhabamu (factual ceasation) seerri maal godha?

Gama SMOtiin, kwt.98 ifaan kan tume, waliigaltee hiikkaa raggaasuu, hiikkaa murteessuu fi, bu'aawwan hiikkaa irratti murtii kennuu ykn raggaasuu kan danda'u mana murtii qofa akka ta'e ibseera. Tumaalee seeraa ifaan kaa'aman kunniin kan hubachiisan hiikkan gaa'elaa mana murtiitti qofa kan raawwatu akka ta'eedha. Kanaaf hiikkaa mana murtiin ala raawwatamu seerichi hin beeku. Haata'uutii, qabatama hojii irratti walfuutonni jiruudhaan eega addaan bahanii waggoota heddu turan booda bifa haaraa ta'een gaa'elli jiraachuun akka mirkanaa'uuf ykn mana murtiitti akka hiikamuuf gaaffiin dhiyaachaa jiru hedduudha[132]. Egaa, "haalli gaa'ela jiruudhaan one ykn hafe (de facto divrce) kun tumaalee seeraa olitti ilaallaman duratti akkamitti simatama? Tumaaleen seeraa kun hoo akkamitti hiikamuu qabu, "gaafileen jedhan falmisiisoo waanta'aniif dhimmoota gama kanaan m/murtiin hojjatamaniin walbiratti xiinxaluun dirqama ta'a.

Akka waliigalaatti, qabxii kana ilaalchisee gama hayyoota seeraati fi gama manneen murtiinis yaadota gurguddoo lamatu bal'inaan mul'ata. Kunis, "seerri haalawwan gaa'elli ittiin diigamuu danda'u sadii (3) tumuudhan isaan keessayis hiikkaan gaafilee kaaraa

[131] Caluma jedha ganda ykn qe'uma keessatti jaarsolii jiraniin walfuutonni gargar bahuudhaan gaa'ela isaanii diiguun nijira (de facto divorse).
[132] Dhimmoota xiinxalaaf moojula kan keessatti dhiyaatan keessaa fakkeenya kan ta'an nijiru.

lamaan dhiyaataniin mana murtii angoo qabu qofaan kan ragga'u ykn murtaa'u ta'uu isaa ifaan labsee bakka jirutti, tumaaleen seeraa kuniinis ifaan kan taa'anii fi falmii kan hin qabne ta'anii osoo jiran, qajeeltowwan hiikkaatiin ala bahuudhaan hiikkaa keewwata seeraa ifa ta'e darbanii hiika biroo kennuun (no interpretation where the provision is clear) sirrii miti" yaadnijedhu gama tokkoon ni jira.

Akka yaada kanaatti, seerichi hiikkaan gaa'elaa mana murtii qofatti kan raawwatamu ta'uu isaa ifaan kaa'ee bakka jirutti hiikkaa mana murtiin ala raawwatamu akka dabalatutti ykn hammatutti seericha hiikuun adeemsa seera hordofe akka hin taane ykn bu'uura seeraa kan hin qabne akka ta'etti himama. Kanaaf, gaa'elli m/murtiin alatti hiikame qabatama hojii irratti kan mudataa jiru yoo ta'es, dirqamni manneen murtii seera ifa ta'e akkuma jirutti raawwachuu malee ala bahanii hiika ofii isaanii keewatichaaf kennuun seera baasuu ta'a, kun immoo angoo fi ergama manneen murtiitii miti jechuudhaan yaadni kun cimsee morma.

Gama kaaniin immoo yaadni jiru, keewwatni tokko kophaa isaatti ifa yoo ta'ellee, hiikkaan ifa ta'e kun kophaa isaatti yemmuu hojjitti raawwatamubu'aa faallaa kaayyoo seerichaa waliigalaa (absurd meaning) hordfsiisuu waan danda'uuf, yeroo haalli akkasii uumamu keewwatichi tumaalee biroo waliin ilaalamee akkaataa kaayyoo seerichaa galmaan ga'uu danda'uun hiikamuu akka qabu kaasee kan mormuudha. Waan ta'eefis, gaa'elli tokko mana murtiin sababa hin hiikkamneef qofa walfuutota qabatamaan adda bahanii fuudhaafi heeruma gara birootti raawwatanii ykn walirraanfatanii turan, deebisanii gaa'elli isaanii ni jira jechuun kaayyoo seera maatii akka hin taane yaadni gama kanaa cimsee dhiyeessa. Qabatama yaadota kanneen lamaanii madaaluufis mee murtiilee manneen murtii asirratti kennan tokko tokko haa ilaallu.

Dhimma Adde Shawaayyee Tasammaa fi Aadde Saara Lingaana giddutti Mana Murtii Waliigala Federalawaa Dhaddacha ijibbaataatti[133] ilaallameen iyyattuun Aadde Shawaayyee Tasammaa Manni Murtii Sadarkaa 1[ffaa] Federaalawaa D/kennituun Aadde Saara Lingaana niitii du'aa Obbo Yilmaa Waldahaannaati jechuun murtiin kenne dogongora seeraa bu'uura ta'e waan qabuuf akka diigamuuf gaafatti.

[133]Galmee Ijibbaataa Lakk.20938, (1999)

Firiin dubbi jalqaba MMF sadarkaa 1ffaatti ilaalame, iyyattuun ammaa himata jalatti dhiyeessiteen M/Murtiichaa kanaan dura D/kennituun ammaa niitii du'aa obbo Yilmaa ta'uu kan murteesse mormuudhaan yoo ta'u, M/Murtii himanni dhiyateef garuu*" iyyattuun niitii du'aa ta'uu ishee ragaan kan mirkaneesse ta'us, D/kennituunis du'aa waliin gaa'ela qabaachuun ishee kan mirkanaa'ee fi iyyattuun immoo gaa'elli D/kennituun du'aa waliin raawwatte sun diigamuu isaa ragaa agarsiisu waan hin dhiyeessineef, murtiin niitummaa d/kennituu mirkaneessee ture sababiin haqamuuf hin jiru."* jechuun cimseera.

Iyyattuun ammaatis komii ishee MM Ol'aanatti oliyyannoon dhiyeeffattus, m/murtii kun dhimmicha bu'uura s/d/f/h/h/ keew 337tiin hindhiyeessisu jedhee cufeera. Iyyanni dhaddacha ijibbaaateef kan dhiyaates murtii jalaa kana haqsiisuuf ture. Iyyata ijibbaataa kana keessattis bu'urri komii iyyattuudhaa kan jedhu, "D/kennituun gaa'ela du'aa waliin qabdu fedhii mataa isheetiin diigdee /hiiktee/ nama biroo waliin bara 1977 dura gaa'ela kan raawwattee jirtu waan ta'eef, akkasumas obboo Yilmaan kan du'e bara 1981 yoo ta'u, gaaffiin niitummaa D/kennituun kan dhiyeessite waggoota 14 booda akka ta'e mirkaneessa. Kanaaf, haala kana keessatti D/kennituun niitii du'aati jedhamuu hin qabdu.

Du'aanis, iyyattuu amma waliin fudhaafi heeruma kan raawwateef fuudhaafi heeruma biroo dura waan hin raawwanneefiidha. Ragoonni diigamuu gaa'ela D/kennituu beekanis dhiyaatanii akka hin ragne kan godhaman dhugaan akka hin baane gochuudhaaf ta'uu agarsiisa." kan jedhuudha. D/kennituun immoo deebii kenniteen, "ishee fi du'aan walfuudhuu (fuudhaafi heeruma raawwachuun) ragaan kan mirkanaa'ee fi sababiiwwan diiggaa gaae'latiif seeraan beekkaman keessaa tokko jiraachuun waan hin mirkanaa'iiif gaa'elli D/kennituun du'aa waliin raawwatte diigameera jechuun hindanda'umu. Akasumas gaa'elli iyyattuutii fi du'aadhaa gaa'ela isa duraan raawwatame kan hambisuu miti.

D/kennituun nama biraa waliin fuudhaafi heeruma raawwattee ijoollee lama irraa dhaluun isheetis gaa'ela isheen du'aa waliin qabdu hindiigu. Kana malees, murtiin niitummaa D/kennituu mirkaneesses du'aan bara 1989 du'eera waan jedhuuf komiin iyyattuudhaa bu'uura kan hin qabneedha. Waan ta'eefis murtiin mannen murtii jalaa dogongora seeraa waan hin qabneef cimuu qaba." jettee falmiteerti. Dhaddachi ijibbaataatis, dhimmicha seerota kallattummaa qaban waliin yemmuu xiinxalu, iyyattus ta'ee D/kennituun du'aa

Obboo Yilmaa Waldahaannaa waliin gaa'ela raawwachuun isaanii kan mirkanaa'e ta'uu hubateera. Kunis D/kennituun niitii ta'uu ishee kan mirkaneessuu waliigaltee raawwii gaa'elaa kan bara 1966 walfuudhuu isaanii ibsuu fi ragaalee barruu biroo yemmuu dhiyeessitu iyyattuunis du'aa waliin bara 1987 walfuudhuu isaanii ragaa birootiin mirkanaa'eera.

Gama biraatiin, mormii D/kennituun dhiyeessite bu'uura gochuun m/murtii sadarkaa jalqabaa kan qulqulleesse D/kennituun jecha m/murtiichaatti kenniteen du'aa waliin hanga bara 1985 eega jiratanbooda bara 1985 waldhabuudhaan D/kennituun gara Finfinneetti kan dhufte ta'uu ishee, sana booda du'aan (obbo Yilmaan) iyyattuu ammaa aadde Shawaayyee waliin gaa'ela raawwatee gara Aggaarootti deemuu isaanii D/kennituun dhagahuu ishii m/murtichaaf ibsiteerti. Dabaltaanis, gaa'elli du'aa waliin D/kennituun qabdu hiikkaadhaan kan hindiigamin ta'uu isaa ibsiteerti. Ibsa afaaniin kennameen, iyyattuun ammaa hiikkaa gaa'ela D/kennituu kan beekan ta'uu fi dhiisuu yemmuu gaafatamtu, du'aan D/kennituu waliin gaa'ela qabaachuu isaa wan hin beekneef waa'ee hiikkaatis hinbeeknu jetteerti.

Dhaddachii ijibbaataa xiinxala godheen, *"D/kennituun ammaa du'aawaliin duursanii kan gaa'ela raawwatan yoo ta'eeyyuu waldhabbiiisaan giddutti uumameen gaa'ela isaanii waliin ittifuufuu kan hindanda'in ta'uu fi lameenuu gama dhuunfaa dhuunfaa isaaniin jireenya mataa mataa isaanii kan jalqaban akka ta'e, dhaddachi kun hubateera. D/kennituun ammaatis, gaa'elli ishee hiikkaadhaan hin diigamne haa jedhamu malee qabatamni mana murtiif kennan/ibsan gaa'elichi diigamuu kan mirkaneessuudha. Gaa'elli kan diigamu sababiiwwan muraasa seerri kaa'een akka ta'e dhaddachi kun kan fudhatu dha.*

Gama biraatiin, diigamuu gaa'elaatiif wantootni sababii ta'an jiraachuufi dhiisuun kan mirkanaa'u akkamitti kan jedhu gaaffii fi qabxii haala walfuutota lameen irraayis dabalee hubachuun kan danda'amuudha. Sababa gaa'elli ittiin diigamu, diigamuu isaa mirkaneessuu irraa adda baasuun ni barbaachisa. Dhimma ammaa kanarrattis, mormiin D/kennituudhaa hiikkaa gaa'elichaa iyyattuun hin mirkaneesine kanjedhuudha. Haata'u malee, walqunnamtiin D/kennituufi du'aadhaa ragaan biroo kamiiyyuu kan mirkaneessuu

olitti walqunnamtiin fuudhaafi heerumaa isaan gidduu ture diigamuu, lameenuu jireenya biroo jelqabuudhaan du'aanis iyyattu ammaa waliin walfuudhuu, fi gaa'ela kanas D/kennituun ammaa kan beektu ta'uu hubachiisa.

Kana ta'uun haala mirkanaa'e irratti D/kennituu ammaa gaa'ela duraan raawwatte bu'uura godhachuu qofaan niiitiidha jedhanii murteessuun hiikka seeraa sirrii miti." jechuudhaan Dhaddachi ijibbaataa Federaalawaa murtii M/Murtii jalaa diigee D/kennituun ammaa niitii du'aa Yilmaa Waldahaannaatii miti jechuun murteesseera.

Gaafilee Marii

1. Bu'uura seera maatiitiin, gaa'elli mana murtiin ala hiikkaan diigamu tokko akka mitti ilaalama?
2. Dhimma olitti ilaalame ilaalchisee M/M Sadarkaa jalqabaa fi M/M Ol'aanaan Federaalawaa niitummaa D/kennituudhaa mirkaneessuun kan murteessan bu'uura seera kamiin? Sababiin isaanii hoo maal ta'a jettu? Murticha hoo akkamitti ilaaltu?
3. Muxannoo hojii qabdan keessatti dhimmi akkasii kun hangam isin mudatee beeKa, akkamitti ilaaltanis? Muxannoo gama kanaan qabdan waljijjiiruun mari'adhaa.
4. Seerri maatii hiikkaa gaa'elaa kan mirkaneessu, ykn murteessuu mana murtii angoo qabu qofaadha jechuun ifaan tumeera. MMWF Dhaddachi ijibbaataa garuu, murtii olitti dhiyaaten *"... haalli qabatama D/kennituuf du'aa giddu ture gaa'elichi diigamuu mirkaneessa..."* jechuun niitummaa D/kennituu haqee jira (murtii m/murtii jalaa diigeera). Murtii kana tumaa seerichaa waliin akkamitti ilaaltu? Murtichi hoo hojii mannee murtii biyyatti irratti bu'aa akkamii hordofsiisa jettu?

Haaluma walfakkaatuun, dhimma biroo ol'iyyannooodhaan MM Ol'aanaa[134] Godina Baaleetti ilaalame tokkorrattis, oliyyattuun aadde Irkoo Unkuraa D/kennaa obboo Tufaa Wareeroo waliin bara 1970tti gaa'ela raawwatanii osoo waliin jiraatan waldiddaa booda uumameen bara 1987 addaan bahuudhaan isaan lameenuu nama biroo waliin gaa'ela raawwatanii jiruu mataa mataa isaanii kan eegalan yoo ta'u, bara 2000 keessa ol'iyyattuun

[134] ,Galmee Ol'iyyannoo Lakk. (2001)

ammaa gaa'elli ishee mirkanaa'ee akka hiikamuufi qabeenyis akka qoodamuuf himata Mana Murtii Aanaatti dhiyeessite.

Haata'u malee Manni Murtichaa gaa'elli jiraachuu isaa kan mirkaneesses ta'u *"oliyyatuun gaa'ela ishii irraa eega adda baatee waggoota 20 ol turte, booda gaaffiin hikkaa fi qooda qabeenyaa dhiyeessite bu'aa seeraa waan hin qabneef fudhatama hin qabu."* Jedhee murteesseera. Murtii kaa komachuun oliyyattuun MMOtti yemmuu oliyyattu, m/murtii jalaa gaa'elli jiraachuu eega mirkaneesse booda darba yeroo seera maatii keessatti hin tumamin ofii isaatii uumuudhaan gaaffii ishee kufaa gochuun isaa dogongora seeraa kan qabu ta'uu bu'uura komii ishee godhuun ibsiteerti. Ta'us, MMOnis bitaa fi mirga eega caqase booda murtii m/murtii jalaa fooyyessuun kan murteesseen *"... m/murtii jalaa himata oliyyattuu kufaa gochuun isa sirrii yoo ta'ellee, gaa'elichi jiraachuu mirkaneessuun hiikkaan bu'aa seeraa qabu hin jiru jedhee sababiin kaa'e dogongora kan qabuudha. Gaa'elichi gocha walfuutotaan waan diigameef ni jira jedhamuun irra hin turre."* jechuun xiinxaleera.

MMF Sadarkaa jalqabaatti dhimmoota walfakkaatan kan biroo yemmuu ilaalamanis, walfuutonni gaa'elaan osoo waliin jiraatan sababa adda addaan gargar bahanii waggoota hedduu eega turan booda gaaffii hiikkaa gaa'elaa kan dhiyeessan irratti, manneen murtii kunniin tokko tokkoo *"walfuutonni addaan bahuudhaan hangamuu yoo turanis hiikkaan kan kennamu mana murtii qofaan waan ta'eef, gaae'lli hin diigamu."* jechuun yoo murteessan, isaan tokko tokkoo immoo *"... gaa'elli kan hiikkamu m/murtii qofaan yoo ta'ellee, mana murtiin alatti qabatamaan addaan bahiinsa walfuutota giddu waggoota hedduuf uumamuun haalli itti diigamu nijiraata. Kanas seerri kan dhoorku osoo hin taane kan haguuguudha. Kanaaf, haala kana keessatti gaa'elli ni jira jechun kaayyoo seeraa kan qabu hin fakkaatu."* jechuun murteessaniiru. Garaagarummaan kun mannen murtii ol'aanaa keessattis kan jiru ta'uu galmeewwaan hojjataman ni mul'isu.

Egaa, garaagarummaa kana irratti kallattii hiikkaa tumaa seera maatiif MMWF Dhadhacha ijibbaataan kenname furmaata akka ta'u ni hubatama. Kunis, hiikni seerichaaf manni murticha kenne kun hiikkaa gaa'elaa mana murtiin ala yeroo dheeraaf addaan bahuu

walfuutotaan raawwatamuuf beekumti kan kenne yoo ta'u, manneen murtii birootis hiikkaa seeraa kana hordofaa turuun isaanii ni beekama.

Ejjannoowwan lamaan olitti kaasne keessaa MMWF Dh/Ij ejjannoo 2ffaatiin hiikoo dirqisiisaa kan kennaa ture ta'u illee yeroo ammaa hiikoon dirqisiisaa kun gaaffii hiikoo Heeraa kaasisuun haalli itti jijjiirame jiraachuu isaa hubachuun barbaachisaa dha. Hiikkoon dirqisiisaa ammaan dura MMWF Dh.Ij kennamee fi kan manneen murtii kaan haala wal fakkaatuun hiikkoo hordofaa turan fudhatamummaa heeraa akka hin qabaanne kan ittiin murtaa'e akka jirutti akka rmaan gadiitti haa ilaallu.

Manni Maree Federeshiinii hiikoo kenneen,[135] dhimma Falmii Ad. Qalamuwaa Tafarraa fi Waamamaa Ob. Fissahaa Damissee gidduutti hanga MMWF Dh/Ij tti murtii argaterraa hiikkoo heeraa irratti gaafatameen, lakk gal 50/10 Bara hojii Paarlaamaa 5ffaa wal gahii Idilee isaa 1ffaa irratti hiikoo kenneen, dhimmichi kan jalqabe Iyyattuun waamamaa waliin bara 1965 gaa'ila raawwachuun ijoollee waliin horachuu qabeenya socho'aa fi hin sochoones waliin horachuu isaanii ibsaniiru. Haata'u malee abbaan manaa isaanii waamamaan gaa'illi isaanii seeraan osoo hin hiikamne haadha manaa biraa waan fuudheef gaa'illi isaanii akka diigamuuf MMSD Federaalaatti iyyachuudhaan dhimma jalqabeeru dha. Waamamaan gama isaatiin, Iyyattuu fi isaan gidduutti gaa'illi isaanii bara 1984 qabatamaan guutummaan kan addaan citee gar gar kan jiraachaa jiran ta'uu, gaa'illi isaanii qabatamaan kan hafee jiru waan ta'eef gaa'illi akka diigamuuf murtiin kennamu hin jiraatu jechuun falmeera.

Manni Murtiis, falmii bitaa mirgaa erga ilaaleen booddee, Iyyattuu fi waamamaan bara 1965 gaa'ila kan hundeessan yoo ta'u, waamamamaan bara 1984 sababa hojiitiin gara Finfinnee kan deeman yoo ta'u haadha manaa biraa kan fuudhanii fi haadha manaa fuudhanirraayis ilmoo tokko kan qabaniifi umuriin ishee waggaa 20 kan gahe ta'uu, ijoollee haadha manaa jalqabaa ykn iyyattuu ammaarraa argataniifis qallaba kan kennaa turan ta'uu fi iyyattuu waliin walitti dhufeenyi ykn hariiroon isaanii abbaa manummaa fi haadha manummaa kan hafe ta'uu, iyyattuun abbaan manaa isaanii haadha manaa biraa

[135]Mana Maree Federeeshinii, **(2012)** lakk gal 50/10 Bara hojii Paarlaamaa 5ffaa wal gahii Idilee isaa 1ffaa irratti Dhimma Falmii Ad. Qalamuwaa Tafarraa fi Waamamaa Ob. Fissahaa Damissee gidduutti hiikkoo kenneeru ilaallata.

akka fuudhee jirus kan beekan ta'uu kaasuun dhimma ammaan dura hiikkoo dirqisiisaa MMWF Dh/Ij. kenne caqasuun gaa'illi Iyyattuu fi waamamaa gidduu ture haalootaan kan diigamee jiru ta'uu isaa murteesseera.

MM ol'aanaa Federaalaa dhimmicha ol'iyyannoon ilaalee komiin Ol'iyyannoo hin dhiyeessisu yoo jedhu; MMWF Dh/Ij illee haala wal fakkaatuun komii ol'iyyataa dogogorri bu'uura seeraa raawwatame hin jiru jechuun iyyata kufaa gochuun murteesseera.

Iyyattuun ammaas murtii Manneen Murtii sadarkaadhaan gaa'illi bara 1984 kaasee addaan bahanii waan jiraniif haalootaan ykn qabatamaan diigamee jira jechuun hiikkoon kennan Heera Mootummaa Waliin kan walitti bu'u ta'uu kaasuun hiikkoon Heeraa akka irratti kennamuuf gaafataniiru.

Manni Marichaas yoo xiinxalu, qaamni seera baasu Seera maatii Federaalaa kwt 75'n gaa'illi karaa sadiin akka diigamu, keessattuu kwt 82 jalatti gaa'ila hiikkaan murteessuu fi bu'aa hiikkaan hordofsiisu murteessuun aangoo Mana Murtii qofa akka ta'e seerichaan tumamuun isaa kaayyoo mataa isaa akka qabu kana keessaa inni tokkoo fi inni bu'uuraa gaa'illi yeroo hiikkaan diigamu qooddii qabeenyaa wal fuutootaa fi waa'ee guddina ijoollee ilaalchisee manni murtii murtii kennuu akka qabu kaasuun ni danda'ama. Kun qaama seera baasuun akka sababaaatti kan fudhatameef, bu'uura Heera Mootummaa kwt 34'n mirga dubartootaa fi daa'immanii Heeraan egumsi taasifameef tiksuuf ykn mirkaneessuuf shoora ol'aanaa qabaachu isaati.

Seerichaan karaan gaa'illi itti diigamu sababa sadiin ta'uu seera baastuudhaan taa'ee jiru Manni Murtichaa ulaagaa seericha irra hin jirreen gaa'illi akka diigamee jirutti murteessuun dogoggora ta'uu isaa ibsuun murtii Manneen Murtii sadarkaan jiraniin kenname Heera Mootummaa kwt 50(5), 55 fi 79(3) waliin kan wal faallessu waan ta'eef bu'uura HM kwt 9(1) tiin fudhatamummaa hin qabaatu jechuun sagalee guutuudhaan Manni Marichaa murtii dabarsee jira.

Akka waliigalaatti hiikoo Manni Maree Federeeshinii kenne kanarraa waanti hubatamu, MMWF Dh/Ij hiikoon dirqisiisaa kallattii kanaan kenneeru qaama seera baasuun akka ulaagaatti hin teeny tokko seericharratti dabaluun faallaa qoodama aangoo Heeraan isaaniif

kennameen ala akka ta’etti fudhachuun murticha diige waan ta’eef kallattiin fuulduraa illee kanuma hiikoo Mana Maree Federeeshiniin kenname hordofuun dirqama kan ta’u dha.

Qabatamaan hawaasni mana murtiin ala addaan bahuun jireenya dhuunfaa ofii jiraachaa turanii qabatamaan waantoota gaa’illi isaan gidduu jiraachuuf barbaachisoo ta’an hafuu isaa agarsiisan irraa ka’uun yeroo barbaadanitti jireenya tasgabbaa’aa isa kaanii hin jeeqiidhaan fakkaata ejjannoon MMWF dh/Ij. Haata’u malee, hiikoo Mana Maree Federeeshiiniin kennames hanga ta’e wal fuutoota adda adda deeman waan akeekkachiisu qaba. Wal fuutoota keessaa inni kaan yeroo barbaadetti jireenya tasgabbaa’ee jiru fuulduratti najalaa jeequu danda’a ykn dandeetti jechuun gareen yaadu tokko rakkoo akkasiirraa ooluuf cal jedhanii taa’uu akka hin qabaanne Mana Murtiitti dhimmicha akka fidanii dhimmichi xumura argatu kan hubachiisu dha.

Gaaffii Marii

1. Murtii MMWF Dh.Ij. lakk galmee 43988 ta’erratti kenneen, gaa’illi osoo hin diigamiin wal fuutoota keessaa namni gaa’ila dhiisee deeme, yeroo gaa’ila isaa dhiisee deemetti qabeenyaa horatame qabeenyaa gaa’ila keessatti horatame waan ta’eef naaf haa qoodamu jedhamee yeroo gaafatamutti, tilmaama seeraa qabeenyaan gaa’ila keessatti horatame qabeenyaa waliinii ta’a jedhamee tilmaamni seeraa fudhatamu irraa fayyadamaa ta’uu hin danda’u, tilmaamni seeraa kun kan inni maddu wal fuutoonni gama gama isaaniitiin gumaachi isaan taasisan ni jira yaadama jedhurraa ka’eetu, qabeenyaan sun akka horatamuuf gumaachi wal fuutootaa jiraachuu qaba kun immoo mirga abbaa qabeenyummaa jechuun maal akka ta’e Heera Mootummaatiin kwt 40(1) ibsuun hiikkoo kenname fudhatee murtii dirqisiisaa jildii 11ffaa irratti maxxanfame ykn kenname murtii Manni Maree Federeeshinii dabarse faana haala kamiin walitti araarsuun raawwatinsa akka qabaatu taasisuun danda’ama? Ykn hiikkoon manni mare Federeeshinii kenne **dhiibbaan inni qabeenya waliinirratti** qabu maal akka fakkaatu kaasuun mari’adhaa!
2. Bu’uura SMO kwt 78(1) tiin abbaan warraa fi haati warraa carraaqa dhuunfaan godhaniin galiin ykn bu’aan argamu kan waliiniiti tumaa seeraa jedhu faana gaaffii

1ffaa waliin wal bira qabnee yoo ilaaluun murtiiwwan qaama lamaan ibsamaniin kennaman wal faana haala kamiin hojiirra oolchuu dandeenya?

3. Abbaan warraa fi haati warraa hiikkaan raawwatee hanga qooddiin qabeenyaa**raawwatamutti** qabeenyaan gaa'ila keessatti horatames ta'e galiin qabeenya kana irraa argamu kan waliinii akka ta'u Murtii MMWF Dh.Ij SMF kwt 89 ibsuun lakk galmee 153258 ta'e irratti kenne (jildii 23ffaa), namni gaa'ila dhiisee deeme tilmaama seeraa qabeenyaa waliinii irraa fayyadamaa ta'uu hin dandeessu/hin danda'u jedhamee gaaffii 1ffaa keessatti ibsame waliin akkamiin ilaalamuu qaba jettu?

Muuxannoon biyyootaa gama kanaan jirus yoo ilaalame, hiikoo Mana Maree Federeeshiniin darbeen haala wal simuun biyyoonni hiikoo kennan jiru. Kunis gaa'illi hangamuu qabatamaan addaan bahanii haaturanu gaa'illi hiikkaan akka diigamuuf Mana Murtiitti kan dhiyaatu ta'uu isaa hubachiisan jiru. Fkn'f biyya Hindiitti, dhimmoota Manneen Murtii biyyattiitti murtiiwwan muraasa isaan kennan ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef gabaasuun akka armaan gadiitti dhiyaate haa ilaallu.

In Satish Sitole v. Ganga,241 out of 16 years of marriage, the parties lived separately for 14 years. It was held that the marriage between the parties is dead for all practical purposes and there was no chance of it being retrieved.[136]

In Naresh Kumar Gupta v. Jyoti, where the parties had been living separately for 12 years, the court held that there was no possibility of reconciliation. A decree of divorce on the ground of irretrievable breakdown of marriage was awarded and the husband was ordered to pay Rs 1.5 lakh to the wife as permanent alimony.

In Susmita Acharya v. Dr Rabindra Mishra, where the couple had been residing separately for nine years, the court granted divorce on the ground of irretrievable (irreparable)

[136]Flavia Agnes (2011) Marriage, divorce and matrimonial litigation, Family Law Vol. 2, p.65 Oxford University Press, ISBN-13: 978-0-19-807220-1, ISBN-10: 0-19-807220-1 ; II (2008) DMC 167 SC

breakdown of marriage. But the wife was awarded Rs 5,00,000 towards her maintenance and the educational and marriage expenses of their daughter.[137]

In Sadana Kolvankar v. Sachidanand Kolvankar, the Bombay High Court dissolved the marriage as there was no possibility of reconciliation. But the husband was ordered to pay the wife Rs 1,500 per month as maintenance in addition to Rs 1.5 lakh as permanent alimony to ensure her fi nancial security.[138]

Muuxannoo biyya Hindii olitti dhiyaatan irraa kan hubatamu gaa'illi dhaabbata hawaasichi beekumtii kenneef ta'ee hundee ykn bu'uura hawaasaati waan ta'eef eegumsi taasifamuufii qaba yaada jedhurraa hiikkaadhaan yeroo gaa'illi diigamu wal fuutoonni addaan bahanii hangamuu haaturani gaa'illi yeroo hiikkaan diigamutti manni murtii mirkaneessuu akka qabu bu'aa hiikkaan hordofsiisu illee murteessuu kan qabu mana murtii ta'uu hubachiisa. Kana yoo ilaallu hiikoon Manni Maree Federeeshinii kenne kaayyoodhuma olitti ibsame kana milkeessuun akka danda'amutti hiikoo kenne waan ta'eef dhama qabeessa fakkata. Gama biraatiin gareen booda dhiibbaan narraan gahuu danda'a cal jedhee taa'uun koo jedhu dhimmicha Mana Murtii geessuun gaaffiin hiikkaa gaa'ilaa yeroon furmaata akka argatu taasisuu akka qaban kan akeekkachiisu fakkaata.

[137]Miil jalee olii
[138]Miil jalee olii

MADDA

SEERA

- Heera Mootummaa Riipaablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1987
- Konveenshinii Mirga Daa'immanii akka lakkoofsa Awrooppaatti bara 1990 hojiirra oole biyyattiin bara 1984 mirkaneessite.
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994
- Seera Yakkaa Ripaabliika Federaala Dimookraatawaa Itoophiyaa lakk 414/1996, bara 1997 hojiirra oole
- Seera Harooroo Hawaasaa bara 1952 bahe
- Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa bara 1958 bahe
- Seera Maatii Federaalaa fooyya'e lakkoofsa 213/1992
- Seera Maatii Naannoo Oromiyaa fooyyessuuf bahe 83/96
- Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa 130/1999
- Danbii Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa lakk 151/2005
- Labsii Mana Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe lakk 1234/2013
- Seera Daldalaa Federaala Dimookraatawaa Ripaabliika Itoophiyaa fooyya'e lakk. 1243/2013
- Labsii sooroma hojjattoota mootummaa lakkoofsa 345/1995

BARRUULEE

- Hatetaa Seera Maatii Ripaabiliika Dimookraatawaa Federaala Itoophiyaa
- Flavia Agnes (2011) Marriage, divorce and matrimonial litigation, Family Law Vol. 2, p.65 Oxford University Press, ISBN-13: 978-0-19-807220-1, ISBN-10: 0-19-807220-1 ; II (2008) DMC 167 SC
- John Witte Jr. and Don S. Browning, Christian Marriage and Modern Marriage Law (Cambridge: Cambridge University Press);
- Joel A. Nichols (ed. 2012) Marriage and Divorce in a Multicultural Context Multi-Tiered Marriage and the Boundaries of Civil Law and Religion, Cambridge university press,

- Mehaarii Redaa'I (1995) Seera Maatii Federaalaa Fooyya'e irratti barreeffama dhiyaate,jildii 1ffaa fi 2ffaa
- Robert Kroney, Classification of Marital Property in Texas, Planning with the failed marriage in mind, where is my property, Dallas Estate Planning Council (2006)
- Women Living Under Muslim Laws, Knowing our rights, women, family, laws and customs in the Muslim world (2006)
- Ray Liaw, Women's Land Rights In Rural China, Transforming the existing laws (2008)
- Nancy Bara La, Family Law Reforms In Kenya (2009) Kenya Law Reform Commission
- Jerry A.Kasneretal, An Overview of Community Property Law (1999)
- Kenneth W. Kingma, Property Division at Divorce (2009)
- Lucy-Ann Buckley, Matrimonial Property and Irish Law, a case for Community? (2009)
- Ronald B. Standler, Prenuptial and Postnaptional Contarct Law in USA (2009)
- Nathasha Bhkt, Arbitration Using Shari'a Law, Muslims Journal Of Human Rights (2004)
- Washington Courts; family Law Handbook, Understanding the legal Implications of Marriage and Divorce in Washington State(2009)
- Ruth Pilkinton, The Law Hand Book, Your Practical Guide to the Law in New South Wales, 11th (ed. 2009)
- The Texas Young lawyers' Association, Pro Se Divorce Hand Book, Representing Yourself in Court (2010)